مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني - إثيوبيا

# أبعادٌ غائبةٌ عن فكرٍ وممارساتِ الحركاتِ الإسلاميةِ المعاصرةِ

د. طه جابر العلواني

# Yaaddan Xiinxalaa fi Shaakalliiwwan Warraaqsota Islaamota Ammayyaa Jalaa Dhokatan

**Qopheessaan:**
Dr. Xaahaa Jaabir Al-Alwaanii

**Hiikaan:**
Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2018

# أبعاد غائبة
## عن فكر وممارسات الحركات الإسلامية المعاصرة
## د. طه جابر العلواني

# Yaaddan Xiinxalaa fi Shaakalliiwwan Warraaqsota Islaamota Ammayyaa Jalaa Dhokatan

Qopheessaan:
Dr. Xaahaa Jaabir al-Alwaanii

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C**

**DF-E-TrBs-18/36**

**Maqaa Rabbii Guddaa Tola Oolaa fi Gara Laafaa Ta'eetiin (Jalqabna)**

Faaruun Kan Rabbii waan hunda uumeeti. Tollinni fi nageenyi Rabbii ergamaa xumura nabiyyootaa fi ergamtootaa ta'e Muhammadiin irratti haa jiraatu.

Yaa Rabbi Beekkumsa Naa Dabali Jedhi

**Mirgoonni Maxxansuu fi Raabsuu Hundinuu**
**Mana hiikaa kitaabaa fi Maxxansaa Daar Al-Fikriif kan Eegameedha.**

# ***Galata***

*Qorattoota dhama'iinsa dukkanaa keessa taa'anii ifnana dhiyaate qorataniif…*

*Barsiisota dargaggoota Muslimaa kanneen burjaaja'iinsa ummata kanaatiif furmaata rakkina kana keessaa ittiin bayamu qorataniif…*

*Beektotaa fi barsiistota kuma hedduun laakkayaman kanneen kitaabota hedduu qopheessaniif…*

*Qorattoota qaawwa rakkina ummata kanaa cufuuf ummata kana tajaajilaniif…*

*Namoota sammuu banaa fi ija dhugaa argitu qabaniif…*

*Mul'ataa fi qorannoo kana dhiyeessina.*

**Yaaddan Xiinxalaa**
**Fi**

**Shaakalliiwwan Warraaqsota**
**Islaama Ammayyaa Jalaa Dhokatan**

**Maxxansa Tokkoffaa**
**2019 A.L.A – 1440 H**

Kitaabbanii fi Qorannooleen Dhaabbanni Kun Maxxansu
Hunduu Yaaddanii fi Ilaalcha Nama Isa Qopheessee Ibsu

## Baafata

**Mata Duree** **Fula**

**Dursa: Barreessaan Dr. Abdullaah Azzaayid .................... 7**
**Seensa ....................................................................... 12**
**Dhimmoota Nama Jalaa Dhokatan ................................ 13**
**Ragaa fi Ragoota .......................................................... 14**
**Dhimmoota Nama Jalaa Dhokatanii fi Akkaataa Isii Irra Itti Gayan ........................................................................ 16**
**Dirqama Hubannaa Walii Galaa Qabaachuu ................... 18**
**Burjaaja'iinsi Idil Addunyaa Furmaata Addunyaa Guutuu Gaafata ..................................................................... 19**
**Ka'umsa Xiinxala Wal-Dorgomsiisaa fi Walitti Dhiyeessaa................................................................ 20**
**Barbaachisummaa Adeemsa......................................... 22**
**Paartiiwwan Islaamaa Gara Aangootti Dhufuun Furmaata Moo Adeemsa?........................................................ 24**
**Wantoota Jalqabni Ummata Kanaa Ittiin Sirraaye .......... 26**
**Dogongoraan waa wal Irratti Madaaluu .......................... 29**
**Sababoota Duubatti Deebi'iinsa Ummataa ...................... 29**
**Warroota Duniyaa Jaalatanii fi Haaroomsa ..................... 29**
**Wahyii fi Taateewwan Battalaatiif Ilaalcha Dimshaashawaa fi kan Walii Galaa Qabaachuu......................................... 35**
**Dhugaa Haaraya ......................................................... 36**
**Hubannaa Adeemsaa fi Dubbisa Lamaan Walitti Makuu. 38**

**Akkaataa Bocamiinsa Saayinsiiwwanii Irra Deebi'anii Bocuu.......... 44**
**Rakkinoota Dalagaa Islaamummaa Ammayyaa .............. 48**
**Carraaqqii Gamtaa fi Hojii Gamtaa .............................. 49**
**Addummaa (Kophummaa) fi Hubaatii Isaa .................... 52**
**Barbaachisummaa Addunyaaf Filannoo Biraa Barbaaduu57**
**Kophummaan Akkamitti Ummama? .............................. 58**
**Cuunfaa ........................................................................ 62**
**KUTAA LAMMAFFAA.................................................. 66**
**1 - Dimshaashummaa .................................................. 67**
**2 - Kan Walii Galaati.................................................... 68**
**3 - Kan Ergaa Ykn Galma Gayuuf Kaayyeffate Qabu ...... 69**
**4 - Kan Addunyaa Hundaaf Ta'u.................................... 71**
**Akka Sadarkaa Islaamummaatti Gufuuwwan Idil Addunyaawummaa Isaa Mudatan ................................... 76**
**Mallattoolee Qaroomina Warra Dhihaa Ammaa fi Dugda-Duubbee Isaa ........................................................... 82**
**Sona Guutumatti Islaamummaa Keessa Seenuu Jedhu..... 89**
**Idila Addunyaawummaa Keennaa fi Kan Isaanii ...........112**

## Maqaa Rabbii guddaa tola oolaa fi mararfataatiin jalqaba

**<u>Dursa: Barreessaan Dr. Abdullaah Azzaayid</u>**

*Yunivarsitii Imaam Muhammad Bin Sa’uud Al-Islaamiyyaa*

﴿ وَذَكِّرْ فَإِنَّ ٱلذِّكْرَىٰ تَنفَعُ ٱلْمُؤْمِنِينَ ﴿٥٥﴾ ﴾ الذاريات: ٥٥

***Yaadachiisi yaadachiisuun mu’umintoota ni fayyada***

Galanni kan Rabbii waan hunda uumeeti, isa irraa araarama barbaanna, isatti gargaarsifanna, qajeelluma isa irra barbaanna. Dhara lubbuu keennaatii fi badii dalagaalee keennaa irraa Rabbitti maganfanna. Ergamaa Rabbii Muhammadiin *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaanii fi maatii isaanii fi nama isaan dhugoomse irratti haa jiraatu).* Kanatti aansee:

Hundeen kitaaba kanaa, waraqaa gabaabduu leenjii mata duree *‘dhimmoota haaraya xiinxala Islaamummaa keessatti argaman’* jedhuun bara 1992tti biyya *Kuweetitti* qophaayeedha. Waraqaan dhiyaate kunis siimpooziyemii qophaaye keessatti fi isaan alattis marii guddatu irratti taasifame, hirmaattota heddutu yaada irratti kenne.

Kana booda qopheessaan waraqichaa – Rabbi isa haa tiiysuu – waraqicha fooyyessee, ittis dabalee, waan sirraayuu qabu sirreessee ture. Garuu bifa sirraaye saniin maxxanfamee osoo hin raabsamin hafe malee.  Garuu cuunfaan xiinxala waraqaa sanii afaan Ingiliffaatiin qophaayee maxxanfamee hayyoota biyya alaa hedduu hawwatee jira.

Yeroo qopheessaan kitaaba kanaa akka lakkoofsa Awurooppaatti bara 1994tti, waqtii Bonaa keessa biyya

*Maaliziyaa* daaw’ate; itti aanaan muummee Ministeera biyyattii *Ustaaz Anwar Ibraahiim* akka inni leenjii barnootaa ummataaf kennu affeereenii turan. Qopheessaan kunis dhimma waa’ee warraaqsi Islaamotaa sagantaalee isaanii keessatti irra deebi’anii hubachuu qabu jedhee yaadu irratti galma jiddu-gala aadaa biyya Maaliziyaa (I.K.I.M) jedhamutti leenjii kenee jira.

Yeroon leenjiin kun itti kenname, seenaa biyyattii keessatti yeroo baay’ee rakkisaa ture. Yeroo sanitti dhaabbanni *Daaru Al-Arqam* jedhamu kan biyyoota *kibba Aasiyaa* keessa gar-malee babal’atee jiru, hoogganaa fi dura bu’aa isaanii kan bakka bu’aa Mahdii ni dhufa jedhamee eeggamuu ykn itti aanaa isaa kan isa simatee alaabaa isaaf kennuu hedu jedhanii yaadan hoogganaa dhaabbata sanii deeggaruuf sagaleen yaamichaa gar-malee yeroo itti ol ka’eedha.

Leenjii kana irratti barsiisonni Yunivarsitii, beektonni fi hooggantoonni biyya *Maaliiziyaa* hedduun argamanii jiru. Dura bu’ummaan itti aanaan muummicha Ministeera biyyattii fi ministeera mallaqaa kan ta’an leenjii kana irratti argamuun kora leenjii kana ofuma isaaniitiin hooggananii dhiyeessaa sagantichaa ta’uun qopheessaa sagantichaa ummataaf dhiyeessanii wal-tajjicha hooggananii dhuma leejii irrattis yaada cuunfaa kennanii turan.

Leenjiin kunis kutaalee saditti addaan qoqqoodamee dhiyeeffame. Isaanis: yaaddan ijoo nama jalaa dhokatan jedhamee yaadaman bifa dimshaashaatiin dhiyeessuu. Kutaa lammataa keessatti immoo yaaddan dhokatan san bifa gabaabaa cuunfanii ibsuu yoo ta’u, qopheessaan kun – Rabbi galata isaa haa

deebi’uufii- kutaan sadaffaa fi dhumaa keessatti addummaa amantii Islaamaa dhiyeessuuf yaalee ture.

Leenjii kana irratti namoota dhimma Islaamummaa irra hojjatan akka isaan haasayaa fi sagantaa isaanii irra deebi’anii ilaalaniif gorsa kennaniifi jiru. Leenjiin kunis dhimmoota ciccimoo hedduu gosa adda addaa hedduu of keessatti qabatee jira. Dhimmoonni leenjii kana irratti kaafaman hunduu kophaa kophaa isaaniitti akka mata-duree tokkootti of danda’anii lenjiif, mariif ykn koraaf kan dhiyaachuu danda’uudha.

Kitaabichi amma dubbisuuf deemnu kunis, namoota gara amantii Islaamaatti yaamanii fi kanneen isatti yaaddayaniif bu’aa guddaa akka qabuuf shakkiin hin jiru. Namoonni gariin qopheessaa kitaaba kanaa waliin walii galuu ykn wal-dhabuu danda’u. Garuu akkas ta’uun isaanii immoo barbaachisummaa ykn ergaalee leenjii kana irratti bifa gadi bu’iinsa qabuun qopheessaan kitaaba kana qopheesse san kan hir’isuu miti. Innis leenjii kana irratti muxannoolee qabuu fi miidhama baroota dheeraaf dirreelee hojii Islaamummaa gara garaa irratti isa mudatanitti gargaarsifachuun waan dhiyeesseefi.

Kanaafuu afuurri qopheessaan kun kitaabicha kana garaa qulqulluun onnee irraa akka qopheessuuf isa kakaase kun, namoonni isa dubbisanis bifa barbaadameen ergaa kana akka qayyabatanii fi dhimma inni kaase kanas akka ofitti fudhataniif abdiin jiru baay’ee guddaadha. Nama rakkina ykn hanqina ani qabu natti hime Rabbiin rahmata isaaf haa godhu. Obboleessa keenna Doktar Xaahaa Jaabir al-Alwaanii Rabbiin waan gaarii hundaan mindaa isaa haa kaffalu, ergaa isaa kanaanis isa haa fayyadu. Rabbiin kan waan gaarii nama qunnamuudha.

Qopheessaan kitaabicha kanaa Rabbiin dalagaalee gaarii isa haa qunnamuu, dirreelee kitaabota qopheessuu fi maxxansiisuu keessatti waa heddu dalagee jira. San keessaa:

1- *Kitaaba "Tahqiiq Kitaab al-Mahsuul fi Usuul al-Fiqhi;*

2- *Adabu al-Iktilaaf;*

3- *Al-Ijtihaadu wa Attaqliid;*

4- *Al-Imaamu Ibnu Teeymiyya wa Islaamiyyatu al-Ma'arifah;*

5- *Usuul Al-Fiqhi al-Islaamii- manhaj bahsi wa ma'arifah;*

6- *Islaahu al-fikri al-Islaamii beeyna al-Quduraati wa al-Aqabaat.*

Kan armaan olii kanaa fi qorannoolee fi qu'annoo hedduus gaggeessee jira.

Qopheessa isaa kanas leenjiilee isaa babbareeda gara qorannoolee saayiinsii bu'a-qabeessaatti jijjiiraman kanas dubbistoota afaan Arabaatiif dhiyeessuun kiyya baay'ee na gammachiisa. Qopheessaa kitaaba kanaa waliin faakaaltii *Shari'aatti*, muummee *usuul al-fiqhi* jedhamutti waggoota hedduuf hiriyyummaa bareeda qaba ture. Turtii san keessatti futuna inni amantiif qabu fi aqiidaan isaa qulqulluu ta'uu irraa arge. Qorannoolee fi kitaabota inni qopheessee fi kan of duratti qopheessuufis Rabbiin mindaa isaa haa kaffaluuf.

Dhumni yaamicha keennaa 'galanni kan Rabbii waan hunda uumeeti, nagayaa fi rahmanni Rabbii ergamaa keenna Muhammadiin, maatii fi waahillan (sahaabota) isaanii irratti haa jiraatu'.

**Riyaad,bara 28/8/1415H**
**29/01/1995**
**A. L. Atti**
**Kan Barreesse:**

**Dr: Abdullaah Al-Ziyaad**
**Barsiisaa Yunivarsitii**
**Islaamaa kan Imaam**
**Muhammad bin Su’uud**

## Seensa

Galanni kan Rabbii waan hunda uumeeti, nagayaa fi rahmanni Rabbii ergamaa isaa kan dhumaa irratti haa jiraatu, akkasumas isaanii fi maatii isaanii, waahillan isaanii fi namoota karaa sirrii irra deemuun isaan hordofan hunda irratti hanga guyyaa dhumaatti haa jiraatu.

Kanatti aansuun… akka gaafa Rabbiin Aadamiin uumee, maqaa waan hundaa isa barsiisee, dachii tana isa dhaalchisee irraa eegalee, seenaan ilma namaa gara galma ykn kaayyolee Rabbiin bocee lafa kaayee irra deemaa jira. Ilmi namaa kun qooda lama qaba: qoonni tokko barsiisa nabiyyootaa fi ergaalee ergamtootaa ka'umsa godhachuun ga'ee isaa kan bayatu yoo tahu; qoonni inni lammataa immoo olola bu'uura hin qabne, yaada dhuunfaa isaa, fedhii lubbuu isaa ykn ilaalchaa fi mul'ata abbootaa fi akaakayyoota isaa ka'umsa kan godhatuudha.

Qoonni inni duraa sun seenaan hariiroo jidduu Rabbii, nabiyyootaa, hawaa fi ilma namaa jidduu jiru irraa kan dhufeedha jechuun yeroo amanu; qoonni lammataa immoo, seenaan kan argame wal'ansoo jidduu ilma namaa fi uumamaatti argameeni jedhee amana. Gahee Rabbii ni morma ykn osoo bakka hin kennineef beekaa irra dabra, ykn fedhii lubbuu isaa irraa ka'uun Rabbi jedhee boca ofii fedhetti amanuun ga'ee ofii hin beeynee fi bocni sunis hin beeyne, waan bocni sun dalaguus hin dandeenne itti irkisa.

Kanaafuu, ka'umsa ilma namaa sirreessuuf, mul'ata isaa ijaaruuf, sodaa inni qabu irraa isa tasgabbeessuu fi gaaffilee dirqamaa fi kanneen dhumaa kan namni sun haga deebii sirrii argatutti sammuu fi qaamni isaa tasgabbii hin arganne saniifis

deebii sirrii ta’e kennuuf amantiin dhugaa fi amantiin qulqulluun dirqama.

## <u>Dhimmoota Nama Jalaa Dhokatan</u>

Dirreelee jireenya adda addaa keessatti, amantii Islaamaa ka’umsa godhatanii akka bu’uura xiinxalaa fi shaakalliitti socho’uun fuulleffannaa Muslimaa isa jalqabaati. Akkasumas ka’umsa isaa isa bu’uuraati. Wanni kana jenneefis amantiin Islaamaa adeemsaa fi karaa waa hunda of keessatti hammate, kan dhimmoota namaan wal-qabatanii fi waa’ee booddee isaaniittis dhimmamu waan ta’eefi.

Kanaafuu Rabbiin guddaan ol ta’e Qur’aana buusee, kan haqamaa fi itti dabaliinsa irraa tiiyfamu godhee, cufuma dhimmoota argama ykn uumamaa fi sosochiiwwan isaanii hunda kan hawaa uumamaa kan ilma namaatiif laaffifamee fi ilma namaa hawaa keessatti bakka bu’ummaa argates qixxisu ta’ee argame. Qur’aanni kun haasaya Rabbii ol ta’eeti, kitaaba waan hunda of keessatti hammatu. Kana irratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿ وَيَوْمَ نَبْعَثُ فِي كُلِّ أُمَّةٍ شَهِيدًا عَلَيْهِم مِّنْ أَنفُسِهِمْ ۖ وَجِئْنَا بِكَ شَهِيدًا عَلَىٰ هَٰؤُلَاءِ ۚ وَنَزَّلْنَا
عَلَيْكَ الْكِتَابَ تِبْيَانًا لِّكُلِّ شَيْءٍ وَهُدًى وَرَحْمَةً وَبُشْرَىٰ لِلْمُسْلِمِينَ ﴿٨٩﴾ ﴾ النحل: ٨٩

*[ (Yaadadhu yaa Muhammad) gaafa guyyaa qiyaamaa yeroo ummata hunda irratti nama ragaa bayu erginu, sihis (Yaa Muhammad) ummata kee irratti ragaa akka baattuuf yeroo si dhiyeessinu (yaadadhu), Qur’aana waan hunda addaan baasee*

*ibsu, qajeelluma, mararfannaa fi gammachuu Muslimootaa kan tahe si irratti buufnee jirra] (Annahli: 89).*

## **Ragaa fi Ragoota**

Rabbiin dimshaashummaa Qur’aanaa fi waa hunda qixxisuu isaa *kan waan hunda addaan baasee ibsu* jechuun walitti hidhee jira. Akkasumas itti gaafatamummaa ragootaatiinis *isaan irratti ragaa taata* jechuun walitti hidhe. Rabbiin guddaan ergamaa isaatiin booda *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* dallawa ragaa fi ragootaa kana gara ummatas of keessatti hammatutti babal’ise.

﴿ وَكَذَٰلِكَ جَعَلۡنَـٰكُمۡ أُمَّةٗ وَسَطٗا لِّتَكُونُواْ شُهَدَآءَ عَلَى ٱلنَّاسِ وَيَكُونَ ٱلرَّسُولُ عَلَيۡكُمۡ شَهِيدٗاۗ ﴿١٤٣﴾ ﴾ البقرة: ١٤٣

*[Akkuma san ummata jiddu-galeessa isin goonee jirra, sunis akka isin namoota biraa irratti ragaa baataniif, isin irratti immoo ergamaan akka ragaa bayuuf jecha] (Al-Baqarah: 143).*

Ragaa ergamaa Rabbii kan dogongora irraa tiiyfamaa ta’ee *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* irraa kaasee hanga ragaa ummata jiddu-galeessa jallina irratti walitti hin qabamnee, kan qaroomina qindeessuun addunyaa hundaaf babal’isuu irratti gahumsa qabuutti, Rabbiin waan isaan hin malle hunda irraa qulqullaaye ajajni isaa bakka ni gaya, qajeellumni amantiin isaa itti yaamu kun nama hundaafi:

﴿ هُوَ ٱلَّذِيٓ أَرۡسَلَ رَسُولَهُۥ بِٱلۡهُدَىٰ وَدِينِ ٱلۡحَقِّ لِيُظۡهِرَهُۥ عَلَى ٱلدِّينِ كُلِّهِۦ وَلَوۡ كَرِهَ ٱلۡمُشۡرِكُونَ ﴿٩﴾ ﴾ الصف: ٩

*[Inni (Rabbiin) kan ergamaa isaa qajeellumaa (Qur’aanaa) fi amantii dhugaatiin ergeedha. Akka amantiin*

*Islaamaa kun amantii hunda irratti ol ta'ee mul'atuuf, osoo kaafiroonni (ol ta'iinsa isaa) kanas kan jibban ta'aniillee] (Assaf: 9).*

Ragoonni dhiyaattota, hubannaa fi hojiidhaan itti gaafatamtoota. Dhugaan jireenya battalaa hunduu addummaa diinagdee, hawaasummaa fi xiinxalaa kan gama tokkoon qindoomina qaroominaa argamsiisuu fi gama biraatiin imaammata beekkumsaa fi qorannoo irratti qindoomina wayii argamsiisu irraa kan walitti qabameedha.

Qur'aanni kabajamaan –kophaa isaatti- keeyyata guutumatti Rabbiin biraa buufame waan ta'eef; adeemsa saayinsiiwwan adda addaa kan nama irraa fudhatame, kan sammuu, kan uumamaa, kan hawaasummaa, kan namummaa fi isa biroos hubachuu fi sirreessuu fi madaalee gatii itti kennuu danda'a. Akkasumas ergaan isaa addunyaa hundaaf waan ta'eef kophaa isaatti akkaataa qindoomina qaroomina adda addaas hubachuu, sirreessuu, madaaluu fi fooyyessuu danda'a.

Rabbiin guddaan –*waan isaan hin malle hunda irraa qulqullaaye*- amantii keenna keessatti dandeettii rakkinoota burjaaja'iinsa qaroomina namaa fi rakkinoota adeemsa saayinsiiwwan qunnamanii qayyabachuu walitti nuu qabe. Sunis akka rakkinoota san eega hubanneen booda boca isaanii irra deebinee sirreessuun bifa qajeellumaa fi amantii keenna ka dhugaa waliin deemuun hubannuufi. Itti gaafatamummaan nuti ragummaa irratti qabnu waan nuti sammuu keessatti yaannu, waan nuti hojjannu fi waan sammuu keenna keessa yaa'u caala.

## Dhimmoota Nama Jalaa Dhokatanii fi Akkaataa Isii Irra Itti Gayan

Dhimmoonni nama jalaa dhokatan kan xiinxala keennaa fi shaakalliiwwan keenna keessaa dhabaman ni jiru. Dhimmoota nu jalaa dhokatan kanas hojii irra oolmaa fi shaakalliiwwan keenna kan ammaa sirritti gamaaggamuun kaayyoo nu irraa eegamu kan ummata biraa irratti ragaa bayuu fi ummata jiddu-galeessa ta'uu keenna san waliin deemu wajjiin wal-maddii qabuun beekuun ni danda'ama. Kaayyoon kunis kaayyoo buufata Qur'aanaa waliin wal-qabateedha.

﴿ الٓرۚ كِتَٰبٌ أَنزَلۡنَٰهُ إِلَيۡكَ لِتُخۡرِجَ ٱلنَّاسَ مِنَ ٱلظُّلُمَٰتِ إِلَى ٱلنُّورِ بِإِذۡنِ رَبِّهِمۡ إِلَىٰ صِرَٰطِ ٱلۡعَزِيزِ ٱلۡحَمِيدِ ١ ﴾ إبراهيم: ١

*[Qur'aana kana kan sirratti buufneef (yaa Muhammad), fedhii Rabbii isaaniitiin akka isaan ilma namaa dukkana keessaa gara ifaatti, gara karaa injifataa fi faarfamaatti baaftuufi] (Ibraahiim: 1).*

Kaayyoon fedhii Rabbiitiin gara fuul-duraatti deemti. Gara karaa tokkichummaa Rabbiitti, gara karaa qajeelaa lubbuu keenna ijaaruu fi ummata keenna akka isaan ummatoota biraa kan lafa kana irra jiraatan dukkana keessaa gara ifaatti baasuuf isaan qopheessuutti geessa. Bifa kanaan hanqinoota adeemsi saayinsii qabanii fi gadi aantummaa isaa kan beekkumsa adduniyaa tanaa fi orbiitii (sirna naannawiinsa hawaa) qofa beekuu, namummaan namaa gar gara babbaafamuu fi qaawwa qabaachuu, dandeettiin sammuu namaa hanqina qabaachuu irraa baraaramuun ni danda'ama.

Dukkanni qaroomina ammayyaa kun dukkana adeemsa qaroominaa fi beekkumsaa walitti qabatu waan ta’eef, dukkana dachaadha malee salphaa miti. Muxannoowwan hanqina qabanii fi idil-addunyaawummaan qaroomina biyyoota dhihaa ammayyaa walitti makamuun dukkanni gariin dukkana garii gubbaa yaabbachuun babal’ataa dhufee jira.

Kun immoo hubannaa gahaa fi bal’aa ta’e horachuun dukkanoota dachaa ta’an kana waliin akka itti jiraachuu qabnu beekuu dirqama nutti godha. Yoo kana goonee hin argamnu ta’e, nutis bakkuma ummanni dhihaa itti dhaabate kan dhama’iinsa inni har’a keessa gangalataa jiru kana irraa akka eegallu taana.

﴿أَوۡ كَظُلُمَٰتٖ فِي بَحۡرٖ لُّجِّيّٖ يَغۡشَىٰهُ مَوۡجٞ مِّن فَوۡقِهِۦ مَوۡجٞ مِّن فَوۡقِهِۦ سَحَابٞۚ ظُلُمَٰتُۢ بَعۡضُهَا فَوۡقَ
بَعۡضٍ إِذَآ أَخۡرَجَ يَدَهُۥ لَمۡ يَكَدۡ يَرَىٰهَاۗ وَمَن لَّمۡ يَجۡعَلِ ٱللَّهُ لَهُۥ نُورٗا فَمَا لَهُۥ مِن نُّورٍ ٤٠﴾ النور: ٤٠

*[(Dalagaan warra Rabbitti kafaree) yookii akka dukkana galaana keessaa kan dambaliin isa haguugu, dambalii kana gubbaanis dambaliin biraa jiru, isa gubbaanis kan duumessi jiruuti. Dukkana gariin isaa garii gubbaa irraan jiru, namni tokko harka isaa osoo baasee kan (dukkanaaf) arguu hin dandeenne, namni Rabbiin ifaa isaaf hin godhin inni ifaa hin qabu] (Annuur: 40).*

Faallaan doonii dukkanaa kun immoo doonii ifnanaa kan Rabbiin abbaa fedhe ittiin karaa sirritti isa qajeelchuudha.

﴿۞ٱللَّهُ نُورُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِۚ مَثَلُ نُورِهِۦ كَمِشۡكَوٰةٖ فِيهَا مِصۡبَاحٌۖ ٱلۡمِصۡبَاحُ فِي زُجَاجَةٍۖ ٱلزُّجَاجَةُ كَأَنَّهَا
كَوۡكَبٞ دُرِّيّٞ يُوقَدُ مِن شَجَرَةٖ مُّبَٰرَكَةٖ زَيۡتُونَةٖ لَّا شَرۡقِيَّةٖ وَلَا غَرۡبِيَّةٖ يَكَادُ زَيۡتُهَا يُضِيٓءُ وَلَوۡ لَمۡ تَمۡسَسۡهُ

نَارٌۚ نُّورٌ عَلَىٰ نُورٍۗ يَهْدِي ٱللَّهُ لِنُورِهِۦ مَن يَشَآءُۚ وَيَضْرِبُ ٱللَّهُ ٱلْأَمْثَٰلَ لِلنَّاسِۗ وَٱللَّهُ بِكُلِّ شَىْءٍ عَلِيمٌ ﴿٣٥﴾

﴾ النور: ٣٥.

*[Rabbiin ifaa samii fi dachiiti. Fakkeenyi ifaa isaa akka fakkeenya foddaa ifaa of keessaa qabduuti. Ibsaan sun immoo bilillee keessa kan jiru. Bililleen sunis akka urjii calaqqisaa muka barakaa qabuu kan Zeeytuunaa irraa ta'ee, kan kallattii bahaas ykn dhihaas irraa hin ta'in, kan zeeytiin isaa osoo ibiddi isa tuquu baatellee ifuutti dhihaatu kan fakkaatuudha. (kana jechuun) ifaa ifaa irraa ta'edha! Rabbiin nama ofii fedhe ifatti isa qajeelcha. Rabbiin namaaf fakkeenya kaaya, Rabbiin waan hunda beekaadha] (Annuur: 35).*

## <u>Dirqama Hubannaa Walii Galaa Qabaachuu</u>

Dhimmi haaroomsaa fi jijjiiramaa, dhimma xaxaadha malee salphaa miti. Dhimma addunyaa hunda qixxisu kan naannoo qofaatii miti. Akkasuma furmaanni isaas hubannaa cimaa ta'e kan sadarkaa rakkina saniitiin wal-gitu barbaada. Hubannaan dachaan kun hanga hamma isaan gituu san kan gayu yoo adeemsi isaa rakkinoota dukkanaa san hunda of keessatti hammate qofa. Innis sadarkaa tiyoorii fi hojiin mul'isuuttis dukkana qaroominaa fi beekkumsaa kana ilaalcha keessa galchuuni.

Kunis bifa gadi bu'iinsa qabuun addummaa jijjiiramni battalaa sun qabu hubachuu, wantoota jijjiirama kanatti isa geessan addaan baafachuu fi karaa irraa dabiinsa ykn burjaaja'iinsa inni qaqqabsiisuu danda'u beekuudhaani. Kanas

kan goonuuf adeemsa guutuu kan kophummaa, gar-tokkummaa fi gabaabummaa irraa bilisa ta'een rakkina argame kana furuufi. Kunis ulaagaa jalqabaa namoonni dirree jijjiiramaa fi haaroomsaa keessa hojjatan hunduu beekuu fi qayyabachuu qabaniidha.

## Burjaaja'iinsi Idil Addunyaa Furmaata Addunyaa Guutuu Gaafata

Wantoonni jijjiirama battalaa si'aa'essan sadarkaa xiinxalaa, beekkumsaa, diinagdee fi hawaasummaa isaa keessatti addummaa Ji'oogiraafii ummata Muslimaa qofa irratti kan gabaabatee miti. Kana jechuun taateewwan naannoo qofaa miti. Sababa babal'ina warraaqsa geejjibaa fi wal-qunnamtii ammayyaa irraa kan ka'e, ummatoonni fi hawaasni addunyaa hundi walitti dhufeenyi fi waa hunda keessatti wal-keessa seeniinsi isaanii cimee waan argameef kutaalee burjaaja'iinsa addunyaa hundaa ta'ee argamee jira.

Kanaafuu taateewwan addunyaa hunda irratti jijjiirama fidan kan sababa wal-keessa seeniinsa qaroomina ummatootaatii fi imaammata saayinsiiwwan adda addaatiin ala irraa gara keenna seenan kana hubachuun dhugaa naannoo fi lubbuu keenna irratti mul'ataa jiran qayyabachuuf akka seensa isa dirqamaatti fudhatama.

Imaammanni saayinsii fi wal-gitiinsi qaroominaa kun bifa dhaabbilee bulchiinsaa, diinagdee fi hawaasummaa qofaan nutti hin dabarfamne, inumayyuu sammuu keenna bifa dhaabbilee kana irratti bocuu keessatti gumaacha guddaa godhee ture. Fuul-durattis gumaachi kan itti fufu ta'a. Fakkeenyummaan beekkumsa kamiituu nama hunda qixxisuu danda'a. Innis gama

wanta *duula xiinxalaa ykn duula dhaabbilee addunyaa* jedhamee beekamuutiin

Keessattuu yoo sadarkaa dadhabinaa ykn cunqurfamiinsa irra jiraachuun jiddu-galummaa qaroominaa fi beekkumsa addunyaa irraa fagaanee kan argamnu ta'e, tooftaalee sab-qunnamtii fi sab-qunnamtiiwwan dirqamootaatti dhimma bayuun akka duula xiinxala ykn duula dhaabbilee addunyaatiif saaxilamnu nu taasisa.

## <u>Ka'umsa Xiinxala Wal-Dorgomsiisaa fi Walitti Dhiyeessaa</u>

Yaada armaan olitti dhiyaate irraa ka'uun, waa lamatu nu keessatti dhalata. Innis: akkuma *Ibnu Kalduun* jedhe qaama injifate ykn moo'ametti maxxanuudha. Ykn immoo haalli waa didiinsaa kan sirrii hin ta'in nu keessatti uumamuudha. Haalli qaama injifatametti maxxanuu yaada *walitti dhiyaatuu* irraa eegala.

Kunis kan ta'ee argamu ummanni injifatame tokko qaama isa injifatetti dhiyaatuuf jecha yaada isaan walitti isa dhiyeessu yeroo itti barbaaduudha. Fakkeenyi kanaas *dimookiraasii* ummata dhihaa yeroo *Shuuraa* (waliin marii) amantii Islaamaatiin walitti dhiyeessinuudha. Yeroo kana goonu garaa garummaa beekkumsaa fi qaroominaa jidduu sirna kanneen lamaan jiruu dagannee jirra.

Akkasumas hubaatii beekkumsaa fi qaroominni kun jidduu dimookiraasii hundeen isaa leebiraalizimii walitti bu'iinsa irratti bu'uureffamee fi jidduu shuuraa Islaamaa kan tokkummaa hawaasummaa fi walitti bu'iinsa balaaleffachuu irratti

bu’uureffame addaan baasuu irratti qabus irraanfannee jirra jechuudha.

Haaluma wal-fakkaatuun yeroo sirna sooshaalizimii wal-qixxummaa hawaasummaatiin wal-dorgomsiifnu, hundee qoqqoodama kutaanii kan sirnichi kun qaqqabsiise dagachuun hundee wal-qixxummaa hawaasummaa kan amantiin Islaamaa fide, kan bu’uureffamni isaa sirna zakaa fi dhaalaatiin qabeenya jidduu hawaasaa fi nama dhuunfaatti addaan qoqqooduu fi qabeenya ol-kaayyachuu dhoowwuu irratti hundaa’e kana dagachuu keenna mul’isa.

Bifuma wal-fakkaatuun wal-dorgomsiifni ykn walitti dhiyyeessi biraas heddutu jira, garuu isaan hunda tarreessuuf yeroon nu hin hayyamu waan ta’eef kanumaan bira kunna. Kuni hunduu kan uumamuu danda’een sababa aadaan tokko addunyaa hunda irratti ol’aantummaa isaa mirkaneeffatee jiruuf jecha, qindoomina qaroominaa fi beekkumsaa kan hubannaa fi aadaa keenna keessa seenanii dhiibbaa nurra geessuu danda’aniini.

Qaamni gariin immoo waan nu bira jiruu fi kan isaan bira jiru wal-madaalsisuun, waan nu bira jiru faarsuu keessatti bira dabarsuun akka fakkeenya ol’aanaatti fudhatee dhugaa jirtu fudhachuu diduun wal-madaalsisuu qofatti kan geeffatanis jiru. Kun immoo hambaalee ofii qabnu kana bifa gadi bu’iinsa qabuun gamaaggamnee mormii akka irratti hin dhiyeessine, dadhabinaa fi hanqina inni qabu akka ifa hin goone taasisee jira.

Dhugaa dubaachuuf, dandeettiin hubannoo fi qayyabannoon nuti hambaalee keennaaf qabnu rakkinoota nu qabnu furuuf kan gahumsa hin qabne tahuu keenna mul’isa. Osoo dandeettii gahaa qabna tahee silaa jiddu-galeessa qaroomina

ammaa kan addunyaa hunda injifatee ol’aantummaa ofii mirkaneeffate kanaaf jilbiiffannee sadarkaa jalaa kan amma irra jirru kana irratti hin argamnu ture.

Leenjii mata duree ‘Burjaaja’iinsa xiinxala ammayyaa-rakkinootaa fi yaada furmaataa’ jedhuun qopheessee fi waraqaa mariif dhiyaate kan mata dureen isaa ‘Xiinxala Islaamummaa haaroomsuu’ jedhu keessatti rakkinoota xiinxalaa kana ibsee jira. Leenjiileen kunniin lameenuu dhaabata addunyaawaa xiinxala Islaamummaa fi dhaabbilee biraa biratti yeroo hedduuf maxxanfamee jira.

Kanaafuu dhimmichi wal-xaxaa fi wal-seenaadha. Akkuma dhimma beekkumsaa hammatu dhimma qindoomina qarominaas hammata. Sadarkaa naannummaa bira dabruun gara sadarkaa addunyaa guutuutti tarkaanfata. Sababa kanaaf jecha dhaabbanni keenna qorannoo saayinsaawaa ta’ee fi qaroomina qindaa’een haala wal-keessa seeniinsa addunyaa ammaa eeggateen dhimmicha gadi bu’iinsaan qorachuuf hundeeffame.

Dhaabbanni addunyaawaan xiinxala Islaamummaa kan hundaa’eef, bu’uurota utubaalee Islaamaa namaaf himuuf qofa osoo hin taane, adeemsa Islaamawaa kan sammuu nama Muslimaa akka inni burjaaja’ama kana bira kutuuf isa gargaaruu danda’u uumuu fi saammuu Muslimootaa irra deebi’ee ijaaruu fi bocuuf kan hundeeffameef. Akkamitti kun ta’uu danda’a?

## **Barbaachisummaa Adeemsa**

Wanti nuti itti yaamnu fi wanti nuti galmaan gayuuf hojjannu, akka namoonni sonoota bu’uura amantii Islaamaa qabataniif yaamicha dhiyeessuu qofaa miti. Bu’uura amantii irra

gadi dhaabbachuun dhimma baay'ee barbaachisaa ta'uun isaa shakkii hin qabu. Garuu wanti guddaan adeemsa gahumsa qabu kan sadarkaa addunyaatti socho'uu danda'u kan imaammata saayinsiiwwanii fi qindoomina qaroominaa irratti jijjiirama fiduu danda'u uumuudha. Dhugumaan wanti nu jalaa dhokate isa kana.

Waa'een aqiidaa immoo galanni Rabbii hin badinii onnee namaa keessa gadi seenee jira. Namni hunduu tokkichummaa Rabbii ragaa baya, waan amantiin dirqama godhe hunda ni fudhata. Akkasumas sonoonni Islaamaa kan sadarkaa Rabbiin gabbaruu, waliin jireenyaa fi siyaasaa shari'aatiin wal-qabatus maddeeni fi tarreelee barruu hedduu keessatti ifa galaadha.

Akkasumas utubaan aqiidaa kan Rabbitti amanuu, Malaa'ikaa isaatti amanuu, Kitaabban isa biraa buufaman hundatti amanuu, ergamtoota isaa hundatti amanuu, guyyaa dhumaatti amanuu, waan Rabbi duraan (azalitti) namaaf dabarse gaarii fi badaa isaatti amanuunis waan namni hundi iraatti walii galu.

Osoo mul'ata gubbaa kanaa kan amma qabnu kana qofa irratti gabaabachuu barbaannee, silaa wal-gayiiwwanii fi kora adda addaa gaggeessuun hiika hin qabu ture. Akkasumas dhaabbanni addunyaawaan xiinxala Islaamummaa fi dhaabbileen akka isaa kan biroos hundeeffamuun hiika hin qaban ture. Garuu kaayyoon barbaadame adeemsa sona qabeessa carraaqqiiwwan hunduu irratti fuulleffachuu qaban argamsiisuudha. Adeemsa wanti barbaadamuu fi wanti fiixa baye ittiin madaalamu kan wantoonni nama jalaa dhokatan ittiin argaman hundeessuudha.

## Paartiiwwan Islaamaa Gara Aangootti Dhufuun Furmaata Moo Adeemsa?

Aangoo qofa argachuun rakkinoota ummanni kun qaban furuuf gahaa miti, ykn adeemsa isa haaroomsuuf barbaadamuu miti. Yoo akkas ta'ee argame, yeroo sanitti wanti barbaadamu aangoo qofa qabachuun hambaalee fiqhii kan nu bira jiran kana akka namoonni hojitti jijjiiran godhuun rakinnoonni hundi furamanii jechi Rabbii akka ol ta'u taasisuudha.

Kun immoo waa laaffisiinsa dhimmoota gama hundaan jiranitti qaawwa uumuuti. Yeroo bulchiinsa Usmaaniyyootaa keessatti, maddi bu'uura seeraa fi heera biyyattii murtii haqaa ture. Garuu san ta'uun isaa dhuma rakkinoota biyyattii san qunnamaniitiif furmaata ta'uu hin dandeene. Rakkinni sunis biyyattiin dadhabdee addaan ciccitiinsaa fi kufiitiif saaxilamuu isiiti.

Osoo rakkinni keenna kufiinsa kilaafaa Usmaaniyyootaa fi kolonii biyyoonni Awurooppaa biyyoota Muslimaa saamuu irratti godhaniin booda kan jalqabe qofa ta'ee, silaa ilaalchi salphaan armaan olii kun sirrii ta'ee mul'ata ture. Garuu rakkinoonni keenna kunniin argamoota kanaan dura waggaa dheeraa dura jalqabanii fi dhaabbilee Islaamaa bifa adda addaa jalatti kan argamaniidha.

Duulli Faranjootaa fi Titaarotaa kan kallattiiwwan dhihaa fi bahaatiin naannoo jaarraa torbaa dura ummata irratti baname. Sana booda naannoo jaarraa shaniitiin dura Muslimoota Andalusiin keessaa baasuun, booddeen rakkinoota keennaa kan akka dhimma biyya Falasxiin fi Afgaanistaan kan hanga ammaatti furmaata hin argatin kunniin burjaaja'iinsa yeroo

dheeraaf ukkaamfamee keessa biyya keennaa keessaa nutti dhooyee. Osoo kilaafaan ykn mootummaan Islaamaa jiru kan argameedha.

Kanaafuu gara aangootti dhufuun qofti haaroomsa fiduuf gahaa miti. Garuu haaroomsi barbaadamu sun qaawwa rakkinoota adda addaa ka mul'atu san, kan dadhabinatti ummata kana geese san cufuun furmaanni isa irraa argamu kan haaroomsatti geessu ta'uu danda'a.

Sababoonni rakkinootaa inni duraa xiinxalaa fi shaakalliiwwaan namni taassisuudha. Kana jechuun keenna waan hundee wahyiitiin walitti hin hidhamne kan Qur'aanaa fi Hadiisa sirrii keessatti hin dhufiniin ala jechuu keenna. Kanaafuu qaawwi ykn rakkinni jiru akka warri amantii hin qabne jedhan san amantii irratti osoo hin taane, akkaataa qayyabannaa amantii, akkaataa isa itti shaakalan, hojitti jijjiiranii fi akkaataa isa dhugatti hojiin lafa irratti argisiisaniidha.

Akka Muslimoonni mataa ol qabataniif wantoota isaan kakaasan irratti namoonni hedduun irraa barreessanii jiru. Garuu wanni isaan barreessan sababii kufiinsaa fi dadhabina ummata kanaa irratti ta'ee bu'aa barruu isaaniis akkana jechuun goolabu: Muslimoonni wanni isaan akkanatti dadhabaniif waan seera Rabbii gadi dhiisaniifi, dhumni ummata kanaa waan jalqabni ummata kanaa ittiin tole malee hin tolu jechuun goolabu. Jechi akka jechaatti baay'ee sirriidha. Garuu waan jalqabni ummata kanaa ittiin tole akkamitti qayyabannee dhuma ummata kanaa irratti hojiin mul'ifna? Akkamitti akka adeemsa hojiin mul'ifamuu danda'u kan jijjiirama battala ammaa waliin deemu itti goona?

## **Wantoota Jalqabni Ummata Kanaa Ittiin Sirraaye**

Jalqabni ummata kanaa waa hedduun tole. Sana keessaa: gorsi isaanii kan addunyaa hundaaf oolu, Qur'aana waa hunda irratti ol ta'aa ta'een bulan, nabiyyummaa dhumaa, shari'aa mararfannaa kan waa namatti hin ulfeessine fi onnee wal-fudhattu/wal-jaalattu qabu.

Haa ta'u malee sun hunduu ajaja Rabbiitiin kan wal-qabatee fi tilmaama Rabbii kan nama jalaa dhokate kan yeroo fi bakkee saniin walitti hidhamee waan ta'eef, Rabbiin onnee namoota yoomiyyuu walitti ni fayyu jedhamee hin eegamnee walitti fide. Kana irratti Qur'aanni akkana jedha:

﴿ وَأَلَّفَ بَيْنَ قُلُوبِهِمْ ۚ لَوْ أَنفَقْتَ مَا فِي ٱلْأَرْضِ جَمِيعًا مَّآ أَلَّفْتَ بَيْنَ قُلُوبِهِمْ وَلَـٰكِنَّ ٱللَّهَ أَلَّفَ بَيْنَهُمْ ۚ إِنَّهُۥ عَزِيزٌ حَكِيمٌ ﴿٦٣﴾ ﴾ الأنفال: ٦٣

*[(Rabbiin) jidduu onneewwan isaanii walitti fide, osoo waan dachii kana irra jiru hunda kennitee onnee isaanii walitti hin fiddu, garuu Rabbiin jidduu onnee isaanii walitti araarse, Rabbiin danda'aa fi beekaadha] (Al-Anfaal).*

Rabbiin nabiyyummaa Muhammad isa dhumaa godhee jira, isaan booda nabiyyiin biraa hin jiru. Akkasumas ergamaa Rabbiitiin booda *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* namni dogongora irraa tiikfamaa ta'e hin jiru. Kana irratti Rabbiin akkana jedha:

﴿ مَّا كَانَ مُحَمَّدٌ أَبَآ أَحَدٍ مِّن رِّجَالِكُمْ وَلَـٰكِن رَّسُولَ ٱللَّهِ وَخَاتَمَ ٱلنَّبِيِّـۧنَ ۗ وَكَانَ ٱللَّهُ بِكُلِّ شَىْءٍ عَلِيمًا ﴿٤٠﴾ ﴾ الأحزاب: ٤٠

*[Muhammad abbaa dhiirota keessan kamiitiyyuu miti. Inni ergamaa Rabbiiti, dhuma nabiyyootaati, Rabbiin waan hundaa beekaadha] (Al-Maa'idaa: 40).*

*Qur'aana kanas kitaaba waa hunda injifatu, kan isa boodaan ergaan biraa hin dhufne godhee jira.*

﴿ وَأَنزَلۡنَآ إِلَيۡكَ ٱلۡكِتَٰبَ بِٱلۡحَقِّ مُصَدِّقٗا لِّمَا بَيۡنَ يَدَيۡهِ مِنَ ٱلۡكِتَٰبِ وَمُهَيۡمِنًا عَلَيۡهِۖ ﴿٤٨﴾ ﴾
المائدة: ٤٨

*[(Yaa Muhammad) dhugumaan Qur'aana kitaabota isa dura buufaman dhugoomsuu fi irratti murteessu (irratti ol'aantummaa qabu) si irratti buufnee jirra, kan hunda irratti ol'aantummaa qabu] (Al-Maa'idaa:48).*

Rabbiin shari'aa Islaamaa kanas kan mararfannaa fi laaffisiinsaa godhee jira. Kana irratti akkana jedha:

﴿ وَمَا جَعَلَ عَلَيۡكُمۡ فِي ٱلدِّينِ مِنۡ حَرَجٖۚ ﴿٧٨﴾ ﴾ الحج: ٧٨

*Rabbiin diinii (amantii Islaamaa) keessa rakkina/dhiphina hin keenne] (Al-Hajji: 78).*

﴿ ٱلَّذِينَ يَتَّبِعُونَ ٱلرَّسُولَ ٱلنَّبِيَّ ٱلۡأُمِّيَّ ٱلَّذِي يَجِدُونَهُۥ مَكۡتُوبًا عِندَهُمۡ فِي ٱلتَّوۡرَىٰةِ
وَٱلۡإِنجِيلِ يَأۡمُرُهُم بِٱلۡمَعۡرُوفِ وَيَنۡهَىٰهُمۡ عَنِ ٱلۡمُنكَرِ وَيُحِلُّ لَهُمُ ٱلطَّيِّبَٰتِ وَيُحَرِّمُ عَلَيۡهِمُ
ٱلۡخَبَٰٓئِثَ وَيَضَعُ عَنۡهُمۡ إِصۡرَهُمۡ وَٱلۡأَغۡلَٰلَ ٱلَّتِي كَانَتۡ عَلَيۡهِمۡۚ فَٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ بِهِۦ وَعَزَّرُوهُ
وَنَصَرُوهُ وَٱتَّبَعُواْ ٱلنُّورَ ٱلَّذِيٓ أُنزِلَ مَعَهُۥٓ أُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡمُفۡلِحُونَ ﴿١٥٧﴾ ﴾ الأعراف: ١٥٧

*[Isaannan ergamaa barreessuu fi dubbisuu hin beeyne (Muhammadiin) hordofan, kan ibsi isaa toowraatii fi injiiliin (wangeela kakuu moofaa fi kakuu haaraa) keessatti dubbatamuu isaa argan, waan gaaritti isaan ajaja, waan hamtuu irraa kan*

*isaan seeru, waan gaggaarii kan isaaniif halaala godhee, wantoota fofokkuu kan isaan irratti haraama godhu, kan wantoota isaan rakkisaa turan isaan irraa lafaan gayu, namoonni isatti amananii, isa kabajanii isa tumsanii ifaa isa waliin jiru (Qur'aana) hordofan warra nagaya baye irrayyi] (Al-A'araaf:157).*

Wanti jalqabni ummata kanaa ittiin tole ajaja Rabbii danda'aa fi beekaa waa hundaatiin yeroo, bakkaa fi mallattoo isaatiin ta'ee jira. Saniin booda ergaan biraa hin turre, nabiyyummaan haaraas hin argamne, dandeettii Rabbii kan nu jalaa dhokate kan oonnee namootaa walitti dhiyeesse san harkaa hin qabnu.

Tooftaalee fi wantoota wal-jaalala fidan argamsiisuu qabna. Sunis dhiibbaa Rabbiin biraa ta'e kan amala addummaa mataa isaa qabuudha. Wal-jaalalli sunis turtii jaarrota hedduutiif itti fufee ture. Akkasumas iddoo jidduu garba Atlaantikii fi Paasifikii jiru hunda haguuge. Kana irratti Qur'aanni akkana jedha:

هُوَ ٱلَّذِى بَعَثَ فِى ٱلْأُمِّيِّـۧنَ رَسُولًا مِّنْهُمْ يَتْلُوا۟ عَلَيْهِمْ ءَايَـٰتِهِۦ وَيُزَكِّيهِمْ وَيُعَلِّمُهُمُ ٱلْكِتَـٰبَ وَٱلْحِكْمَةَ وَإِن كَانُوا۟

مِن قَبْلُ لَفِى ضَلَـٰلٍ مُّبِينٍ ﴿٢﴾ وَءَاخَرِينَ مِنْهُمْ لَمَّا يَلْحَقُوا۟ بِهِمْ ۚ وَهُوَ ٱلْعَزِيزُ ٱلْحَكِيمُ ﴿٣﴾ الجمعة: ٢ - ٣

*[Inni (Rabbiin) isaa ummata dubbisuu fi barreessuu hin beeyne keessaan ergamaa isaan irraa ta'e kan keeyyatoota isaa isaanitti himu, badii irraa kan isaan qulqulleessu, kan Qur'aanaa fi sunnaa isaan barsiisu isaaniif kan ergeedha. Isaan ergamuu isaatiin dura jallina ifa gala keessa turan. Akkasumas namoota biraa kan isa hin dhaqqabinittis isa erge, inni (Rabbiin) danda'aa fi ogeessa] (Al-Jumu'a:2-3)*

## Dogongoraan waa wal Irratti Madaaluu

Paartiilee fi dhaabbileen gariin yeroo dabre kanaan wal-biratti of qabuun of madaaluun addummaa fi garaa garummaa yeroon sun qabu osoo hin hubanne, bu'aawwan hawaasa Mu'uminoota jalqabaatiif argaman san akkuma jirutti lafa irratti argamsiisuuf yaaluun isaanii waan of duuba deebi'anii ilaaluu fi sirreeffamuu qabuudha.

Dhaabbileen kunis yoo dhimmi isaanii lafa haa qabatuu barbaadanii fi yeroo dabre san waliin hariiroon jiru akka cimu taasisuu fedhan, xiinxala isaanii irra deebi'anii sirreessuu qabu malee wanta dur argame san akkuma jirutti deebisuuf yaaluu hin qaban. Isa akkuma jirutti deebisuun waan hin danda'amne, seenaan irra of deebisee hin argamu waan ta'eefi.

## Sababoota Duubatti Deebi'iinsa Ummataa

Kanaafuu gumaachi akkamitti dhiifame? Maaliif garee Rabbiin gargaare san waliin hariiroo uumuu irraa addaan cituun hojii ilma namaa kan qaroominaa ta'e? Inni kunis turtii yeroo sanii keessatti, osoo kilaafaan (mootummaan bakka bu'iinsa) Islaamummaa jirtu, osoo dhaabbileen addunyaa kanneen kilaafaa kanaan dorgoman hin jirre gara kufiinsa kilaafaatti geese.

## Warroota Duniyaa Jaalatanii fi Haaroomsa

Gareen gariin wantoonni nuti hin barbaachisan jenne kunniin kan nama waan xiinxalu jalaa hin dhokanne kun isa jalaa dhokatanis ni jiru. Gareen kunniin wanti dhokate (geeybaan) dhimmoota jireenyaa irraa fageeffamuu qaba jedhu. Jara kana

biratti akka waan Qur’aanni ergaa hunda fixate dhimma haaraya wayiituu hin qabnee fakkaata. Akka waan sunnaan itti fayyadamee dhumattee qayyabannaa fiqhii inni dabalataa hin jirre fakkaata.

Dandeettii ilmi namaa Qur’aanaa fi sunnaa kana baachuuf qabu akka waan dadhabee gar gar faffaca’ee, humni kun haaroomfamuu akka waan hin dandeennee ykn humna dabalataa isa biraa of biraa hin qabnee fakkaata. Ilaalcha sadeen wal-faallessan kana irraa kan ka’e kufaatii fi dadhabinni itti cimaa dhufe.

Faallaa onneewwan walitti dhiyaatanii fi wal-jaalatanii kan ta’e qoqqoodamiinsi fi addaan ciccitiinsi hundeen isaa gosummaa, naannummaa, biyyummaa, dhiigaan fi *mazhaba* irratti ta’e baay’atee argame. Paartiiwwan, gareewwanii fi warraaqtonni baay’atanii, ummata gariin garii isaa of irraa dhiibu, kan gariin garii isaa kafarsiisu (amantii keessaa baasu) taanee argamne. Hundi isaatuu dhugaa, ykn humna ykn dandeettii waa mooyuu qabuun anatu karaa sirrii irra jira jedhee of hima.

﴿ وَلَا تَكُونُوا۟ كَٱلَّتِى نَقَضَتْ غَزْلَهَا مِنۢ بَعْدِ قُوَّةٍ أَنكَـٰثًا تَتَّخِذُونَ أَيْمَـٰنَكُمْ دَخَلًۢا بَيْنَكُمْ
أَن تَكُونَ أُمَّةٌ هِىَ أَرْبَىٰ مِنْ أُمَّةٍ ۚ إِنَّمَا يَبْلُوكُمُ ٱللَّهُ بِهِۦ ۚ وَلَيُبَيِّنَنَّ لَكُمْ يَوْمَ ٱلْقِيَـٰمَةِ مَا كُنتُمْ فِيهِ
تَخْتَلِفُونَ ﴿٩٢﴾ ﴾ النحل: ٩٢

*[(Waadaa galtan irraa hin deebi’inaa) akka fakkeenya dubartii kirrii footee jajjabeessite irra deebitee hiiktee hin ta’inaa, ummata walii galtee waliin qabdan san caalaa kan mallaqa qabu yoo argattan waadaa duraa san diigdu (akkas hin*

*godhinaa). Rabbiin isin qormaatuufi, waan isin irratti wal-dhabdan kana guyyaa qiyaamaa isiniif ifa godha] (Annahli: 92).*

Nuti amantiin Islaamaa kan addunyaa guutuuf ta'u jechuu qofa irraa duubatti hin deebine, tokkummaa ummataa qofa hin dhabamsiifne, inumaa gara kutaalee ofumaa wal-nyaatuu fi wal-mormuutti addaan ciccinnee bittinnoofnee jirra.

Bifa guutuu fi dimshaashawaa wahyiitiin wal-qabatee, Qur'aanni kan ittiin bulamu sunnaan sirriinis kan akka ragaatti dhimma itti bayamu jedhuu dhiisuun keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa addaan qoqqoonnee (kan feene keessaa fudhannee) ibsuu eegalle, waan feene ifatti baafnee kan hin feene irra kunnee, kaayyoo gabaabduu yeroo saniif hamillu wayii akka nuuf tajaajilu goonee, akkuma barbaannetti seerummaa shari'aa kennineefi jirra.

Haala kana godhuu keennaan fakkeenyi keenna kan nuti Qur'aana waliin qabnu akka fakkeenya Yahuudonni Toowraatiin waliin qabaniiti. Hariiroo Yahuudonni kitaaba isaanii Toowraatiin waliin qaban ilaalchisee Rabbiin akkana isaaniin jedhe:

﴿ تَجۡعَلُونَهُۥ قَرَاطِيسَ تُبۡدُونَهَا وَتُخۡفُونَ كَثِيرٗاۖ ﴿٩١﴾ ﴾ الأنعام: ٩١

*[(Kitaaba Toowraatii kana) waraqaa adda addaatti addaan qooddanii ka feetan keessaa (namaaf) mul'iftanii hedduu isaa dhooysitan] (Al-An'aam: 91).*

Karaa Qur'aana waan hunda hammatu irraa jallannee, adeemsa isaa irraa miliqnee, dimshaashummaa fi walii galummaa isaa hubachuu irratti dandeettii dhabnee, jijjiiramoota bakkaa fi yeroo ittiin too'achuu dadhabnee, jijjiiramni battalaa akka

Qur’aanaa fi sunnaa irratti ol’aantummaa qabaatee cal-jedhee akkuma barbaadetti waan fedhe akka keessaa filatu goonee jirra.

Taatee battalaa lafa irratti argame kana kaayyoowwan keeyyatoota Qur’aanaa fi Hadiisaatiin wal-maddii qabnee ittiin sirreessuu dhiisnee, keeyyatoota taatee irra finnee akka taateen battalaa kun keeyyatoota irratti murteessu goonee jirra. Keeyyatoonni yeroo taatee battalaa irra fidaman taateen sun sirriidha jechuu ifa godhuufii miti, taatee san gara sirritti jijjiiruu, fooyyessuu fi haaroomsuufi malee. Akka yeroo ammaa argaa jirru kana taateen keeyyatoota liqimsee waan ofii barbaadu jala oolchuu hin qabu.

Kana irraa ka’uun bu’aalee lama kan miidhaa qaban irra geennee jirra. Innis: qindoomina tokkommaa qaroominaa fi iimaana keennaa gargar baafnee jirra, keeyyatoota Qur’aanaa fi Hadiisa nabiyyiis addaan qoqqooduun muraasni qofti akka keessaa fudhatamu goonee jirra.

Kun immoo itti gaafatamummaa ragummaa kan Rabbiin morma keenna irra kaaye saniin hidhanni qabnu akka citu fi Rabbii ol’aanaa waan isaan hin malle hunda irraa qulqullaaye waliinis hariiroon qabnu akka addaan cittu taasisee jira. Kana hunda booda Rabbiin akkamitti akka onnee warra nu duraa walitti araarsee tokko godhetti onnee keenna tokko godha jennee yaanna? Gama hundaan hariiroon Rabbiin waliin qabnu addaan cittee jirti, ragummaa amantii fi qaroominaaf qabnus dhabnee jirra.

Kanaafuu, akkuma naqattoon ragummaa amantii fi qaroominaa harkaa nu baye san, irra deebinee harkatti deeffachuun nurratti dirqama. Kana godhuuf immoo ka’umsi

keenna walii gala keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa fudhachuun dimshaashummaa taatee battalaa irratti murtii akka kennu godhuuni.

Garuu dimshaashummaan taatee battalaa maali? Walii galli keeyyatootaa hoo? Akkamitti fiixa baasuu dandeenna? Wanti ammatti barbaadamu dalagaa namaa kan fedhii fi hubannaan wal-simateedha. Kunis Qur'aana Rabbiin irraa buufame, nabiyyummaa dhumaa fi onnee tokko taateen dalagaa Rabbii kan garee jalqabaatiif akka isaan ilma namaa dukkana keessaa gara ifaatti baasaniif isaan gargaare sanitti nama geessa.

Haala amma keessa jirru kanaan:

- Bu'aalee ilmi namaa jaarraa jalqaba dhufiinsa amantii kanaa keessa argamsiisan san deebisuu ni dandeennaa? Akkuma inni jirutti hojiin mul'isuu hoo dandeennaa?
- Moo Qur'aanaa fi Hadiisa ka'umsa godhatee taatee ammaa kana irratti wanta jijjiirame kan carraaqqii haaraya barbaadu jiraatinna laata?
- Carraaqqii kanaaf hoo qilleensa mijataa isaaf malu akkamitti argamsiifna?
- Rakkinoonni taateewwan kanaan dura turan irratti madaallii hin fudhanne, kan bifa haarayaan Qur'aanaa fi Sunnatti deebi'anii wal-bira qabuu barbaadu isa kami?
- Hanga yoomiitti waan wahyiin jedhu jala deemnee isatti hidhamnee, rakkinoota kanaan dura hin turiniif akka furmaataatti isatti dhimma baana?

Kuni hunduu jijjiirama gama bir-qabaatiin argame Qur'aana yeroo fi bakkee hundaaf tolu, kan sirna sochii seenaa fi

hawaasummaa hunda irratti ol'aanaa ta'e irra fiduun addaan baafachuu barbaada.

Tariitii yoo jijjiiramni taatee battalaa irratti argame kun kan baay'ina qofaa ta'ee kan gosa/bifa isaa ta'uu baate gaaffilee fi yaanni ni mala jennee dhiyeessine kun hunduu bu'aa wayiituu hin qaban ta'uun ni mala. Kana jechuun jijjiiramni taatee battalaa irratti argame jijjiirama sadarkaati malee kan gosaatii miti yoo ta'e.

Namoonni jijjiiramni taateewwan battalaa irratti argaman jijjiirama baay'ina sadarkaati malee kan gosummaa ykn akkaataatii miti jedhan, uumamuma isaaniitiin ilaalcha gogaa hin jijjiiramne qabu. Namoonni akkasii kun bakkaa fi turtiin yeroo jijjiirama hin fidu jedhu. Kanaafuu sochiin xiinxala isaanii rakkinoota battalaa kan ammaa furmaata yeroo dabree irratti tilmaamuun carraaqqii godhuu bira hin dabru. Seeruma yeroo dabree san qofa hordofuun dhimmicha akkuma durii sanitti hubatu.

Qabiyyeen qorannoo isaanii dhimma/rakkinna argame san irraa wanta ifatti mul'atu saniin ala hin bayu. Tariitii sababni rakkina argame sanii elamantiiwwan walitti qabamuun rakkinna battalaa kana bocan waa heddu irraa walitti qabamuun mala, deebiin ykn furmaanni isaas dimshaashummaa Qur'aanaa fi Hadiisaa kan jiddu-galeessa godhate ta'uu qaba.

Tooftaan akkanaa kun tooftaa dimshaashummaa jijjiirama taatee battalaa ittiin laalanii fi Qur'aana ulfaataa bifa waan hunda hammateen ilaalaniitiin wal-faallessa. Akkasumas adeemsa seera sunnaa nabiyyiis faallessa. Taateewwan battalaa bifa walii

galaatiin hubachuuf Qur'aanaa fi sunnaa nabiyyiis bifa walii-galaatiin hubachuu barbaachisa.

## Wahyii fi Taateewwan Battalaatiif Ilaalcha Dimshaashawaa fi kan Walii Galaa Qabaachuu

Garuu ilaalchi walii gala fi dimshaashawaan wahyii fi taatee battalaa kan jijjiiramni isaa bifaa fi akkaataa ta'e kun maal irratti irkachuu qaba?

Beekaan fiqhii, beekaa saayinsii hawaasaa fi seenaa kan ta'e *Abdurrahmaan bin Kalduun* utubaalee ijaarsa ilma namaa bifa jijjiirama qilleensaa eeggateen, bifa hawaasa tiikfatee bulaa fi hawaasa hojjattoota ogummaa harkaa ykn hawaasa diinagdee uumamaa irratti jiraatu eeggateen nuuf ibsee jira. Kana hundaa kan godhuu danda'een sammuu isaa keessatti sadarkaalee daa'imummaa, bilchinaa fi dulluma keessatti wantoota guddinaa fi kufiinsaaf sababa ta'an eega dubbisee hubateen booda.

Sana booda qu'annooleen biyyoota dhihaa utubaalee ijaarsa warshaalee nuuf ibsanii jiru. Sadarkaa kanatti ilmi namaa hawaa uumamaa kana qoratee seerran waliin sochii fi addummaa isaanii baree waan jiruuf sadarkaa ijaarsa uumamaa san bira kutee argamee jira.

Kana irraa ka'uun humna harkaan waa hojjachuu irraa gara hurka fayyadamuutti, sana booda anniisaawwan akka peetrooliyeemii, anniisaa aduu fi niwukilarii fa'atti dhimma bayuutti cee'anii jiru. Teknolojitti gargaarsifachuun dambalii sagalee fi suuraatti dhimma bayuu danda'ee jira. Kanaafuu sadarkaan namni hojii oomishaa irratti qabu dandeettii harkaan

waa hojjachuu irraa gara dandeettii sammuu fi saayinsiitti jijjiiramee jira.

Uumama ijaarsa namummaa keessatti jijjiiramni gosaa fi akkaataa kun gara dhimmoota biraatti geessuu danda'ee jira. San keessaa: dhimma xiinxala namummaa fi hariiroo hawaasummaati. Dhimmoota kana irrattis qorattoonni ammayyaa bifa ijaarsa uumamaa isa durii san irraa adda ta'een irratti fuulleffatanii jiru. Kana irraa ka'uun ilaalchi namni mataa isaa, uumama hawaa, hawaasa isaatiif qabu fi ilaalchi inni amalaa fi safuulee sadarkaa ijaarsa namummaa isa duriitiif qabu jijjiiramaa dhufee jira.

**Dhugaa Haaraya**

Dhugaan haaroyni sammuun fudhattu wayii yeroo ammaa addunyaa hunda haguugaa dhufee jira. Kunis waan addunyaan hundi sadarkaa teknolojii kanatti jijjiirameef osoo hin ta'in, jiddu-galli qaroomina guddaan kun barbaachisummaa guddaa waan qabuuf, dandeettiin inni qabu addunyaa hunda waliin gama qaroomaa fi gama beekkumsaatiinis akka wal-fudhatu isa godhee jira. Meeshaan waraana isaas qorannoolee saayinsii uumamaati deeggaramuun hojiiwwan sammuu fi hubannaa keenna hunda too'achuu danda'ee jira.

Jijjiiramni gosaa/bifaa inni guddaan argame, sochiin waa hubachuu keennaa akka kanaan duraa san jechamoota sammuu keennaa, muxannoowwan qabnu fi waan nuti qaama miiraa keennaan argine qofa irratti kan gabaabatuu miti.

Kun hunduu wanta shakkii adeemsaa jedhamu jala galee jira. Sana booda murtii saayinsii kan saayinsii uumamaatiin

eegale jala galee jira. Sana boodas suuta suutaan gara saayinsiiwwan hawaasummaa fi namummaa bocuutti tarkaanfatee jira. Xiinxala namaan became kanas saayinsiin ammayyaa isa bira kutuun gara haala sammuun keettee san irraa gara haala dhugaa ta'eetti geeddaree jira.

Namoota hedduu biratti akka qabeenyaatti hawaasni ilma namaa tokko guddachuu fi akka seenaatti haalli jireenya isaanii gosaan/bifaan jijjiiramuun itti wal-fakkaatee jira. Nuti yeroo jijjiirama seenaa irraa haasoynu jijjiirama isa lammataa kana malee jijjiirama guddina qabeenyaa itti hin feene. Barreeffamni hayyuu *Ibnu Baatuutaas (1302-1377 A.L.A)* yeroo mul'ata uumamaa fi hawaasummaa irraa hasayu kanuma deeggara. Isa boodas hayyuun *Ibnu Kalduun (1332-1406 A.L.A)* mul'ata lameen kana walitti makuun sadarkaa sadiin ibsuuf yaalee ture. Innis: sadarkaa umrii jalqabaa, bilchinaa fi sadarkaa jaarsummaa/manguddummaati. Kunis isaaf yaalii falaasama seenaa ibsuuf yeroo jalqabaatiif taasiseedha.

Ergaan qorannoolee kan hundaa hawaasa ilma namaa kana hubannaa daaynaamiik ta'e hubachuun dirqama ta'uu mul'isa. Hubannaa socho'aa malee dhaabbataa ta'uu akka hin qabne ibsa. Dhaabbataan wanti hin jijjiiramnee fi hin geeddaramne kan bakkuma san qofa jiru yoo mul'isu, daaynaamikiin immoo saayinsii geeddaramiinsaati. *Ibnu Kalduun* yeroo ijaarsa namummaa isa uumamaa irraa haasayu sochiilee dhaabbataa fi geeddaramaa kana sadarkaalee guddinaa sadan armaan olitti tarreessine san keessatti walitti qabee jira.

Wanta jijjiiramu tokko ilma namaas ta'ee uumama biraa haga seera sochii isaa kan addaa beeynutii jijjiirama isaa beekuu

hin dandeennu. Seerri sunis, seera boca saayinsii uumamaa fi namummaa deebisee boceedha.

Kanaan ala kan jiru immoo dimshaashummaa wahyiiti, ykn kitaaba waa hunda qixxisu, kan wahyii Rabbiin biraa ta'een argama hawaa fi sochii isaa irratti ol'aantummaa qabu, kan waan isaa kan dabree fi kan fuul-dura dhufu hunda beeku, kan waan amma jiru hunda too'atu, kan cufuma sosochiilee hawaa hunda irratto ol'aantummaa qabu jechuudha.

## Hubannaa Adeemsaa fi Dubbisa Lamaan Walitti Makuu

Qur'aana kabajamaa kanaan taateewwan battalaa too'annaa jala galchuuf, Qur'aana kanaa fi taateewwan battalaa san bifa dimshaashawaan qayyabachuu qabna. Kunis qayyabannaa adeemsaati. Dhaabbanni addunyaawaan xiinxala Islaamummaas, qayyabannaan adeemsa dimshaashaa xiinxalaa fi shaakalliiwwan dhaabbilee Islaamaa isaan ammayyaa jalaa dhokatee jira jedhee waan yaaduuf, adeemsuma kana ummata qayyabachiisuuf hundeeffameef.

Warraaqsaa fi dhaabbilee Islaamaa isaan ammayyaa kun jijjiirama naannoo isaaniitti adeemsifamu irraa adda bayanii amala gogiinsa geeddarama hin qabneef saaxilamanii jiru. Akkasumas warraaqsonni kunniin keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa addaan qoqoodanii ka fedhan keessaa fudhachuun, Qur'aana ykn Hadiisa bifa dimshaashawaa ta'een dubbisuu dhiisanii jiru.

Qur'aanni bifa dimshaashawaa ta'een akkamitti dubbifama yaanni jedhu immoo hawaa uumamaa kana bifa walii galaatiin hubachuun wal-fakkaata. Mallattoolee uumamaa garii

irraa ka’ee, sammuun namaa kun seera isaa kan walii galaa fi heera walitti hidhama isaa irra hanga adeemsa isaatti waan jiru beekuu danda’a. Keeyyatoonni Qur’aanaatis akkasuma.

Tariitii kun ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* ajaja Rabbii fi qunnamtii isaatiin maaliif akka duraa fi duuba keeyyatoota Qur’aanaa irra deebisanii eeganii akka inni boca adeemsaa qabatu akka godhan kan mul’isuudha.

﴿ وَإِذَا بَدَّلْنَآ ءَايَةً مَّكَانَ ءَايَةٍ وَٱللَّهُ أَعْلَمُ بِمَا يُنَزِّلُ قَالُوٓاْ إِنَّمَآ أَنتَ مُفْتَرٍۭ بَلْ
أَكْثَرُهُمْ لَا يَعْلَمُونَ ١٠١ قُلْ نَزَّلَهُۥ رُوحُ ٱلْقُدُسِ مِن رَّبِّكَ بِٱلْحَقِّ لِيُثَبِّتَ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ
وَهُدًى وَبُشْرَىٰ لِلْمُسْلِمِينَ ١٠٢ ﴾ النحل: ١٠١ - ١٠٢

*[Keeyyata tokko isa biraatiin yeroo bakka buufnu Rabbiin waan buusu ni beeka (waan ummataaf irra bu’aa qabu beeka), (warroonni kaafiraa) ati (Muhammad) ni kijbda jedhaniin. Hedduun isaanii homaa hin beekan. Jedhiin (yaa Muhammad warra Kaafiraatiin) Qur’aana Jibriiltu haqaan Rabbii biraa warra isatti amanan akka onneen isaanii gadi dhaabattuuf buuse, warra amananiif qajeellumaa fi gammachuu akka ta’uuf isaaniif buuse jedhiin] (Annahli: 101-102).*

Gadi dhaabbachuun onnee kan keeyyata olii kana keessatti tuqame kun ijjannoo olii gadi sosocho’aa ture tokko injifachuuf taatee argameedha. Kanaaf buufamni Qur’aanaa sababaan walitti hidhame. Akkasumas gammachuun tooftaa Qur’aanaa keessatti tuqaman hunduu kan bifa egaree (fuul-duraa) mul’isuudha. Kanaafi wanti duraa duuba isaa irra deebisanii akka

Qur'aanni ulfaataan adeemsa dimshaashawaa qabaatu tartiibessuun kan barbaachiseef.

Haala kanaan akkuma sammuun namaa cimaa deemuun Qur'aanni kabajamaan kun sadarkaa akka maddaatti itti deebi'anii (as areference) waa irraa qabsiifachuu saniin wal-simaa deemuun akka tokkummaan adeemsaa mirkanaayu godha. Tokkummaan adeemsaa kunis mallattoolee uumamaa kanaa ilaaluun heera isaa kan walii galaa beekuu fi seera sosochii isaa hubachuuf gargaara.

وَءَايَةٞ لَّهُمُ ٱلَّيۡلُ نَسۡلَخُ مِنۡهُ ٱلنَّهَارَ فَإِذَا هُم مُّظۡلِمُونَ ﴿٣٧﴾ وَٱلشَّمۡسُ تَجۡرِي لِمُسۡتَقَرّٖ لَّهَاۚ ذَٰلِكَ
تَقۡدِيرُ ٱلۡعَزِيزِ ٱلۡعَلِيمِ ﴿٣٨﴾ وَٱلۡقَمَرَ قَدَّرۡنَٰهُ مَنَازِلَ حَتَّىٰ عَادَ كَٱلۡعُرۡجُونِ ٱلۡقَدِيمِ ﴿٣٩﴾ لَا ٱلشَّمۡسُ
يَنۢبَغِي لَهَآ أَن تُدۡرِكَ ٱلۡقَمَرَ وَلَا ٱلَّيۡلُ سَابِقُ ٱلنَّهَارِۚ وَكُلّٞ فِي فَلَكٖ يَسۡبَحُونَ ﴿٤٠﴾

يس: ٣٦ - ٤٠

*[(Mallattoolee tokkochummaa Rabbii isaaniif mul'isan keessaa) tokko halkani, bifa guyyummaa san yeroo irraa fuunee battalumatti isaanitti dukkanaaya. Aduunis hanga daangaa murtaa'eetti deemti. Sun murtee (Rabbii) injifataa fi beekaa (ta'eeti). Baatiis hanga inni akka dame meexxiitti deebi'utti buufata isaa goonee jirra. Aduun baatii dhaqqabuun isheef hin ta'u; halaknis guyyaa hin dabarsu. Hunduu sarara keessa deemu]. (Yaasiin: 36-40].*

Ogeessi seera walii galaa eegu mul'ata hawaa kana hunda isaa guddaa fi xiqqaa isaas isatu seera qabsiisa. Paartikiliin xinnoon tunis orbiitii mataa isii qabdi. Orbiitiin isii sunis gar-tokkeen qaama ishee firii isaa irra naannayuudha.

Akkuma kanaan dura jedhe, hariiroo keenna kan adeemsaa Qur'aana kabajamaa waliin qabnu as irraa eegalla. Sunis wahyii mallattooleen isaa daangeffamaa ta'e kana hawaa kutaaleen isaa laakkayamee hin dhumneen wal-bira qabuun wahyii waan hunda irratti jaarraa hunda keessattuu ol aantummaa qabu kana uumama hawaa kanaan wal-bira qabuun ilaaluuni.

﴿ وَٱلَّذِيٓ أَوۡحَيۡنَآ إِلَيۡكَ مِنَ ٱلۡكِتَٰبِ هُوَ ٱلۡحَقُّ مُصَدِّقٗا لِّمَا بَيۡنَ يَدَيۡهِۗ إِنَّ ٱللَّهَ بِعِبَادِهِۦ لَخَبِيرُۢ بَصِيرٞ
٣١ ثُمَّ أَوۡرَثۡنَا ٱلۡكِتَٰبَ ٱلَّذِينَ ٱصۡطَفَيۡنَا مِنۡ عِبَادِنَاۖ فَمِنۡهُمۡ ظَالِمٞ لِّنَفۡسِهِۦ وَمِنۡهُم مُّقۡتَصِدٞ وَمِنۡهُمۡ
سَابِقُۢ بِٱلۡخَيۡرَٰتِ بِإِذۡنِ ٱللَّهِۚ ذَٰلِكَ هُوَ ٱلۡفَضۡلُ ٱلۡكَبِيرُ ٣٢ ﴾ فاطر: ٣١ - ٣٢

*[Qur'aanni nuti sirratti buufne kun (yaa Muhammad) kitaaba dhugaati, kitaabota isa dura turanis ni dhugoomsa, Rabbiin (waan) gabroota isaatiif ta'u beeka fi argaadha. Eega sanii booda Qur'aana kana gabroottan keenna keessaa nama filataman dhaalchifne, isaan keessaa kan lubbuu ofii miidhetu jira, isaan keessaa gariin jiddu galeessa, gariin isaanii immoo fedhii Rabbiitiin gara waan gaggaarii dalaguutti ariifatoodha (dorgomtoota). Akkas ta'uun sun kabaja guddaadha] (Faaxir: 31-32).*

Nu hunduu gariin keenna kan lubbuu isaa miidhe, gariin hanqina qaba. Akka Rabbiin warroota waan gaggaarii dalaguuf wal-dorgoman irraa nu taasisu isa kadhanna. Ergamaa Rabbii kan dhumaatiin booda namni badii irraa tikfamaa ta'e kamiyyuu hin jiru, Qur'aanaan boodattis kitaabni akka isaa waan hunda of keessatti qabatee ibsee namaaf hiike hin jiru.

Qabxii waliin jireenya keenya kan Qur'aanaa fi sunnaa irraa ittiin eegallutti gayuuf, ka'umsi keenna beekkumsa

Islaamessuudha. Kanaan dura imaammata saayinsiiwwan uumamaa fi namummaa Islaamessuu dandeennee jirra. Qur'aanuma kanatti fayyadamnee seensa isa ittiin qayyabannus godhachuu qabna. Kunis hojii wal-makaa jijjiirraa fiduu danda'u wal-jijjiiruudha.

Qur'aanni gama tokkoon imaammata beekkumsaa kan gamaaggamu yoo ta'u, imaammanni beekkumsaa inni gamaaggamame kun immoo Qur'aana kabajamaa kanatti bifa gadi bu'iinsa qabuun keessa seenuun akka qayyabannaa sirrii qabaataniif nama gargaara. Isa kana kan dhugumaan dubbisa lamaan walitti makuu jedhamee fudhatamu, kan Rabbii fi kan qalamaa, kan dhokatee fi dhugaa ifatti jiru ykn dubbisa wahyii fi hawaa. Isuma kana kan Rabbiin keeyyata Qur'aanaa kan jalqaba bu'e keessatti nuuf hime:

﴿ ٱقۡرَأۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلَّذِى خَلَقَ (١) خَلَقَ ٱلۡإِنسَٰنَ مِنۡ عَلَقٍ (٢) ٱقۡرَأۡ وَرَبُّكَ ٱلۡأَكۡرَمُ (٣) ٱلَّذِى عَلَّمَ بِٱلۡقَلَمِ (٤)
عَلَّمَ ٱلۡإِنسَٰنَ مَا لَمۡ يَعۡلَمۡ (٥) ﴾ العلق: ١ - ٥

*[Maqaa Rabbii si uumeetiin dubbisi, (Rabbii) ilma namaa dhiiga ititaa irraa uume, dubbisi Rabbiin kee arjaadha, (Rabbiin) kan (waa barreessuu) qalamaan nama barsiise, kan ilma namaa waan inni hin beeyne barsiise] (Al-Qalam: 1-5).*

Dubbisa keeyyatoota/mallattoolee wahyii fi uumamaa walitti qabu kana irraa kaanee sosocho'iinsaa fi si'aa'ina uumamni kun qabu arguu dandeenna. Sosochiin kun immoo xiinxalli ilma namaa hundi goggogiinsa jijjiirama ofitti hin fudhanne san irraa akka jijjiiramuu qabu mul'isa.

﴿ تُولِجُ ٱلَّيۡلَ فِي ٱلنَّهَارِ وَتُولِجُ ٱلنَّهَارَ فِي ٱلَّيۡلِۖ وَتُخۡرِجُ ٱلۡحَيَّ مِنَ ٱلۡمَيِّتِ وَتُخۡرِجُ ٱلۡمَيِّتَ مِنَ ٱلۡحَيِّۖ وَتَرۡزُقُ مَن تَشَآءُ بِغَيۡرِ حِسَابٖ ٢٧ ﴾ آل عمران: ٢٧

*[(Yaa Rabbi ati) halkan guyyaa keessa seensifta, guyyaa immoo halkan keessa seensifta, jiraa du'aa irraa baafta, du'aa jiraa irraa baafta, abbaa feeteef lakkoofsaan malee hiree itti banta] (Aala Imraan: 27).*

Kanaafuu dubbisa lamaan (dubbisa wahyii fi kan hawaa qayyabachuu) walitti makuun, kan Rabbiitii fi kan namni qalamaan barate walitti makuun, sosocho'iinsaa fi si'aa'ina uumama kanaa raggaasisuun, gara addunyaa Qur'aana kabajamaatti adeemsa ifa galaa ta'een dhufna. Yoo kun ta'ee argame rakkinoota akka hayyuun *Ibnu Rushdi* jedhamu kitaaba isaa *(Faslu al-maqaal fiimaa beeyna al-hikmati wa asharii'ati min ittisaal)* jedhu akka barreessu isa kakaase bira kutuu dandeennee jirra.

Akkasumas rakkinna akka *Al-Gazaaliin* falaasama irratti duula banuun kitaaba *(Tafaahatu al-Falaasifaa)* jedhamu akka qopheessu isa godhan, deebii *Ibnu Rushdi* kitaaba *(Tahaafut al-Tahaafut)* jechuun isaaf deebise, kitaaba *Ibnu Teeymiyyaan* waan kana irratti qopheessan hunda jalaa bayuu ni dandeenna ture. Kanaafuu fiqhiin ykn beekkumsaan ykn dhimma gar-tokkee keeyyatootaa qofa irraa fudhatameen osoo hin taane, dimshaashummaan Qur'aanaa akka fudhatamuuf wal'aansoon itti fufuu qaba.

Wanni guddaan barbaadamu deebii walitti deddeebisuu yookiin bifa adda addaatiin waa of irraa ittisuuf qabsoo cimaa gaggeessuu osoo hin taane, kan barbaadamu adeemsa Qur'aanaa

kan beekkumsa irratti hundaa'een qabsaayuudha. Rakkinoonni imaammata saayinsiiwwan ammayyaa qunnamaa jiran hunduu bifa wal-mormii saayinsaawaa fi dhugaa sammuun fudhattuu kan bu'uureffamni isaa bir-qabiinsaan ykn ta'uu hin ooltuun ta'e irratti.

Haaluma wal-fakkaatuun rakkinoonni qindoomina qarooma addunyaas wal'aansoowwan isa keessa jiran hunduu bu'uurri rakkinna isaanii waan tokko, sunis haala addaan ciccitiinsa imaammata saayinsiiwwanii fi qindoomina qaroominaati. Kunis kan ta'uu danda'een qaroominni ummatoota dhihaa walitti qindeessaa seera hawaa kan Qur'aanni waan hunda of keessaa qabu addaan baasee ibsetti dhimma bayuu dadhabuu isaatiini.

Bu'aan addaan ciccitiinsaa fi beekkumsaa fi qaroomina walitti hidhuu dadhabuu kanaa immoo sirna lebiraalizimii kan amantii fi siyaasaa addaan baasu kan ilmi namaa waan yeroo ergamoonni Rabbii hin dhufin dalagaa turanitti haa deebi'u jedhu cimee diriiraa dhufe. Sirni kun dachii kana irratti badii raawwachuu, dhiiga jiiysuu, horoo fi hortee galaafachuutti geese. Rabbiin warroota badii dalagan hin jaalatu.

## **<u>Akkaataa Bocamiinsa Saayinsiiwwanii Irra Deebi'anii Bocuu</u>**

Nuti qabiyyee beekkumsa Islaamessuu kana keessatti saayinsiiwwan haaraya ykn boca qaroominaa haaraya hundeessuuf tattaafatuu osoo hin taane, saayinsiiwwanuma jiran irra deebinee bocuu fi boca qaroomina addunyaa kana bifa sirritti daangeffameen qajeelchuudha.

Kunis saayinsiiwwan uumamaa saayinsii yeroo ammaa kana gar-tokkee wantootaa qorachuun addaan ciccite irraa gara saayinsii uumamaa guutuu qoratu, kan saayinsii fi beekkumsa walitti qindeessu, kan mul'ata uumamaa fi namummaatti fuulleffachuun hariiroo Rabbii ol'aanaa waliin saayinsiin kun qabu ifa godhuudha.

Saayinsiin irra deebi'amee bocame kun dhimmoota tooftaalee fi meeshaaleen qorannoo ifa baasan qofa irratti xiyyeeffachuu irratti kan gabaabatu qofa osoo hin taane, afuurri bayu kun waa hubachuu irratti humna cimaa qaba, gama sammuu fi qaama nama biraa irratti hubaatii qaba. Uumamnis akkuma san si'aa'inaa fi sosochii mataa isaa qaba.

﴿ إِنَّ ٱلَّذِينَ يُجَٰدِلُونَ فِيٓ ءَايَٰتِ ٱللَّهِ بِغَيۡرِ سُلۡطَٰنٍ أَتَىٰهُمۡ إِن فِي صُدُورِهِمۡ إِلَّا
كِبۡرٞ مَّا هُم بِبَٰلِغِيهِۚ فَٱسۡتَعِذۡ بِٱللَّهِۖ إِنَّهُۥ هُوَ ٱلسَّمِيعُ ٱلۡبَصِيرُ ٥٦ لَخَلۡقُ
ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ أَكۡبَرُ مِنۡ خَلۡقِ ٱلنَّاسِ وَلَٰكِنَّ أَكۡثَرَ ٱلنَّاسِ لَا يَعۡلَمُونَ ٥٧ ﴾
غافر: ٥٦ ــ ٥٧

*[Namoonni mallattoolee Rabbii ragaa dhugaa tokkoon malee morman (haqa fudhachuu didanii dugda itti galan), qaama isaanii keessa boonatu jira, waan itti gayuu dadhabaniif, Rabbitti maganfadhu, Rabbiin dhagayaa fi argaadha. Samii fi dachii uumutu ilma namaa uumuu caala, garuu hedduun namaa kana hin beeku] (Gaafir: 56-57).*

Gara saayinsii hojiin mul'ifamuutti *(Applied science)* beekkumsa Islaamessuun, namoota qorannoo gaggeessan kallattiidhaan qorannoowwaan bifa gar-tokkeetiin mul'ata

uumamaa ykn namaa irratti gaggeessan irraa gara qorannoowwan hawaa uumamaa fi namni kun keessa jiruu qorachutti ceesisa.

Seerri saayinsiin ammayyaa fide hedduun waa'ee qorannoo hawaa irratti hanqina qaba. Uumama wal-duraa duubaan dhufu, jiraa du'aa irraa baasuu, du'aa jiraa irraa baasuu, gosoonni lamaa walitti makamanii argamuu (bishaanii fi biyyee), waan addaa lama irraa qaamni tokko uumamuu (bishaan qulqulluu fi bishaan soogiddaawaa) kan isa keessaa foon (Qurxummii) nyaatamu fi kkf irratti hanga amaatti hubannaa gahaa irra hin geenne.

Beekkumsa Islaamessuun rakkinoota saayinsii ammayyaatiif furmaata, qu'annoolee adeemsa isaas guddisuu fi fooyyessuufis ni gargaara. Falaasama saayinsii uumamaa haaraya irratti hubannaa hawaa hunda qixxisu qabaachuuf fayyada. Hubannaan sunis hubannaa gama saayinsii saniin tokkochummaa Rabbii beekutti nama geessuun walitti nama hidha.

﴿إِنَّمَا يَخۡشَى ٱللَّهَ مِنۡ عِبَادِهِ ٱلۡعُلَمَٰٓؤُاْۗ ﴿٢٨﴾﴾ فاطر: ٢٨

*[Gabroottan Rabbii keessaa namni irra Rabbiin sodaatu Ulamaa'ota (beektota)] (Faaxir: 38).*

Beekkumsa Islaamessuun kun waa'ee qorannoo uumamaa kan akeektuuwwan hawaa isaa Qur'aana irraa argatu qofa irratti hin gabaabatu. Inumayyuu gara waa'ee ilma namaa kan silaa uumama kana waliin hidhata qabu qorachuutti ceeha.

Yeroo saayinsiin uumamaa waa'ee qabxiiwwan armaan olitti tarreessine kana irratti qorannoo gaggeessuu irraa fagaatu, yeroo inni mul'ata ykn argamoota baay'ee wal-xaxaa ta'an irratti qorannoo hin gaggeessinetti, gaheen beekkumsa Islaamessuu

immoo beektotaa fi hayyoota Muslimootaatti gargaarsifachuun dallawa kana cabsuudha.

Haala kanaan ijjannoon nuti saayinsii ammayyaatiif qabnu haasaya dhugaa jirtu balleessuuf deemu ykn waan sammuun itti amantuu fi waan seenaan nu qaqqabe waliin walitti buusuuf osoo hin taane, dirree saayinsii fi boca qaroominaa keessatti isa caallee argamuudha.

Amantiin Islaamaa kitaaba adeemsa isaa bifa guutuun eeggate irratti kan hundaa'eedha. Yaamichi isaas addunyaa guutuuf kan labsameedha. Garuu nuti saayinsii ammayyaa kanatti adeemsaa fi beekkumsa keenna qabannee itti deemuu dhabnaan, saayinsii fi adeemsa isaa qabatee nutti duule, bocaa fi seera mataa isaa qabatee nutti dhufee qaroomina keenna irratti ol-ta'ee argame.

Garuu qaama alaa irraa deebiin arganne, innis: amantiin keenya kan addunyaa guutuuf dhufe waan ta'eef, adeemsi keennas kan hundaaf tolu waan ta'eef akka haarayaatti hamilee nu keessatti uume. Kanaafuu yeroo akka ammaa kan wanti hundi ardii irraa gara ardii biraatti ceehee sammuu fi onnee nama hundaa hatuu danda'e kana keessatti, of keessa gadi deebinee keenna malee kan ormaatti hin dhimmamnu jechuun nu hin baasu.

Adeemsi beekkumsa Islaamessuu kun saayinsiiwwanii fi beekkumsa ammayyaa kana irratti akkamitti irraa balaqqisuu danda'a gaafii jedhuuf immoo, yoo Rabbi fedhe kuni waan fuul-duratti bal'inaan irraa haasofnu ta'a.

## **Rakkinoota Dalagaa Islaamummaa Ammayyaa**

Eega qabxiilee kanneen hunda daangessinee ibsineen booda, taateewwan battalaa jijjiiramaa dhufe kana keessatti rakkoowwan nuti qabnu maali? Haaroomsa akkamitti fiduuf deemna ykn akkamitti shaakalla?

Rakkinoonni kun naannoo jaarraalee hedduu dura kan eegalan ta'uu dubbannee turre. Tariitii Hijraa irraa naannoo jaarraa jalqabaa ykn akka lakkoofsa Awurooppaatti jalqaba jaarraa kurnaffaa irraayyi. Bifa walii galaatiin rakkinoonni kun hunduu mul'achuu kan eegalan eega ergamaan dhumaa *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* addunyaa kana irraa du'aan boqatanii booda. Rakkinoota kanniin keessaa muraasni akkaataa sirna siyaasaa, rakkinoota ergaa isaanii galmeessanii ol kaayuu, sababoota *Mazhaboota* afranii fi *firqaalee* adda addaa uumutti geessanii fi rakkinootaa fi burjaaja'iinsa biro kanneen ummata jiddutti qoqqoodama fidan fa'a.

Rakkinoota haaroomsitoonni fi sirreessitoonni qorachuuf yaalii godhan osoo tarreessuuf yaallee, hedduun bu'uura rakkinoota kanaa hundeen isaa kan xiinxalaan wal-qabate ta'uu isaa argina. Rakkinoonni kunis rakkina fiqhii, seenaa, siyaasaa, diinagdee ykn kan haasayaa fi falaasamaas ta'u hundeen ka'umsa isaa xiinxala ta'uu argina.

Akkuma *Ibnu Kalduun* jedhe dullumni qaroomina keennaa rakkina gama tokkoo qofa irraa kan ka'ee miti, garuu maddi isii hanqinoota kallattiilee hedduun jiran kan waa heddu irraa walitti qabamantu dukkanoota waa hedduu keessa nama galche.

## Carraaqqii Gamtaa fi Hojii Gamtaa

Haaroomsitoota keessaa gariin isaanii hiika/Tafsiira Qur'aanaa irratti fuulleffachuun waa'ee oduu Israa'iiliyyootaa kan dhugaan isaa hin beekamne, oduu durii fi oduulee ololaa irraa qulqulleessuuf yaalii kan godhan ni jiru. Kuni carraaqqii dirqamaati.

Haaroomsitoonni gariin immoo waa'ee abbaa irrummaa siyaasaa irratti xiyyeeffatanii bu'uura murtiitiif kan furmaata laatan ni jiru.  Kunis carraaqqii bareeda tokko. Haaromsitoota kanneen keessaa hedduu isaanii kan isaanii fi carraaqqiiwwan isaanii ciccimaa madden gara garaa irraa hordofuun malu beeknee jirra.

Garuu gareen namoota hedduu kanneen carraaqqiiwwanii fi qorannooleen xiinxalaa isaan taasisan hundee xiinxalaa haaroomsuuf kan kaayyeffates hanga ammaatti qabiyyee haaroomsa adeemsa xiinxalaa furuu hin dandeenne. Namoonni kunis hayyoota saayinsii afaanii, hawaasummaa, seenaa fi rakkinoota gadaa waa galmeessuu qoratan fa'a. Bifuma wal-fakkaatuun hayyoonni rakkinoota adeemsa saayinsiiwwan uumamaa ammayyaa karaa beekkumsaatiin qoratanis asuma keessatti hammatamu.

Kana irraa kaaneeti carraaqqiin gareedhaa dirqama jechuu kan dandeenneef. Yeroo kana jennu immoo addummaa qayyabannoolee fi hubannoolee namoonni dhuunfaa qorattoota biratti qaban qabaniif bakkee hin qabnu jechuu keennaa miti. Namni hunduu homa uumameeftu isaaf laafa.

Garuu mul'ata uumamaa fi namummaatiif furmaata kennuuf wal-guutiinsi beekkumsa dameewwan qorannoo

barbaachisaadha. Qorataan afaanii kan ergaa keeyyatootaa ibsuu fi akkaataa itti fayyadama isaa sadarkaalee seenaa adda addaa keessatti qoratu namoota gareen carraaqqii taasisaniif dabalata guddaa ta'a.

Qorattoonni biroos duudhaalee hawaasa tiikfatee bultootaa fi qotee bultootaa irratti mirkaneessaa seenaa fi hayyoota hambaalee waliin ta'uun hunduu gahee mataa isaa bayata. Gumaacha hayyuun Ibnu Baatuutaa fi Ibnu Kalduun godhan ilaallee jirra.

Sirni adeemsaa uumamuma isaatiin ka'umsi isaa kallattii hedduuf waan fuulleffatuuf qorattoonni baay'atuu fi waliin ta'anii wal-guutuun dhugaa battalaa qoratanii beekuu, ergaa keeyyatootaa gadi bu'anii hubatuu fi seenaa dhaalame karaa dhugaa jiru cuunfanii gingilchuutiin ifa baasuuf dirqama ta'uu isaatti amana.

Dhaabbanni keennas, dhaabbanni addunyaawaan xiinxala Islaamummaas bifuma kanaan tooftaa carraaqqiiwwan saayinsiiwwan adda addaa walitti hidhuu fi qindoomina jidduu isaanii cimsuuf qaama socha'u ta'ee dalaguu barbaada. Yoo akkas ta'ee argame carraaqqiiwwan saayinsiiwwaniif godhame kun bu'aa gareedhaan hojjachuu ifatti mul'isu, cufuma rakkinoota jiraniitiifis deebii laatuuf qophii ta'u

Garuu carraaqqiiwwan kun dursa xiyyeeffannaa beekkumsa Islaamessuun wahyii bu'uura godhatee dameelee saayinsii adda addaa keessatti fiduuf yaalu mirkaneessuu qabu. Sunis akka saayinsii xiin-sammuu, diinagdee, saayinsii hawaasaa fi uumamaa fa'a Islaamessuudha. Akkuma dur dubbanne,

tarkaanfii saayinsiiwwan kana Qur'aanaa fi sunnaan Islaamessuu keessa bu'aa wa-jijjiirutu jira.

Bu'aan saayinsiiwwan kana Islaamessuu irraa argamus, saayinsiiwwan kunniin wahyii irraa fayyadamuun rakkinoota isaanii hundaaf furmaata argatu, warroonni keeyyata Qur'aanaa fi Hadiisaatti dhimmaman immoo beekkumsaa fi xiinxala saayinsiiwwan kana irraa argataniin keeyyatoota kana sirritti gadi bu'anii qayyabatu ykn hubatu.

Hojiiwwan raawwatamaniif barbaachisummaa isaanii ibsuuf jecha adeemsa xiinxalaa haaroomsuun akka warroonni jaarraa jalqabaa Qur'aanaa fi Sunnaa itti hubatanii fi seerota carraaqqii godhuu keessatti irra deebi'anii qorannoo gaggeessuu qofa irratti kan gabaabatee miti. Seeronnummaanuu yeroo ammaa kana isa duraa irraa baay'ee adddaani. Sababni isaas adeemsi beekkumsaa, tooftaaleen qorannoo ittiin gaggeessan, qorannoolee akkaataa waa hubannaa namaas dabalatee jijjiiramee jira.

Namoonni gariin baay'ina wantootaatiin waa hubatu, gariin immoo wantoota xundaa ta'anii wal-maddii deeman faallaa isaatiin wal-bira qabuun hubatu, gariin immoo akka wantichi tokko ta'ee walitti qabametti qayyabatu, namoonni gariin amaloota wanta saniitiif hiika kennuun yeroo hubatan namoonni biraa immoo gama beekkumsaatiin wantoota san irratti gamaaggama gaggeessuun qayyabatu.

Hojiin gamtaan hojjachuu kan gita hojii fi adeemsa beekkumsaa hunda of keessatti hammatu kun, dandeettii gama tattaaffii diinagdeetiin dhimmi wal-makaa fi baay'ee wal-xaxaa ta'e irratti haaroomsa gaggeessuu akka dandeennu nuuf ibsa.

Ifatti dubbachuuf nuti dhaabbata keenna kan muxannoon isaa waggaa kudhan hin caalin kana keessatti akka sadarkaa gareen hojjachuutti, sanuu dirree xiinxalaa qofa irratti hojjachuun muxannoon nuti arganne; rakkinichi kan baay'ee gadi fagoo fi bal'aa ta'uu isaati.

Kun immoo yoomiyyuu caalaa tattaaffii fi carraaqqii hunda keessatti hojii gamtaan hojjachuutti akka amannu nu taasise. Yoo kun muxannoo nuti dirree xiinxalaa qofa irratti qabnu ta'e, haalli dhaabbata taateewwan battalaa hunda gama siyaasaa, xiinxalaa, hawaasummaa fi diinagdeetiin akka sadarkaa naannoo fi guutuu addunyaattii, qaroomina ammayyaa kan olii fi gadi jijjiiramu kana keessatti jijjiiruuf tattaafatuu hoo akkam ta'inna laata?

## Addummaa (Kophummaa) fi Hubaatii Isaa

Kophummaan ykn addummaan yeroo hedduu waa'ee ummataa san calaqqisiisuu, fedhii fi hubannaa isaanii ibsutti nama geessa yaanni jedhu ni jiraata. Qayyabannaan akkanaa kun immoo hubannaa rakkinoota jiran madaaluu hin danda'ini, ykn namni sun gadi fageenyaa fi bal'ina itti gaafatamummaa sanii haga beekuu dhabuu isaa mul'isa. Yoomiyyuu addummaan sochii ummata tokkoo bakka bu'ee hin argamu, inumayyuu gara qoqqoodamiinsatti geessa.

Qoqqoodamiinsi haaraya argamu kunis wanta isa duraa irraa adda isa godhu wayiituu hin qabaatu. Qoqqoodama kanaan dura turan, kan wal'aansoo fi qabsoo wal-irratti gaggeessan san qofa irratti dabalamuu yoo ta'e malee.

Rabbiin ol’aanaan waan isaan hin malle hunda irraa qulqullaaye qoqqoodama tokkummaa ummataa qancarsee yarse, kan kophummaa dhiphootti nama geessu kana irraa nu seeree jira. Rabbiin ajaja ummata waan gaaritti wa-ajajju, hamtuu irraa wal-seertu qindeessuu dirqama godhe.

Waan gaaritti wal-yaamuu fi hamtuu irraa wal-seeruun kun tokkummaa ummataa waliin hariiroo qaba, ilaalchaa fi hojii ummataa cimsa. Yeroo sanitti namni tokko seeraan daangeffamu malee badhetti ajaja hin baasu. Rabbiin kana irratti akkana nuun jedha:

﴿ وَٱعۡتَصِمُواْ بِحَبۡلِ ٱللَّهِ جَمِيعٗا وَلَا تَفَرَّقُواْۚ وَٱذۡكُرُواْ نِعۡمَتَ ٱللَّهِ عَلَيۡكُمۡ إِذۡ كُنتُمۡ أَعۡدَآءٗ
فَأَلَّفَ بَيۡنَ قُلُوبِكُمۡ فَأَصۡبَحۡتُم بِنِعۡمَتِهِۦٓ إِخۡوَٰنٗا وَكُنتُمۡ عَلَىٰ شَفَا حُفۡرَةٖ مِّنَ ٱلنَّارِ فَأَنقَذَكُم مِّنۡهَاۗ كَذَٰلِكَ
يُبَيِّنُ ٱللَّهُ لَكُمۡ ءَايَٰتِهِۦ لَعَلَّكُمۡ تَهۡتَدُونَ ١٠٣ وَلۡتَكُن مِّنكُمۡ أُمَّةٞ يَدۡعُونَ إِلَى ٱلۡخَيۡرِ وَيَأۡمُرُونَ بِٱلۡمَعۡرُوفِ
وَيَنۡهَوۡنَ عَنِ ٱلۡمُنكَرِۚ وَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡمُفۡلِحُونَ ١٠٤ وَلَا تَكُونُواْ كَٱلَّذِينَ تَفَرَّقُواْ وَٱخۡتَلَفُواْ مِنۢ بَعۡدِ مَا
جَآءَهُمُ ٱلۡبَيِّنَٰتُۚ وَأُوْلَٰٓئِكَ لَهُمۡ عَذَابٌ عَظِيمٞ ١٠٥ ﴾ آل عمران: ١٠٣ - ١٠٥

*[isin hunduu haada Rabbiititti masakamaa addaan hin qoqqoodaminaa, tolla Rabbiin isiniif oole yaadadhaa, yeroo isin diina turtanitti Rabbiin onnee teessan tokko godhee (wal-isin jaalachiisee), tola inni isinitti ooleen obboleeyyan taatanii jirtu, qarqara ibiddaa irra isinii geettan irraa isin baraare. Rabbiin akka isin qajeeltaniif jecha haala kanaan mallattoolee isaa isiniif ibsa. Isin keessaa ummanni gara waan gaariitti nama yaamu, kan toltutti nama ajajan, kan hamtuu irraa nama seeran haa jiraatan, jarri akkasii sun warra offole. Akka warroota eega ifa bayiinsi (dhugaan) itti dhufteen booda gargar bayanii wal-dhabanii hin*

*ta'inaa, isaan akkasii saniif ibidda guddatu isaan eeggata]. (Aala Imraan: 103-104).*

Kophummaa fi addummaan suniyyuu ummata Muslimaa bakka bu'a jechuun wanta Qur'aanaa fi sunnaan nabiyyiis hin raggaasifneedha. Inumayyuu Waan kophummaan kun addaan qoqqoodamiinsaa fi gargar bayiinsatti nama geessuuf jecha, Qur'aanaa fi sunnaanis kana irraa nama seeru.

Yoo kophummaan kun ummata Islaamaa bakka ni bu'a, wanta gaaritti nama yaama jedhamees kan yaadamus ta'e, yaamichi sunis guutumatti ummata bal'aa irraa fottoqutti kan yaamu osoo hin taane, haga tokko walitti dhufiinsa ummata bal'aa kan hin mormine fi sosochii fi yaaliiwwan ummanni taassise waliin wal-guutuu, namoota biraa kabajuu fi aadaa isaan waliin si'aa'inaan dalaguu kan of keessatti hammate ta'uu qaba.

Haaluma kanaan yaamichi namaaf dhiyaatu kunis yaamicha sonoota bu'uuraa kan silaa keeyyatoonni Qur'aana keessatti dubbataman hin faallessine ta'uu qaba. Sonni bu'uuraa kan faaleffamuu hin qabne sunis sona gamtaan ummata waliin tokko ta'anii jiraachuu, addaan qoqqoodamuu dhabuu, obbolummaa fi jaalalaa walii qabaachuu, yeroo yaada wayii irratti walii galuu dhaban gara addaan qoqqoodamiinsaa fi gar gar ciccitiinsatti nama geessuu hin qabu.

Gamtaa jechuun garee addaa (firqaa) jechuu miti. Rabbiin bifa/mallattoo ummata jedhu itti moggaase. Sunis Qur'aana isaa keessatti [Ummanni isin irraa taate…] jedhee yeroo ibsu. Akka gamtaan ummata jedhamee yaamamu kuni ummata bu'a-qabeessa ummata bal'aa keessaa baye, kan isa irraa hin fottoqnee fi isa irraa adda hin fooyamne isin keessaa bayu jechuudha.

Ummata gamtoomeen carraaqqiin haaroomsaa guutama, isaan hojiin gamtaa hawaasummaas galma gaya.

Qur’aana kabajamaa keessa keeyyatoonni qoqqoodamiinsa irraa nama dhoorgitu baay’eedha. Addaan qoqqoodamiinsi kun garee qindeeffatutti nama geessa, murtiin namaa gar gar bayuu fida. Kunis gama isaatiin gara paartii addaa qindeeffachuutti geessa, yaadaa fi ilaalcha kiyya malee jechuu fida. Dhuma irratti gar gar ciccitanii addaan fottoqanii qaamni martuu yaaduma ofii itti amanu qofatti gammaduu fi kiyyumatu sirriidha jechutti geessa.

Rakkinoota kanaaf jecha Rabbiin olta’aan waan isaan hin malle irraa qulqullaaye ajaja isaa hunda keessatti gara tokkummaa ummataatti yaame. Yoo namni gariin miira qulquluun waa hojjachuuf kophaa deeme ykn garee wayii qindeessee niyyaan isaa waa tolchuu/bareechuu qofa ta’e, namni kun gama biraatiin balbala gareen addaan qoqqoodamuu namaaf bana.

Yeroo kanatti immoo namoonni biraa carraa kanatti fayyadamuun seera gamtoominaa osoo hin eegne, hariiroo walitti dhufiinsa hawaasaa osoo hin kabajne karra banamte tanatti dhimma bayu. Kana immoo Rabbiin guddaan Qur’aana isaa keessatti akkana jechuun irraa nu seere:

﴿ وَمِنَ ٱلنَّاسِ مَن يُعۡجِبُكَ قَوۡلُهُۥ فِي ٱلۡحَيَوٰةِ ٱلدُّنۡيَا وَيُشۡهِدُ ٱللَّهَ عَلَىٰ مَا فِي قَلۡبِهِۦ وَهُوَ
أَلَدُّ ٱلۡخِصَامِ ٢٠٤ وَإِذَا تَوَلَّىٰ سَعَىٰ فِي ٱلۡأَرۡضِ لِيُفۡسِدَ فِيهَا وَيُهۡلِكَ ٱلۡحَرۡثَ وَٱلنَّسۡلَۚ وَٱللَّهُ لَا
يُحِبُّ ٱلۡفَسَادَ ٢٠٥ وَإِذَا قِيلَ لَهُ ٱتَّقِ ٱللَّهَ أَخَذَتۡهُ ٱلۡعِزَّةُ بِٱلۡإِثۡمِۚ فَحَسۡبُهُۥ جَهَنَّمُۖ وَلَبِئۡسَ ٱلۡمِهَادُ
٢٠٦ وَمِنَ ٱلنَّاسِ مَن يَشۡرِي نَفۡسَهُ ٱبۡتِغَآءَ مَرۡضَاتِ ٱللَّهِۚ وَٱللَّهُ رَءُوفُۢ بِٱلۡعِبَادِ ٢٠٧

يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ ٱدۡخُلُواْ فِي ٱلسِّلۡمِ كَآفَّةٗ وَلَا تَتَّبِعُواْ خُطُوَٰتِ ٱلشَّيۡطَٰنِۚ إِنَّهُۥ لَكُمۡ عَدُوّٞ مُّبِينٞ ﴿٢٠٨﴾ البقرة: ٢٠٤ - ٢٠٨

*[Ilma namaa irraa nama wanti inni waa'ee duniyaa kana irraa odeessu si harkifatutu jira, (amantii Islaamaa ni jaaladha) waan onnee kiyya keessa jiru irratti Rabbi ragaadha jedhee kakata. Yeroo si biraa baye immoo (yaa Muhammad) badiin lafa balleessa, midhaan (facaasaa) namaa fi hortee isaanii galaafata. Rabbiin nama badii dalagu hin jaalatu. Yoo Rabbiin sodaadhu jedhaniin boonni baditti isa kaasa, Jahannam isaaf gayaadha, booddeen isaa waa fokkate. Nama irraa nama jaalala Rabbii argatuuf jecha lubbuu isaa gurgurutu jira, Rabbiin gabroottan isaatiif mararfataadha. Yaa warra amantan! Amantii Islaamaa keessa guutumaan guututti seenaa, xurreedhan Sheyxaanaa hin hordofinaa, inni isiniif diina ifa galaadha] (Al-Baqarah: 204-208).*

Akkaataan ummanni ittiin tokkoomee hojiin gamtaan itti raawwatamu waan Muslima jalaa bade. Ummata keessatti gamtoomina kanaan amantii Islaamaa keessa guututti seenuun mirkanaaya waan ta'eef, ammas gamtoomina kanaan aantummaan tokkummaa ummataatiif qaban ittiin mirkanaaya waan ta'eef, isitu qoodduu ykn addaan baaftuu jidduu tokkummaa fi gar gar ciccitiinsaati waan ta'eef qoratanii irra gayuun dirqama ta'a.

Burjaaja'iinsi fi rakkinoonni xaxaa fi wal-yaabbataan akka dukkana halkanii nuti keessa jirru kun, ifnaa hedduu barbaada. Maddi ifaa kanaas warraaqsa waliinii gaafata. Gadaa saayinsiin waan hunda bira gayee, adeemsaa fi tooftaalee

qorannoo isaatiin amaloota hawaasummaa fi namummaa hunda cabsee keessa seenuun waan isaanii hunda hubatetti, qaamni ykn gareen kamiyyuu kophaa isaatti dukkanoota wal-xaxaa kana keessaa kophatti bayuuf ifaa gayaa qaba kan jedhu hin jiru.

Nuti addunyaa bal'aa akka ganda tokkootti jiraatu, kan jidduu beekkumsa fayyaa fi hawaa, hirreegaa fi falaasamaa fi saayinsiiwwan waa'ee sab-qunnamtii hunda walitti qabachuu danda'e keessa jirra. Akkuma jedhamu gadaa saayinsii waa'ee waaqaa qoratuu fi kan saayinsii uumamaa qoratu keessa jirra.

## Barbaachisummaa Addunyaaf Filannoo Biraa Barbaaduu

Addunyaan yeroo durii madden beekkumsaa ofii qaban saniin adda bayanii kophatti jiraachuu ni danda'u ture. Garuu yeroo ammaa kanatti madden beekkumsaa baay'ee heddummaatee wal-guutaa dhufee jira. Kun immoo yoomiyyuu caalaa gamtaan hojjachuu gaafata. Bocni qaroominaas imaammata saayinsii waliin wal-simaa dhufuun addunyaa ammaatiif filannoo ta'ee bakka bu'ummaa argatee jira.

Imaammanni saayinsii addunyaa ammaa kunis qaamni kamiyyuu dandeetiin beekkumsa isaa hanga fedhe haa ta'uu, koola dhaaba beekkumsaa adda deemuutiin ala. Kana irraa kaaneeti hojii gamtaa cimsinee kan deeggarreef. Haa ta'u malee deeggarsi nuti gamtoominaaf qabnu kun addummaa/cimina namoonni gariin akka kophaatti hojii gamtaa keessatti qaban kan faallessuu miti.

Sonni qaama dhuunfaa ykn kophummaa immoo dhuma isaa irratti rakkinoota hedduu uumuu danda'a. Rakkinoonni booda irra uumaman sun immoo osoo nuti hojii kophaa sanis

garaa qulqulluun kan deeggarrus ta'ee booda irra faallaa waan nuti yaanneetti geessuu danda'a. Yaada kana hubachuudhaaf qabxiilee armaan gadii kana xiinxaluun ni danda'ama.

## **<u>Kophummaan Akkamitti Ummama?</u>**

a. Qaamman ykn ilaalchonni kophummaa hunduu kan uumamaniin qaamni biraa kan waan gaaritti nama yaamu hin jiru isa malee kiyya malee jedhanii yaaduu irraa ka'a. Akkasitti of ilaaluun kunis ana qofatu dhugaa beeka miira jedhu nama keessatti uuma. Kunis kan ta'uun yookii haala yeroo wal xaxaa kana sirritti hubachuu dhabuun ykn immoo yeroo dhugaan bifa isii isa sirrii qabattetti dhuguma jirtu beekuu wallaaluu irraa kan ka'e ta'uun isaa ni mala.

Kuni gara tattaaffiiwwan haaroomsaa hunda sagantaalee sonoota gaggabaaboo hir'ina hedduu qabdu qofa irratti geeffachuun namoota ofitti yaamuu barbaadan saniif akka afaan irratti salphatuuf godhuu qofa irratti fuulleffata. Yeroo garii jalqaba kanaaf dhimmootuma sasalphaa qofa afaan keennee booda irra hubannoo isaaniif daballa yaanni jedhus hin dhabamu.

Booddeen kanaa immoo dhaabbatichi hundeeffame sun hundeeffamni isaa bocama ilaalcha ykn xiinxala isaa akka dursu godha. Yeroo kana immoo tattaaffiin hundeeffama xiinxalaa fi nama barsiisuu gara homa sasalphaa wayii kan rakkinoota jiran kana sagantaa gabaabduu wayii qofa keessatti ibsuutti jijjiirama. Akkasumas sagantaaleen kennamanis dhaadannoolee irratti akka fuulleffatan taasisa.

Kuni immoo geengoo ykn daangaa dhaabbata sanii keessa qofatti dirqama gara maddeen xiinxalaa haaraya isa amma jiru

kana kan caalu barbaaduutti nama geessa. Akkas ta’uun isaa immoo afuura miseensummaa nama keessatti dagaagsa. Kuni immoo faallaa waan Rabbiin nuun jedheeti:

﴿ وَلَا تَقْفُ مَا لَيْسَ لَكَ بِهِۦ عِلْمٌۚ إِنَّ ٱلسَّمْعَ وَٱلْبَصَرَ وَٱلْفُؤَادَ كُلُّ أُوْلَٰٓئِكَ كَانَ عَنْهُ مَسْـُٔولًا ﴿٣٦﴾ ﴾

الإسراء: ٣٦

*[Waan beekkumsa isaa hin qabne keessa hin galin. Gurri, ijjii fi onneen guyyaa san (guyyaa qiyaamaa) isa irraa ni gaafatamu] (Al-Israa: 36).*

Miirri adeemsa faallessuu fi dandeettiin waa hubachuu ni dhokatti. Haalli nama akkeeffachuu ni babal’ata. Sosochiin jiru hunduu baay’ina gosaa irraa gara baay’ina lakkoofsaatti jijjiirama. Xiinxalaa fi bifa gadi bu’iinsa qabuun waa yaaduu irraa of qusachuun namni mataa dalagaa ykn bulchiinsaa irra jiru (Itti gaafatamaan) dogongora irraa tikfamaadha yaada jedhutti amanu.

Kana godhuun isaanii immoo yaada waa jajjabeessuu qofatti kan nama geessu osoo hin taane ilmuma namaatuu hoogganaas ta’ee hoogganamaa eenyummaa isaa irraanfachiisee akka badhee duwwatti hafu isa taasisa.

a) Bocni qindoominaa kan dirqamaan dhugaan ana qofa biratti bocamte jedhu, dhugaa ani jedhu qofatu ummata bakka bu’a/ibsa yaanni jedhu kun hawaasa Muslimaa keessaa nama ykn qaama biraa dhabamsiisu. Inumayyuu qaamonni akkanaa kun hawaasa Muslimaa kafarsiisu (amantii keessaa baasu), namaaf bakkee hin kennan.

Kana bira kutee inumayyuu amantii Islaamaa akka haarayaatti nama qayyabachiisuuf deema. Yeroo kana dalagu kana amantiin Islaamaa kun gaafa ergamaan dhumaa (nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) dhufan irraa akka

eegale hin beekuu? Amantii kana Muslimoonni lakkoofsaan biliyoona heddu ta'an naannoo jaarraa kudha-afuriitiif akka qayyabatan hin beeku.

Amantii jaarraa kana hundaaf ture kana gareen tokko ykn qaamni wayii ykn dhaabbanni wayii ykn mootummaan tokko haguma fedhe amalaa fi homa fedheen haa ibsamu dhufee guutumatti bifa haarayaan hubadhe jechuun gonkumaa hin malu.

Muslimoonni karaa irraa dabiinsaa fi sababoonni dadhabina isaanii haala irra hammaataa keessas jiraatan jiruu duniyaa tana keessatti daangaa utubaalee Islaamaa fi Iimaanaa keessatti jiraatan. Hundi isaaniituu jechuu yoo dadhabnes hedduun isaanii utubaalee kana ni eeggatu. Rabbiin namni kamiyyuu ykn gareen kamiyyuu akka isa irratti ol ta'u isaaf hin mijeessine.

Namni anatu ummata bakka bu'a, dhugaa jirtu anatu harkaa qaba jedhe, kuni akka nama dharaan aangoo ummata irratti labseeti. Mormii fi murtii isaa keessatti doorsisa fayyadama garuu sababa kanaaf nama doorsisa jedhee himachuu hin danda'u. Nama doorsisuun cunqursaa nama irratti raawwachuun ijoo nama biraatiif bakkee kennuu dhabuuti. Bakkee namaaf kennuu dhabuun kun jalqaba xiinxalaan, booda qaamaan dhufa.

Warraaqsonni amantii baay'ee kan roga ykn ogummaa qabanii fi kan itti gaafatamummaan isaanitti dhagayamu yoo ta'e, qaamni kun doorsisa ni balaaleffata malee ofitti hin fudhatu.

Garuu warraaqtonni gariin yaada kana fudhachuu diduun nutu dhugaa harkaa qaba, nu qofatu karaa sirrii irra jira jechuun isaanii sun namoota isaan boodaan dhufan kan xiinxaluu fi xiinxala kana hojitti jijjiiruuf carraa gadi aanaa qabaniif karaa

saaquun akka isaan hariiroo namoota jidduu jiru boccoorraa fi wal-waraanutti jijjiiran godhuudha. Inumayyuu namoonni gariin dhaabbatichuma keessattuu yoo namni yaada isaa waan faallessu dubbate amala of irraa nama fixiruutti dhimma baya. Dhaabbilee akkasii san keessatti garaa garummaa yaadaa keessummeessuun hin jiru.

Yaada armaan olitti dubbanne kana cimsachuuf: amantiin keenna Qur'aanni murteessaa ittiin murteeffatan, gorsi isaa addunyaa hundaaf, shari'aa namaaf mararfatuu fi waa namaaf laaffisu, nabiyyummaa dhumaa ta'utti amana. Ergaa kana hunda hubachuun akka sadarkaa hawaasummaatti fedhii fi kutannoo barbaachisa. Nuti dukkana dacha keessa jirra. Akkasuma ifa dachaa qabsoo namaa dachaan barbaadu keessa jirra. Naannummaa dhiphoo fi furmaata gar-tokkee ykn dhuunfaatiif carraan hin jiru.

## Cuunfaa

Yaada olitti tarreessuuf yaalle kan waa'ee yaaddan xiinxalaa fi shaakalliiwwan warraaqsota Islaamotaa jalaa dhokatanii kana bifa dimshaasha ta'een cuunfuun ibsu yoo barbaanne, akka armaan gadii kana ta'a:

Yeroo sosochiilee fi warraaqsonni Islaamotaa kallattiiwwan irraanfatetu jira jennu, bu'uurota fi sonoota ummanni keenna qaban yaada keessa galfachuu qabna. Sonoota kanas akka armaan gadiitti gabaabsuuf yaalla:

- Ol'aantummaa fi ittiin murteeffannaa Qur'aanni kabajamaan qabu;
- Gorsaa fi yaamichi amantii Islaamaa addunyaa hundaaf ta'uu isaa;
- Islaamummaan seera namaaf mararfatuu fi waa namaa laaffisu;
- Nabi Muhammad ergamaa dhumaa ta'uu isaanii fi
- Jidduu dubbisa wahyii fi hawaa walitti qabanii dubbisuu (hubachuu) dha.

Qabxiileen kunniin ummata ergaa amantii kana baadhatan akka hubannoo fi fedhii hawaasaa fi ummata bal'aa tajaajiluu qabaatan isaan godha. Akkasumas sosochii fi carraaqqiiwwan ilmi namaa taasisu hunda irraa akka calaqqisu taasisa. Mallattoolee burjaaja'iinsa warraaqsota Islaamaa isa ammayyaa fi yaaddan ciccimoo isaan jalaa dhokatan tarreessuu yoo barbaanne, akka armaan gadiitti cuunfuun ni danda'ama:

a) Yeroo xiinxalli gareen qoodamuu uumame irraa eegalee warraaqsonni kunniin gara dhaabbilee ummata addaan cicciruutti jijjiiramaa dhufe. Kunis kan ta'eef akkaataa gaaddisa

tokkummaa jalatti gamtaan ittiin hojjachuu irra gayuu waan dadhabaniifi. Kuni immoo akka warraaqsota kanniin marsanii qaama ummataa irraa adda baasanii, dirreelee hedduu keessatti isaan rukutamaniif qaama biraatiif haala mijeesse.

b) Hedduun warraaqsota kanaa beekkumsa amantii qabachuutiin hubamanii, keeyyatoota amantii (kan Qur'aanaa fi sunnaa) keessatti dubbataman beekkumsa namummaa ykn beekkumsa dhimmoota biraa heddumminaan beekuutiin walitti laaqan.

c) Jidduu beekkumsa Rabbii fi namaa walitti laaquun sun immoo namoonni gariin ana qofatu dhugaa jirtu beeka jedhanii of dhaadhessuu eegalan. Namoonni gariin kabaja keeyyatoonni amantiin Islaamaa qaban dahoo godhachuun xiinxalaa fi sosochii isaa hunda ittiin mijeeffatee argame. Akkasumas bu'aalee seenaa kan amma mul'atanitti fayyadamuun akka humnaatti oolfatee ana qofatu seenaa tare san bakka bu'a ykn ana qofatu seenaa san hojii irra oolchaa jira jedhee of dhaadhesse.

d) Namoonni gariin immoo haala keeyyatoonni Qur'aana kabajamaa fi sunnaa ergamaa Rabbii jiraniin carraaqqii beekkumsa biraa horachuuf taassisuu irraa duroomnee jirra jedhee haasayuun dhama'uu eegale. Namni kun wahyii fi hubannaa ilma namaa addaan hin baafne. Dandeettii beekkumsa amantii qabachuu horachuu hin dandeenne ykn jidduu ergaa keeyyatootaa fi dhugaa battalaa walitti hidhuu hin dandeenne. Gareeleen sochii kanaa gariin immoo addunyaa xiinxala isaa (waa'ee fi akkaataa bu'uureffama xiinxala isaa) osoo hin daangessin dhaabbata hundeessuu isaa namaaf labsuu eegale.

Kanaafuu carraan inni qabu sosochiilee guyyaa guyyaan ta’anii fi barbaada dhaabbata isaa kana simachuuf jecha, xiinxala fudhatama qabu osoo hin taane, cal-jedhee taateewwan battalaa ykn hambaalee seenaa irraa xiinxala fudhachuu eegale.

e) Dhimmoonni fi dogongoroonni ilaalchaa dhaabbileen gariin ummata bal’aa kana dhaabbata ofii keessa galchuun akka isa qofa ta’anii hafan godhee jira. Akkasumas amantii Islaamaa guutuu sagantaa dhaabaa fi siyaasaa isaa qofatti gabaabsee jira. Hubannoo dogongoraa kan mirga kophummaa ilaalchaa fi dhaabaa, aantummaa ummataa qabaachuu fi qaama ummata bal’aa irraa adda isaan baasu akka sababaatti dhiyeeffatu.

f) Hedduun warraaqsota kanniinii keeyyatoota Qur’aanaa fi sunnaatiin masakamna jedhanii cimsanii dubbatanis, mataa isaaniitiif adeemsa hubannoo amantiin Islaamaa aqiidaa fi shari’aa irratti qabu kan isaan bakka bu’u bocachuu hin dandeenne. Adeemsi yaamicha amantii Islaamaa kan adeemsa dimshaashawaa ergaa isaa galmaan gayuuf gahumsa qabu ijaaruuf dhagaa bu’uuraati.

Dhugaan jirtu, nuti yeroo ummata dhihaatiin walitti dhufeenya eegalle irraa jaqabee yaamichi amantii Islaamaa jidduu diriiruu fi kottoonfannaa fi duraa fi duubatti deebi’uu jiddutti argama. Yaamichi amantii kun yeroo diina ala irraa isaanitti duule of irraa deebisuuf jecha tokkummaa barbaachisutti cimee humna godhatee tokkoomee argama.

Garuu yeroo gadaan ijaarsaa, qaroominaa, badhaadhinaa, ciminaa fi fooyya’iinsaa gayetti immoo yaamichi sun duubatti deebi’uun yaamichi gar-tokkummaa/addummatti yaamu kan dandeettiin isaa baay’ee dadhabaa ta’e, kan ummataaf qaroomina

si’aa’aa fiduu hin dandeenne, kan akka dur yeroo diina of irraa ittisanii, eenyummaa koloneeffattootaa hiddaan buqqisanii dhabamsiisanii saniitti cimuu hin dandeenne bal’atee mul’achuu eegale.

Haalli kuni immoo biyyoota Muslimootaa hedduu keessatti bal’inaan kan mul’atee argamuudha. Kanaafuu addummaa yaamichi Islaamummaa qabu hunda nama yaadachiisuun, sammuu fi dhageettii beektotaa fi qorattoota hundaa biratti akka dubbatamu godhuun, tariitii boca yaamicha Islaamummaa fi qabiyyee isaa kana sirreessuun akka inni taatee hundaaf deebii qabaatu fi rakkinoota hunda fuul-dura dhaabachuu danda’u gargaaruun isaa ni mala.

# KUTAA LAMMAFFAA

Kutaa jalqaba kitaaba kanaa keessatti, mallattoolee gurguddoo ilaalchotaa fi yaamicha warraaqsota Islaamaa isa ammayyaa jalaa dhokatan ibsan bifa dimshaashawaa ta'een ibsuuf yaallee tuure. Ibsi sunis bifa wanta jiru dhiyeessuun mormii isa irratti dhiyaachuun malu irratti dhiyeessanii qulqulleessuutiin kaayame.

Rakkinoonni nuti ibsa yaamicha warraaqsota Islaamaa irraa argines, yaamicha addunyaa hundaaf dhiyaate kana dhiphisuun yaamicha naannoo muraasa ykn gosa/saba garii qofaaf dhiyaate fakkeessuun gurra namaatiin gayuu isaaniiti.

Qorannoo keenna kan kutaa kanaa fi isa itti aanuu keessatti immoo rakkinoota jiran tarreessuu, akkaataa isa irraa itti deebi'an, akkaataa bifa haaraya ta'een yaamicha Islaamummaa kan si'aa'ina qabu itti deebisanii fi fedhii Rabbiitiin akkaataa burjaaja'iinsa jiru kana hunda keessaa ittiin bayan ibsuuf yaalla.

Rabbitti gargaarsifachuun akkana jechuun eegalla: mallattooleen addummaa amantii Islaamaa mul'isan kan baay'ee ciccimoo ta'an kan dhimma kana irratti beekuun isaan waan yaamicha keenna keessaa nu jalaa dhokate ittiin beeknu:

- shari'aan kan waan hunda dimshaashaan of keessatti hammattu, kan namaaf mararfattuu fi namatti waa hin jajjabeessine ta'uu isaa;
- Amantiin Islaamaa namaaf, yeroo fi bakkee hundaaf kan ta'u ta'uu isaa;
- Amantiin Islaamaa kaayyoo fi ergaa galmaan gayuuf karoorfate qabaachuu isaa;
- Ergaan isaa addunyaa hundaaf ta'uu isaa;

- Qur’aanni kitaaba ittiin murteeffamu/murteeffatan ta’uu;
- Nabi Muhammad ergamaa dhumaa ta’uu isaanii;
- Seera haaromfamuu namaa kan hubannoo fi dandeettii ilmi namaa adeemsa haaraya argachuuf qabu fi
- Tooftaalee ilmi namaa wahyii dubbisuu fi jidduu isaa fi dubbisa hawaa taateewwan battalaa waliin walitti qabuuf dandeettii ilma namaa qabu.

## 1 - Dimshaashummaa

Dimshaashummaa jechuun keenna amantiin Islaamaa dhugaalee bu’uuraa, qabiyyeewwan aqiidaa, adeemsa xiinxalaa, adeemsa jiruu kan aqiidaa fi waan namaaf mul’ate irraa fudhatame, adeemsa dhugaa barbaaduu, dhimmi waa’ee hawaa hundayyuu jiruu, ilma namaa fi cufuma wantoota hundaa ilaalchisee bifa bareeda ta’een ibsee jira.

Wantoonni gubbatti tarreessine kun hunduu Rabbii ol’aanaa guddaa ta’eef kan uumaman, kan isaan walitti hidhata qabanii fi kan fedhii isaa jalatti bulaniidha. Dhugaaleen gurguddoon keessattuu dhugaan tokkochummaa Rabbii, dhugaan gabbaramaan isa qofa ta’uun fi dhugaan waa’ee haala jiruu hunduu wahyii Rabbiitiin ibsamanii jiru.

Bifuma wal-fakkaatuun sosochiiwwan ilmi namaa taasisu hunduu kan akka Rabbiin gabbaruu, bittaaf gurgurtaa fi gosti sosochii namni taasisuu hunduu dachii tana kunuunsuuf iddo-bu’ummaa Rabbiin ilma namaatiif kenne keessatti murtiiwwan isaanii ibsamanii addaan baafamee ibsamee jira.

Kanaafuu shaakallii/hojiin cal-jedheetuma hojjatamu hin jiru, sochiin qabiyyee dimshaashummaa kanaan wal hin simanne

hin jiru. Qabiyyeen dimshaashummaa kun cufuma shaakalliiwwan ilmi namaa dalaguu ibaadaa (Rabbiin gabbaruu) jedhee fudhata: haga fuudhaa nyaataa namni tokko afaan haadha manaa isaa ykn ilmaan isaa keessa kaayuu fi wal-qunnamtii saalaa haadha manaa isaa waliin godhuun gayutti.

Daangeffama sona dimshaashummaa kana keessatti sochiin ilma namaa badii irraa isa tiiysu, kan ilma namaa kabajaa isaa eegeefi sadarkaa wantoota isaaf laaffisamanii kan akka horii, biqiltootaa fi wantoota jajjabootti gadi deebi'uu irraa isa tiiysu hunduu ibaadaadha.

Haala kanaan ilmi namaa Rabbii isaatitti bohaarfata, addummaan, baraaxinni fi kophummaan isa hin argattu, waan gaarii hojjatu hunda irratti niyyaa yoo tole galata itti argata waan ta'eef. Kanaafuu kuni adeemsa Rabbiin irraa nuu dhufe kan haala jiruu hunda of keessatti hammateedha.

## 2 - Kan Walii Galaati

Kana jechuun amantiin Islaamaa ilma namaa hundaafi, yeroo fi bakkee kamiifuu kan ta'uudha. Ergaan isaas gosa wayii qofa addatti, yeroo addaatti ykn bakka addaatti kan ilaaluu miti. Ergaan isaa yaamichaa fi gorsa cufuma ilma namaa hundaaf dhiyaateedha.

Adeemsa Islaamummaa keessatti ilmi namaa kun qaama tokko kan yoomiyyuu gargar qoodamuu hin dandeenneedha. Tokkumman ilma namaa kan adeemsa kana keessa jiru dhugaa haala jiruu fi jireenya ilma namaa kan bifaa fi saala adda addaa qabuuti.

Tokkummaan ilma namaa sona kana keessa jiru dhugaa ilma namaa kan ummataa fi gosa adda addaa irraa walitti qabame kanaati, ilma namaa kan iddoon qubsuma isaa/teessoon isaa bakka garagaraa ta’eeti, ilma namaa kan amantiin isaa tokko ta’e. kuni hunduu mallattoolee adeemsa kanaa keessaa isa tokko.

Akkasumas qabiyyee sona kanaa keessaa inni biraa ergamtootaa fi ergaan isaan dhufaniinis roga aqiidaa keessaa isa tokko ta’uudha. Rabbiin ilma namaa hundayyuu lubbuu takka irraa isa uume. Lubbuu takkittii san irraa haadha manaa isaaf uume. Booda jara lamaan san irraa dhiiraa fi dubartii hedduu uume.

Kunis kan ta’eef akka ilmi namaa kun ummata hedduu gosa adda addaa irraa walitti qabame ta’ee, eega wal barataniin booda hariiroo waliin jireenyaa fi wal jaalalaa wal jiddutti cimsuun sana booda guutumaan guututti akka amantii Islaamaa keessa waliin seenaniifi.

## 3 - Kan Ergaa Ykn Galma Gayuuf Kaayyeffate Qabu

Ergaan ykn kaayyoon amantiin Islaamaa deemuuf kan ifa nuu ta’u, uumama kana yoo gadi buunee xiinxallineedha. Uumamni Rabbiin uume kun hunduu xiqqaa fi guddaanis, kaayyoo uumameef qaba. Uumaan Rabbiin uume kun hunduu jireenya kana keessatti ga’ee taphatu qaba. Garuu gahee san ilmi namaa beekuu fi wallaaluu danda’a malee.

﴿ أَفَحَسِبْتُمْ أَنَّمَا خَلَقْنَاكُمْ عَبَثًا وَأَنَّكُمْ إِلَيْنَا لَا تُرْجَعُونَ ﴿١١٥﴾ ﴾ المؤمنون: ١١٥

*[Sila homa cal jennee akkanumaan isin uumne seetanii?*

*(Dhuma irratti) gara keenna waan hin deebine seetanii?] (Al-Mu'uminuun: 115).*

﴿ أَحَسِبَ ٱلنَّاسُ أَن يُتۡرَكُوٓاْ أَن يَقُولُوٓاْ ءَامَنَّا وَهُمۡ لَا يُفۡتَنُونَ ٢ ﴾ العنكبوت: ٢

*[Ilmi namaa Rabbitti amanne jedhee osoo hin qormaatamin waan hafu se'aa?] (Al-Ankabuut: 2).*

﴿ أَيَحۡسَبُ ٱلۡإِنسَٰنُ أَن يُتۡرَكَ سُدًى ٣٦ ﴾ القيامة: ٣٦

*[Ilmi namaa homa cal jedhamee dhiifamu of se'aa?](Al-Qiyaama: 36).*

Cufuma waan hawaa kana keessatti uumamee keessa wanti tasa argame ykn tasa uumame jedhu hin jiru. Akkasumas wanti sababa tokko malee ykn ogummaa tokkoof ala ykn ga'ee tokkoon ala uumame hin jiru. Jechi tasa ykn osoo itti hin yaadamin jedhu xiinxala duubatti hafaa fi dulloomaa turtiin isaa gadaa dhaloota ilma namaa isa durii waliin wal-qabateedha.

Garuu amantiin Islaamaa ilma namaa dukkana yeroo sanii keessaa baasee, ilaalcha tasa uumame jedhu irraa gara xiinxala adeemsa dhuga-qabeessaan waa gamaaggamanii hariiroo jidduu uumamaa fi wantootaa jiran qoratanii irra gayuutti baasee jira.

Sammuun gariin tan sunnaa Rabbii ol'aanaa fi dalagaawwan Rabbii kan hawaa, namaa fi haala jireenyaa keessatti mul'atu qoratanii irra gayanis ni jiru. Akkasumas sammuun madaala hammaa (kan baay'inaa fi qulqullina) wantoota hundaaf Rabbiin kaaye sirrii ta'uu isaa hubatanis ni jiru. Sosochii fi si'aa'ina sammuun saayinsii fi beekkumsa irraa argatte kana irraa wanti sammuu namaa sirreessu, imala isaa tartiibessu, ergaa wantootaa fi haala jireenyaa bifa gar-tokkeen hubachuu irraa baraaruun gara hariiroowwan jidduu wantootaa

jiran hunda walitti fiduun ergaan isaa guddaan maal akka ta’e irraa hubachuuttii nama geessa.

﴿ وَمَا خَلَقْنَا ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضَ وَمَا بَيْنَهُمَا لَٰعِبِينَ ﴿٣٨﴾ مَا خَلَقْنَٰهُمَآ إِلَّا بِٱلْحَقِّ وَلَٰكِنَّ أَكْثَرَهُمْ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٣٩﴾ ﴾ الدخان: ٣٨ - ٣٩

*[Samiiwwanii fi dachii, akkasumas wantoota jidduu jara lamaanii jiran taphaaf hin uumne, dhugaafi malee waan biraatiif hin uumne. Garuu namoonni hedduun kana hin beekan] (Dukaan: 38-39).*

## 4 - Kan Addunyaa Hundaaf Ta’u

Addummaan addaa amantiin Islaamaa qabu kan biraa addunyaawummaadha. Kunis addummaa addaa kan baay’ee barbaachisaa ta’eedha. Seenaa ilma namaa keessatti yeroo kanatti addummaa tana qayyabachuu fi hubachuun baay’ee waan gudddaa tokko.

Qur’aanni afaan Arabootaatiin ergamaa isaan irraa ta’e irratti biyya tiikfamtuu taate (Makkatti) bu’e. Buufamni isaa kunis harama lammaffaa tan taate Madiinatti xumuramee isaan amantiin Islaamaa guutuu ta’ee argame. Ummanni Arabaas Qur’aana kanaan gara caffee qaroominaatti cee’an. Gara qaroominaatti cee’uun kun fedhii isaaniitiinii miti, amala akkasiis hin qaban ture.

Garuu Rabbiin guddaa fi ol’aanaa ta’e haala dur turan san keessaa isaan baase. Ifatti isaan baasuun Rabbii kun immoo bifa ol’aantummaa gosummaa isaanii mul’isuu miti. Hariiroon isaan Qur’aanaa fi ergaa amnantii waliin qabanis hariiroo itti

gaafatamummaa ofitti fudhachuu fi Rabbitti amanuuti malee hariiroo isaan biratti dhalate ykn uumamee miti.

Hayyoonni gadaa jalqabaa kanneen ergaa amantii Islaamaa baadhatan ergaa ciccimoo lamaaf bayan. Innis: gara Rabbitti amanuutti nama yaamuu fi waan gaaritti nama ajajuu fi hamtuu irraa ummata seeruudha.

كُنتُمْ خَيْرَ أُمَّةٍ أُخْرِجَتْ لِلنَّاسِ تَأْمُرُونَ بِٱلْمَعْرُوفِ وَتَنْهَوْنَ عَنِ ٱلْمُنكَرِ وَتُؤْمِنُونَ بِٱللَّهِ ﴿١١٠﴾ آل عمران: 110.

*[Irra filatamaa ilma namaa ummata kana keessaa bayee taatanii jirtan. (Sunis) waan namoota waan gaaritti yaamtanii wantoota fofokkuu (badii) irraa dhoorgitanii Rabbitti amantaniifi.] (Aal: Imraan: 110).*

Kanaafuu yaamichi amantii Islaamaa kun galma ilma namaa hundaa guutuuf kan dhufeedha, galmi kunis: ilma namaa gabra gabbaruu irraa gara Rabbii tokkicha gabbaruutti baasuu, cunqursaa amantiiwwan biraa irraa gara wal-qixxummaa fi haqqummaa amantii Islaamaatti, dhiphina addunyaa irraa gara bal'ina duniyaa fi aakiraatti nama baasuuf dhufe.

Wantoonni kun hunduu faaydaa ilma namaa yaamichi amantii Islaamaa kun bifa walii galaatiin isaaniif dhiyaateef oolu. Yaamicha naannummaa fi gosummaa irraa bilisa ta'e kan faaydaa namootaa irratti fuulleffate kanaan, amantiin kunis namoota biraa biratti hubatamaa fudhatama qabu, qaroominaa fi aadaa isaanii waliin kan wal-simatu ta'uu danda'ee jira.

Ummatoota biraa kanas ergaa amantii kanaa bakkaan gayuuf itti gaafatamummaa wal-qixa ta'e kan fudhatan taasisee jira. Jalqabiinsa amantii kanaa irra waggoonni muraasni osoo hin

dabrin amantiin Islaamaa walakkaa kibba addunyaa ifaadhaan uffisee jira. Kibba addnuyaa jechuun akka yeroo san ibsamutti gara bahaatiin kibba Chaayinaa irraa gara dhihaatiin immoo hanga kibba Awurooppaa kan bal'atuudha.

Ummatoonni kitaabaa fi dhugummaa hin qabne kan akka Arabootaa, Mogoolotaa, Turkootaa, Barbarootaa fi Biizaantaanotaa warraaqsa babal'ina amantii Islaamaatiif godhame irraa maalummaa amantii kanaa hubachuu danda'anii jiru. Ummatoonni kitaaba amantii qaban immoo namoonni gariin Muslimoota waliin karaa nagayaatiin jiraachuuf walii galtee irra gayanii jennaan addummaan amantii isaanii, eenyummaan isaanii fi aadaan isaanii ieegameefii nagayaan jiraataa turan.

Mootummaan Roomaa kan biyyoota shaam keessatti argamu fi kan Biizantaayinootaa kufuun caffeewwan qaroomina duraanii hunduu ifaa amantii Islaamaatiin uwwifamanii ifuun biyyi Muslimootaa isiin jalqabaa hundeeffamtee turte. Muslimoonni dhiibbaawwan dhihaa fi bahaan dhufu bira kutuu danda'anii jiru. Akkasumas amantiin, aadaan fi qaroominni heddummaatuu hubatanii ofitti fudhatanii jiru.

Irra guddaan wanti qaroominni biyyoota dhihaa ammayyaa irra geette yoo jiraate, heddummina (Diversity) raggaasisuu yoo ta'e, yaamichaa fi ergaan amantii Islaamaa addunyaa hundaaf ta'uun isaa immoo heddummina kana raggaasisuu irratti yeroo dheeraan dura dalagaa ture. Ammas irratti dalagaa jira. Akkasumas fuulleffannaa isaa gara idila addunyaatti fuulleffachuun si'aa'ina addaaddummaa kabajuu kana cimsuun ilma namaa uumamaan adda adda ta'e kan ifnanni qajeellumaa fi amantii haqaa haguuge horachuudha.

Amantiin dhugaa kunis mallattoon ykn sababni gargar qoqqoodamiinsaa kamiyyuu akka uumamu hin eeyyamu. Amantiin Islaamaa iddoo waa ofitti hawwatu malee akka jiddu gala biyyoota dhiha ammayyaa kana iddoo of irraa nama arii'uu hin qabu. Amantiin Islaamaa kun cufuma ummatoota addunyaa kana kan tokko ta'ee waliin jiraatuu fi kan wal-hubatu godhuu irratti fuulleffata.

Keeyyatoonni Qur'aanaa sadan kanneen *suuraa Toowbaa, Fathii fi suuraa Saffii* keessatti ifnanni fi amantiin dhugaa dhufee akka amantiiwwan biraa hunda irratti ol ta'ee mul'atu kanneen ibsan, ol ta'iinsa amantii kanaaf mallattoolee addaa kan ol ta'iinsa kana deeggaran ibsu. Mallattooleen kunis: qajeelluma barbaaduu fi dhugaa jala masakamuudha.

Amantiin Islaamaa dhugaan walitti hidhata qaba. Dhugaanis amantiin hidhata qaba. Keeyyatoota san keessatti jechi Islaama jedhu hin fayyadamamne. Sababni isaas akka namni ergaan keeyyatoota sanii ilma namaa kan hojiin isaa fi argamni ji'oogiraafii qubsuma isaas laffeen yeroo babal'ifama amantii Islaamaa (fathi) qofa keessa warra qubatan ilaala jedhanii akka dogongora hin oofneefi.

Akkasitti yaaduun sun immoo idila addunyaawummaan amantii Islaamaa kan ni ta'a jedhamee eeggamu akkuma isa durii san kallattiiwwanii fi tooftaalema san qofa irra yaa'uu dirqama taasisa jechutti nama geessuun waan nama dogongorsiisuufi.

Warroonni abbootii kitaabaa jedhaman (Yahuudaa fi Kiristaanonnis) akkuma amma jenne kanatti yaaduun qajeellumni karaa dhugaatti deebi'uu kan dhufu akka waan raajii bifa dhokataa ta'een sababa tokko malee argamuutti ykn sababootuma

gadaa nabiyyootaa fi ergamtoota isaan duraa qofa irra deemuun argama jechuun namoota dogongorsaa turan. Dhugaan jiru immoo akkasii miti. Haalli deddeebi'iinsa ykn sosocho'iinsa seenaa sunnaa fi seerota Rabbiin ittiin waan hunda too'atuun jala kan ooleedha.

Dhalli namaa kun saayinsii, beekkumsaa fi imaammata saayinsii irratti sadarkaa baay'ee guddaa ta'e irra gayee jira. Bilchinni sammuu isaas waa'ee lubbu-qabeeyyii gar-tokkeen ilaaluu irraa gara sammuu waa'ee uumamaatti guddatee ture. Booda irra immoo sadarkaalee kanneen lameenuu bira kutuun gara sadarkaa sammuu saayinsaawaatti guddatee jira.

Amma immoo sammummaan sun guddattee bu'aalee sammuun saayinsaawaan argamsiisan garii bir'achuu mormuu eegalte. Akkasumas sammuun saayinsaawaan kun gamaaggama taasisuun waa addaan diiguu danda'us waan diiggame san walitti deebisuu dadhabuu isaa sammuun namaa hubataa dhufee jira. Sammuun namaa kun sadarkaa ammaa kan sammuu saayinsaawaan irra gaye kun baay'ee rakkisaa ta'uu isaa hubatee, inumayyuu yoo haala amma irra jiru kanaan kan itti fufu tahe sammuun saayinsaawaan kun gara kufaatii, dhabamiinsaa ykn gara dhuma seenaatti deemaa jiraachuu akka mul'isu hubatee jira.

Burjaaja'iinsi fi dhiphinni beektota biyyoota dhihaa haguugee jiru bay'ee guddataa dhufee jira. Soda argame kanaaf immoo amantiin Islaamaa qofti furmaata akka ta'e shakkii hin qabu. Kana jechuun keenna Muslimoonni Qur'aana ulfaataa kana akka guutuu sadarkaa addunyaatti akka bakka bu'aa qaroominaatti dhiyeessuu ni danda'u jechuu keenna.

## **Akka Sadarkaa Islaamummaatti Gufuuwwan Idil Addunyaawummaa Isaa Mudatan**

Dhugaan seenaa gurra ilma namaa keessatti tooftaalee gadaa jalqabaa keessa sosochii babal’ina amantii Islaamaa galmaan gayuuf hordofaman bocee jira. Tooftaan sunis duula (fathii)dha. Akkasumas ummanni Muslimaa biyya/mootummaa cimaa akka mootummaa Madiinaa hundeessuun akka mootummaan hundeeffame sunis addunyaa ammayyaa kana keessatti dirqamootaa fi itti gaafatamummaa mootummaa Madiinaa san bayatuu qabanis gurra isaanii keessatti bocamee jira.

Kaayyolee kana hunda galmaan gayuuf immoo qabxiin ka’umsaa addunyaa hunda bakka bu’aa ykn *Kaliifaa* tokko jala galchuun akka inni ummatoota Islaamaatti gargaarsifatee ummatoota isaaniin lolan irratti lola banuun hanga Mahdiin mul’atee nabi Iisaan samii irraa bu’utti bulchuu qaba yaada jedhutti amanu. Akkasumas yaadota ykn ilaalcha sammuu Muslimootaa keessatti bocamee hafe keessaa inni biraa abjuuwwan biyya/mootummaa mijaa’iinsaa fi cimina qabu hundeessuu jedhu kana galmaan gayuuf ummanni Muslimaa yoomiyyuu bifa itti fufiinsa qabuun kan lolaaf qophaaye ta’uu qaba yaada jedhuudha.

Yaamichi Islaamummaa inni ammayyaas abjuu kanaan ukkaamfamee ilaalchota adda addaa kanneen tooftaalee ykn sababoota abjuu kana galmaan gayu jedhamaniin marfamee hafee jira. Kanaafuu ijaa fi sammuun Muslimootaa dhugaa seenaa dabree qofa irratti fuullaffattee hafuun dhugaa battala ammaa ykn hegareetiif osoo bakkee hin kennine haftee jirti.

Sammuuwwan Muslimootaa tun tooftaalee abjuu haadhoo jedhamutti nama geessu qorachutti gadi jette. Abjuun haadhoon kunis biyya ijaaruu fi gara aangootti dhufuudha. Kun immoo sammuuwwan tanaaf jireenya Islaamawaa ta'e eegaluuf abjuu san irraa waan isaan fageesse malee homaa isaanii hin daballe.

Hariiroowwan wal-xaxaan ummatoota dhihaa waliin qabanis dhoqqetti jiidha dabale (rakkisaa ta'aa dhufe). Keessattuu kufaatii mootummaa warra Usmaaniin booda tokkummaan Muslimootaa akka karoora 'Saayiks Biikootti' addaan ciccituun ummaticha gargar qoqqoodee jira. Addaan ciccitiinsi biyyoota Islaamaa sunis humnoota qaban kan akka humna iimaanaa fi cimina amantii isaanii hunda walitti qabachuun qaamota isaan irratti duula bananii fi isaan koloneeffachuuf tattaafatan qunnamuuf, diinota isaanii dachii isaanii keessaa baasanii ari'uuf akka of qopheessan taasise.

Kuni immoo aadaa dhaalamaa kanaaf bakkee kennee jira. Akkasumas wanta qaama isaan irratti duule kamiyyuu irraa dhufu fudhachuu dhabutti geese. Kana irraa kan ka'e sammuu Muslimoota ammayyaa keessatti taateewwan ilaalchaa kanneen seenaa dabre keessatti ta'an sun sirritti gadi bu'ee keessatti bocamee hafe. Dhaloonni Muslimaa hundi yeroo hunda seenaa san ofitti harkisuun duubatti deebisanii keessatti of ilaaluu irratti fuulleffannaa isaanii cimsan.

Kabaja seenaa saniif qaban irraa kan ka'e, samuun Muslimootaa odeeffannoolee taateewwan seenaa keessatti argamanii san tooftaalee tikaa fi eegiinsa boca ummata ammayyaati jedhanii fudhachuu eegalan. Kanaafuu tooftaalee

taateewwan seenaa durii san tiiysuun, diina isatti deemu irraa loluun, cufuma seenaa sanii akkuma jirutti badaa fi gaarii isaas, bareedaa fi fokkataa isaas, urgaa fi ajaa isaas osoo addaan hin foone, osoo mormii fi gamaaggama tokko isa irratti hin adeemsifne akkuma jirutti fudhachuu qabna haga jedhan takka gayan.

Akkuma namni injifatame nama isa injifate akkeeffatu, akkaataan inni godhatu hedduun nama isa injifatee isa mooye san irratti deebii laachutti daba. Keessattuu namni injifatame sun burjaaja'iinsa xiinxalaa baay'ee ulfaataa ta'ee fi sammuun isaa yaaduu dhiisuuf yeroo saaxilame.

Wanti qaroomina ummatootaatiif Qur'aana kabajamaa kana akka bakka bu'iinsa qaroomina isaanii taasisuu baay'ee cimaa, rakkisaa fi hedduu wal-xaxaa godhee kan hanbise kana fa'a.

## <u>Akka Sadarkaa Biyyoota Dhihaatti Gufuuwwan Idila Addunyaawummaa Islaamummaa Mudatan</u>

Addummaa ilaalchaa addunyaa ykn jiddu-galeessummaa biyyoonni dhihaa ammaa qabdu keessaa inni tokko wanta addunyaa guutuuf bocame kan adeemsa saayinsaawaa dahoo godhate tahuu isaati. Ilaalchi biyyoota dhihaa kunis dandeettii waa mormuu fi gamaaggamuu nama keessatti daran cimsee jira. Akkasumas miira mirga waan fedhe filachuu isaa irratti dhiibbaa fidu hunda irraa baqachuu keessatti uumee jira.

Idila addunyaawummaan biyyoota dhihaa kun babal'attee addummaa fi safuuwwan isii cufuma ilma namaa hunda irratti akka ol'aantummaa qabaatu taassiftee jirti. Akkasumas cufuma

waan ijaaramee hunda Muslimootaa fi gandeen isaanii hundas too’annaa ofii jala oolchitee jirti.

Ilaalchi kun cufuma waan amantii jedhamee hunda keessatti ilaalcha waa shakkuu fi eeggachuu sirritti deeggaruu itti fufee jira. Sababni isaas soda lammata deebi’anii dhiibbaa amantiin bataskaanaa irratti geese san keessatti akka hin kufne jedhu irraa kan ka’e. Osoo kuni akkanaan jiru:

- Amantii Islaamaa akka bakka bu’aa qaroomina ammayyaatti akkamitti namaa dhiyeessuun danda’ama?
- Dhalli namaa Qur’aanni ulfaataan, kabajamaa fi kan isa keessatti wanti hundi addaan bayee ibsame kun furmaata rakkoolee hedduuti jennee akkamitti amansiisuu dandeenna? Isaan biratti Qur’aanni akkuma kitaaba amantii kamiitiittu ilaalama waan ta’eef. Dubbiin cimaan isa kana!!

**Ifaan ifatti afaan guuttannee wanti nuti jechuu barbaanne:**

Amantiin Islaamaa kun bifa amma Muslimoonni addunyaaf dhiyeessaa jiran kanaan (bifa paartiiwwanii fi gareewwan Islaamaa dhiyeessaa jiran kanaan) yoo namaaf dhiyaate, bu’aan inni addunyaa irraa argatu didamiinsa, isa cunqursuu fi marsuu qofa akka ta’e shakkiin hin jiru.

Amantiin Islaamaa kun dachiiwwan yeroo ammaa ummanni Muslimaa irra jiraataa jiranii fi wantoota dhalli namaa aantummaa waliin qabanii fi isa bakka buuna jedhanii yaadan hunda osoo bakka bu’ee, akkasumas cufuma dhugaa seenaa ilma namaatii fi bu’aalee hambaa Muslimootaa kan gadaa galmee hambaalee Islaamummaa fi isa boodaa jiran osoo bakka bu’ee silaa innis akka suuraa Yahuudotaa ykn Kiristaanotaa kan

hordoftoonni isaa hanqinoota inni qabu irraa qulqulleessanii hanqina san awwaalan saniitti ilaalama.

Hordoftoonni amantii sanniin lamaanii amantii isaanii san gara amantii hojii ilma namaatiif tajaajila isaan itti hajaman isaanii kennuun akka isaan afuura fedhii fi jaalala isaanii bayatan qofa godhuutti geeddaranii jiru. Tariitii yeroo garii isaan dhibeelee sammuu muraasa ittiin fayyisuu danda'anii jiru.

Amantiin Islaamaa garuu haala dandeettii fi guddina isaatiin wal-hin simneen tajaajila namaaf kenna. Sunis gama hambaalee fi fiqhiiwwan dhaalaan argaman kan tattaaffii beektonni keenna kabajamoon rakkinoota hawaasa isaanii kan waa'ee qonnaa sasalphoo fi kan hawaasa tiikfatee bulaa ykn waa'ee daldala namoota dhuunfaa kan wantoota muraasa qofa wal-jijjiiruu irratti xiyyeeffatee furuuf kaayan irraa kan argameedha.

Hambaalee fi fiqhii olitti ibsine kana akka inni dhimmoota hawaasaa ammayyaa kanneen diinagdeen isaanii baay'ee wal-xaxaa ta'e kanaaf deebii ykn furmaata kennu yeroo isa irraa barbaannu, nuti waan inni baachuu hin dandeenne isatti baachisaa jirra. Kuni immoo amantii Islaamaa fi addunyaa hundaaf kan dhiyaate ta'uu isaa irratti rakkina dhaqqabsiisa. Yeroo sanitti kan addunyaa hundaaf dhufe ta'uu isaa qofa kan irraa fudhatu osoo hin taane, inumayyuu akka waan amantiin kun hawaasa baadiyaa kan tikfatee bulaa saniif malee hin taaneetti akka ilaalamu taasisa.

Kuni immoo rakkinna guddaadha. Amantiin Islaamaa jalqaba yeroo dhufiinsa isaa keeyyata Iqra'a (dubbisi) jedhu nabiyyii dhumaa kan ta'an Muhammadiin (nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) irratti buufame irraa

eegalee amantii addunyyaawaa ummata hundaaf dhufeedha. Jalqaba hundeeffama isaa irrattis amantiin kun hawaasa yaamicha Islaamawaa addunyaawaa kan kallattii dhihaatiin jidduu garba guddaa Atilaantikii fi bahaan immoo Paasifikii jiddutti argaman hunda of keessatti hammatuuf ergame. Kallattii walakkeessa addunyaatiin immoo ardiilee sadan Eeshiyaa, Afrikaa fi Awurooppaa walitti hidha.

Idil addunyaawummaan amantii Islaamaa kunis qaroomina, aadaalee fi duudhaawwan adda addaa dhala namaa hundaa walitti make. Kana godhuudhaan rog-lamee bahaa fi dhiha qofa jedhu san dhabamsiise. Ifnanni amantii Islaamaa dachiiwwan Awurooppaatti diriiruu eegale.

Akkasumas ifnanni amantii Islaamaa kun Afrikaa fi Eeshiyaa haguugee jira. Ergaawwan Rabbiin biraa dhufan hundaaf amantiin Islaamaa ergaa dhumaa fi baay'ee barbaachisaa ta'uu isaa mirkaneeffatee jira. Ergaa dhumaa ta'uu isaa kana namoonni hunduu qabiyyeewwan Rabbii kan amantii kana keessa jiran, kan ergaa dhumaa nama hundaaf banaa ta'e ta'uu isaa hubatanii jiru. Kana irratti Rabiin guddaan akkana jedha:

إِكۡرَاهَ فِي ٱلدِّينِۖ ﴿٢٥٦﴾ **البقرة: 256**

*[Amantii (Islaamaa) keessa wal-dirqisiisuun hin jiru] (Al-Baqarah: 256).*

Idil addunyaawummaan amantii Islaamaa kunis humna cimaa dhala namaa tokko godhu ta'ee bakka bu'aa ture, ammas bakka bu'aa jira. Idil addunyaawummaan kun geengoo dhalli namaa itti kaaye keessatti baay'inaan yeroon namni itti dhimmamu yeroo burjaaja'iinsi adda addaa sadarkaa naannoo fi

biyyoolessaatti mul'atuu, yeroo qindoominni qaroomina naannoo duubatti deebi'iinsaa fi dadhabbii eegaltutti.

Idil addunyaawummaan amantii Islaamaa immoo qabxiilee armaan oliitti dabalee wanta dhokataa Rabbiin malee namni biraa hin beekne kan jalqabbii imala namaa sona qabeessa godhee uumeetiin gaggeeffama. Akkuma jalqabni tole dhumni isaas keeyyatootaa Qur'aanaa fi Hadiisa ergamaa Rabbiitiin itti fufiinsa qabaata.

## Mallattoolee Qaroomina Warra Dhihaa Ammaa fi Dugda-Duubbee Isaa

Qaroominni Eeshiyaanotaa fi Afrikaanota durii lameenuu gita addunyoomuu kan amantiin Islaamaa sadarkaa guutuu addunyaatti argate san hin arganne. Warroota dhihaa kan Awurooppaanotaa qofatu idil addunyaawummaa Islaamaa moggatti addunyaawummaa lama goonfatanii argaman. Inni kun immoo barraaqa addunyaawummaa Islaamaa kan ni dhufa jedhamee eeggamu gufachiisuu irratti dalagaa jira. Kunis bifa seenaa armaan gadii kanaani:

a) Hawasni biyyoota dhiha ammayyaa ana qofatu dhaalaa addunyaa *Heeleenii* kan guutumatti qaroomina naannoo bahaa durii fi kaaba jiddu galeessaa hubate ofiin jedhu. Addunyaan jalqabaa gadaa saniis duula *Iskandar* kan dhaloota nabi Iisaatiin dura jidduu bara 305-323tti gaggeeffame keessatti gama bal'inaatii fi namaan hordofamuutiin isa jalqabaa jedhamuun fudhatama.

b) Addunyaawummaan Roomaas kan addunyaa *Heeleenitti* aanee dhufe, yeroo galaana adii jiddu galeessa keessa

babal'achuu irraa eegalee (dhaloota nabi Iisaatiin dura bara 201) hanga baha jiddu galeessa too'atanitti itti fufee jira.

Qaroominni Heeleenii fi Roomaa lameen kun seera ofiin isaan tumatantu adda isa godha. Kana jechuun hambaan amantii isaanii kan warroota amantii hin qabneeti. Humna isaaniis waaqa Oolambi jedhamu kan Ateensii fi beektota Roomaanotaa irraa fudhatu. Kunis osoo Roomaan amantii Kiristaanaa kan Rabbi jedhee boca bocee itti dhufe osoo hin fudhatiniin dura ture.

Amantiin Kiristaanaa warroota dhihaa kan Awurooppaatiin gara fakkiiwwan ulfaataa dhaala Heeleenii fi Roomaatti jijjiiramee jira. Ergaa isa hundee durii kan tokkochummaa Rabbii mirkaneessuu kan nabi Iisaan dachii barakaa qabdu sanitti fidee dhufe irraa guutumatti hariiroo ofii addaan kutee jira.

Qaroominni Heeleenii fi Roomaa kun dhala namaatiif ilaalcha addaa qaba. Ilaalchi kunis ilma namaa kana bifa anniisaa hojiitti fayyaduu isaa irraa fageessuun kaffaltii tokko malee itti fayyadamuun akka ilaalcha Ateensii fi Roomaatti gara humna waa laaffisuutti jijjiiruudha. Akka ilaalcha qaroomina kanneenii lameeniitti irra bareedaan gabraa nama dirree wal'aansoo irratti lolaa cimaa ta'eedha.

Warroonni biyyoota dhihaa kan ammaas dhaaltota qaroomina kanneen lamaaniiti jechuun ni danda'ama. Ilaalchi isaan ilma namaatiif qaban kan qaroomina lameenii irraa baay'ee addummaa hin qabu. Qaroominni warra dhihaa anniisaa ilma namaa kana albuudota baasuu fi warshaalee adda addaa keessatti

akkuma warroonni isaan duraa ijaarsa bocoota ykn piraamiidota adda addaa boccisiisuuf itti fayyadamnitti dhimma itti bayan.

Bocni qaroomina kanneen dhaalamee fi dhaalee kun ilaalcha ilma namaatiif qaban kan yeroo hedduu wal’aansoo, wal-faallessuu fi wal-jibbiinsaaf isaan saaxilu kana irraa kan dhufaniidha.

Faallaa kanneen hundaa kan tahe immoo addunyaawummaa amantii Islaamaa isa jalqabaati. Innis haala qaroomina Girikootaa, Roomaanotaa fi Awurooppaanota ammaa kana akka armaan gadii kanatti ibsa:

**1ffaa**: Faallaa addunyaawummaa Heeleenii fi Roomaanotaa kanneen nama cunqursanii kan tahe amantii Islaamaa kan ilma namaa bilisa baasuuf dhufeedha. Seenaan kamiyyuu seenaa namaan bocames dabalatee namoonni Muslimaa ummatoota biyyoota isaanii lolaan cabsanii qabatan eega too’annaa isaanii jala oolchaniin booda yeroo lola irratti labsan kan himu hin jiru. Lolli hunduu kan fuulleffate loltoota Roomaa fi Biizantaayinootaa irratti.

Ummatoonni lolaan biyyi isaanii banamte kunniin faallaa mootii isaanii dhaabbachuun Muslimoota gargaaruu eegalan. Muslimoonni seenaa keessatti jalqaba nama biyya takka bane ummatoota naannoo isaa qubatanitti makamee isaan bilisoomseeti. Yeroo biyya isaanii banus akka nama biyya cabseetti osoo hin taane akka bilisa baasaa kitaaba samii irraa buufame kan waa hedduun isa daangessu, kan nama irratti boonuu irraa isa dhoorgu, kan dachii irratti badii dalaguu dhoorgu jala deemuutti isaanitti dhufe. Haala kanaan amantiin Islaamaa

idil addunyaawummaa jalqabaa kan addunyaawummaa cunqursaa faallaa dhaabbatu hundeessuu danda’e.

**2ffaa**: Qaroominni amantii Islaamaa kan jiddu-galli isaa biyyoota Arabaa kan akka Madiinaa, Damaskas, Bagdaad, Kaayiroo fi magaalota biroo tahe, aqiidaan isaa tokkochummaa Rabbii dhugoomsuu waan ta’eef, wanni isa adda godhu immoo gooftaa isaatiin namoota biraa irratti boonuu dhabuudha. Sababni isaas gooftaan kun kan nama muraasa/garee muraasaa qofa osoo hin taane kan gooftaa waan hundaati. Wantoota sobaan Rabbi jedhaman hunda irratti kan ol ta’eedha.

Ka’uumsi qaroomina amantii Islaamaa Rabbitti waa ida’uu irraa fagaachuu, waa’ee tokkochummaa Rabbii ummata barsiisuu fi hambaalee nabiyyootaa kan tokkochummaa Rabbiititti nama yaaman irratti riqicha diriirsuun karaa dhugaa irraa dabiinsa amantii Yahuudaa fi Kiristaanotaa mudatan irraa fagaachuudha. Yahuudummaa fi Kiristaanummaan kallattii ofii qabatanii itti fufuun dhuma irratti warroonni ibidda gabbaranis isaanitti dabalamanii jaarmaya amantii Islaamaa kan waan hunda hammatu jalatti walitti qabaman.

Jaarmayni amantii Islaamaa kun jaarmaya isa jalqabaa kan amantiiwwan hundeen isaanii nabi Ibraahimii fi hundeewwan biraa irraa ta’an jalatti walitti qabamanii tokkoon isaaniis amantii ofii gadi dhiisuu irratti kan hin dirqamsiisiniidha. Kana irratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

**لَآ إِكۡرَاهَ فِي ٱلدِّينِ ﴿٢٥٦﴾ البقرة: 256**

*[Amantii (Islaamaa) keessa wal-dirqisiisuun hin jiru] (Al-Baqarah: 256).*

**3ffaa:** Boca qaroomina Islaamummaa wanti adda isa godhu ummatoota biyya isaanii bananii seenan gabroofachuu dhabuudha. Magaalaan Madiinaa akka magaalota abbaa irree biroo gabrootaan hin ijaaramne, bocaa fi piraamidoota wayiituu hin boccisiifamne, magaalonni akka Bagdaad, Damaskasii fi Kaayiroos bifa kanaan hin ijaaramne.

Zakaanis kan qoqqoodamtu jalqaba naannuma irraa walitti qabamte saniifi. Namoonni Muslima hin ta'in kan amantii Islaamaa ni fudhatu jedhamanii shakkamanis qooda keessaa qabu. Garuu gamoowwan Ateensii fi Roomaa hunda kan ijaare gabroota. Kanaafuu akkaataan boca qaroomina Islaamummaa namummaa namaa waan eeguuf faallaa boca qaroomina Heeleenii fi Roomaati.

Kuni faallaawwan sadan amantii Islaamaa faallassaniidha: inni jalqabaa: amantiin Islaamaa tokkochummaa Rabbiitti yaama, hambaalee nabiyyoota hundaa deebisuun wantoota kijibaan itti dabalaman hunda irraa walaba godheeaddunyaawummaa isaa kan addunyaawummaa Awurooppaa bakka bu'utti dabaluu irratti fuulleffata.

Qabxiin inni lammataa immoo amantiin Islaamaa fuulleffannaa addunyaawummaa keessatti akka Awurooppaanotaa hin tahu. Kan inni dursa kennuuf Rabbi tokkicha isatti waa dabaluun hin malle ta'uu isaa nama barsiisuun faallaa warra Rabbii gaditti dhagaa fi muka homa argan gabbaranii dhaabachuudha. Sadaffaan immoo boca qaroomina Islaamummaa ummataaf dhiyeessuun faallaa boca qaroomina warra nama cunqursuu fi nama gabroonfatuu san dhaabbachuun

ilma namaa kana Rabbii isaan uumeen walitti hidha. Abbaa aangoo ykn mootiif gabra hin taasisu.

Kanaafuu idil addunyaawummaan namaan bocame kan qaroomina Heeleenii fi Roomaa bakka bu’aa ture sun addunyaawummaa Islaamummaa jaarraawwan jalqabaa saniin injifatamee jira. Hayyoonni seenaa fi beektonni kitaabotaa, hayyoonni seenaa qaroominaa, qorattoonni dagaagina xiinxalaa fi akkaataa babal’ina isaa seenaa dabre of duuba deebi’anii ilaaluun waa’ee amma nuti dubbanne kana hunda irratti bifa gadi bu’iinsa qabuun qorannoo gahaa ta’e dhiyeessuu ni danda’u.

Jiddu-galeessummaan qaroomina Awurooppaa, kan damee isaa gara kallattii dhihaa fi bahaas diriirse, kufaatii addunyaawummaa keenna ka jalqabaa kan sababa duula Mogoolotaatiin magaalaan Bagdaad kuftee fi kan sababa weerara Awurooppaanotaatiin magaalaan Andalus kuftetti fayyadamanii addunyaawummaa isaanii sadaffaa lafa qabsiisuu eegalanii jiru.

Kana qofatti hin dhaabanne lola ofumaa maqaa ‘lola Kiruuseed’ jedhanii moggaasan kan nuti akkas jennee hin moggaasinis nurratti bananii turan. Nuti lola san lola Faranjootaa jennee moggaafne. Dhugaa kana hubachuuf kitaabban seenaa fi hambaalee keennaa nuuf ragaadha. Amantiin keenna kan Islaamaa maqaa fannoo fi baatiitiin lola wal –irratti labsuu nu hin barsiifne. Akkasumas bahaa fi dhihaan wal lolaas nuun hin jenne. Amantiin Islaamaa gonkumaa wantoota akkanaa kan hin fudhanneedha.

Addunyaawummaan Awurooppaa sadaffaan haala mijeeffattee jennaan dhuma jaarraa kudha saglaffaa keessa dachii keenna saamuun lola nurratti banuu eegalan. Sana booda immoo

jiddu-galeessa jaarraa digdammaffaa booda walakkeessa dachii Arabootaa jiddutti Israa'iliin hundeessan.

Haala kanaan addunyaawummaa, ol'aantummaa fi jiddu-galummaa isaanii haaraya dachiiwwan Islaamaa hunda irratti, dhihaan garba guddaa Atilaantikii irraa kaasee hanga bahaan garba Paasfik gayutti babal'ifatanii biyyoota garba kanneen lameen boodaan jiranis kolonii isaanii jala galfachuun addunyaa hunda mooyanii jiru. Kanaafuu qaroominni biyyoota dhihaa Awurooppaa kan Heeleeniin booda hundeen isaa Roomaa ta'e kun addunyaa haarayaaf qarooma addunyaa guutuu ta'ee jira.

Qaroominni haarofni Awurooppaas kunis waan hunda of keessatti hammatuuf kan fuulleffateedha, dhimma haala jiruuf jireenyaa, dhimma amantii fi kkf irrattis fakkeenyummaa mataa ofii bocuuf tattaafataa jira. Kana jechuun biyyoonni dhihaa kunniin addunyaa waan hunda keessatti bifa isaan barbaadde irratti bocamte arguu fedhu. Bocni isaan yeroo ammaa kana bifa seera addunyaa haaraya jedhuun nuttiin deeman kunis diriirfamuma yaada saniiti.

Ammas mee irra deebi'uudhaan qaroomina Awurooppaa ammaa kana yaaddan sadeen Heeleenii fi Roomaa irraa adda isa godhan akka armaan gadii kanatti haa ilaallu:

a) Qaroominni Awurooppaa ammaa kun jiddu-gala waa heddu of keessatti hammatee addunyaa hunda haguuge kan Awurooppaa qofa keessatti dhaabatee miti.
b) Jiddu-gala seerri isaa namaan became kan safuulee fi duudhaaleen amantii qaroomina addunyaawaa isaanii kana biratti bakkee hin qabneedha. Beektonnummaan amantii Kiristaanotaatuu safuu amantii isaanii dhiisanii jiru.

c) Qaroomina bocni isaa wal’aansoo fi humnaan nama cabsuu irratti hidda godhateedha.

Rakkinoota kana furuuf mee maal godhuu dandeenna? Lubbuu teenna qofa baraaruuf osoo hin taane, Awurooppaa, Ameerikaa fi cufuma addunyaa hundayyuu rakkinoota qarooma bifa kanaatiin wal-qabatan jalaa baraarree gara Idil addunyaawummaa mana bal’aa qabuu kan namni hundi tasgabbiin keessa jiraatuu danda’u, kan namuu isa keessatti nagayaa fi tasgabbii argatee karaa dhugaa fi qajeellumaa ittiin qabatutti jijjiiruuf mee maal godhuu dandeenna?

**<u>Sona Guutumatti Islaamummaa Keessa Seenuu Jedhu</u>**

Nuti amma mul’isa Awurooppaa ykn biyyoota dhihaa faallessuuf deemu wayii agarsiisuuf hin deemnu. Akkasumas qaama wal’aansolee qaroomina jidduu jiran babal’isuuf deemuu miti. Idil addunyaawummaan amantiin keenna kan Islaamaa nuuf fide, yaamicha isa dhumaa qabannee addunyaa guutuuf dhufuun keenna, jidduu qaroomina biyya hundaa, aadaalee fi duudhaalee isaanii hunda walitti makuun wal-fudhachiisuun keenna, nabiyyiin keenna ergamaa dhumaa fi dhaalaa ergamtoota isa duraa hunda ta’uun isaanii, amantiin keenna Islaamummaan dhaalaa amantiilee isa dura turanii hunda ta’uun isaa, ergamaan keenna (SAW) qaroomina walitti gaggaarrifatu irraa nu dhoorguun isaanii, amantii tokkochummaa Rabbii fi hariiroo nama jiddutti cimsuu bu’uura godhateen masakamuun keenna, akkasumas amantii keessa guutumatti seenuu yaada jedhutti amanuun keenna; kun hunduu ka’umsi keenna dabnana akka hin dalagne nu dhoorga.

Nuti daba hin dalagnu, garuu yeroo qaamonni nuun ala jiran dabiinsa dalagan isaaniif dhiifama goona. Maaliif yoo jenne namoota/qaamota biraa gara dhaala seenaa isaaniitii fi gara akkaataa boca qaroomina isaaniitiin akkasumas gama amantii isaaniitiin waan akka isaan dabnana nutti dalagan isaan dhiibutu jira. Nuti immoo kanaan duras dabnana hin dalagne, namoota dabnana dalagn ta'uunis nuun hin malu.

Rabbiin guddaan –waan isaan hin malle hunda irraa qulqullaayee ol ta'e- inni Rabbii Muslimootaa, Awurooppaanotaa, Ameerikaanotaa fi Rabbii cufuma ilma namaati. Rabbiin guddaan idil addunyaawummaa Islaamaa deebisuu waadaa nuuf galee jira. Idil addunyaawummaan amantii Islaamaa kun dimshaashummaa fi bal'ina isaa keessatti jiddu-galummaa warra dhihaa kan har'a addunyaa hunda mooyaa jiru kanaan kan dorgomuudha.

Akkuma idil addunyaawummaan keenna kan jalqabaa sun qaroomina Heeleenii fi Roomaatiif gita ta'anitti, addunyaawummaan amantii Islaamaa ni dhufa jennee eegaa jirru kunis jiddu-galummaa qarooma dhihaa kana bakka ni bu'a. kunis kan dhugoomee argamu yeroo bu'uuraalee adeemsa keennaa bifa sirrii ta'een akkaataa itti fayyadamnu beeknee qajeellumaa fi amantiin dhugaa ol ta'ee amantiilee hunda irratti ifa bayee argameedha.

Kanaafuu addunyaawummaan keenna kun kan dhiphummaa jiddu gala godhatee miti. Akkasumas kan naannummaa lafaa irraa ka'ee qaroominuma warra dhihaa qofa faallessuuf fuulleffatee miti. Addunyaawummaan keenna kan addunyaa hundaaf mararfatuuti. Kan nu Muslimtootaa fi warroota

dhihaa, akkasumas cufuma namoota addunyaa irra jiranii hundaaf tola yaaduudha. Yaada kana addaan baafnee ifa godhuudhaaf qabxiilee armaan gadii kana haa ilaallu:-

**Tokkoffaa**: addunyaawummaan keenna kun kan amantii Islaamaa madda godhateedha, kan Rabbiin beekaa fi ogeessa ta'e addunyaa hundaaf qopheesseedha. Addunyaan hundi burjaaja'iinsa siyaasaa, diinagdee, xiinxalaa fi faalama qilleensaa sababa akkaataa bociinsa sirna hawaasummaa fi safuulee isaaniitiin isa mudataa jiran kana hunda keessaa bayuuf addunyaawummaa amantii Islaamaa kana isa barbaachisa.

Burjaaja'iinsi jiddu-galummaa qaroomina dhihaa ammaa kun burjaaja'iinsa ummata Islaamaa mudataa jiruu gadii miti. Rabbiin guddaan –waan isaan hin malle hunda irraa qulqullaayee ol ta'e- amantii Islaamaa kan waan hunda of keessatti hammatu kana dhala namaa hunda ittiin gorsuu fi haala jireenyaa duubatti hafaa qilee isaan naqaa jiru kana irraa isaan baraaruuf nuuf erge.

**Lammaffaa**: Yaamichi addunyaa hundaaf dhiyaate kan nuti nama hunda itti yaamuu qabnu kun, qaroomina ammayyaa damee warra dhihaa fi kan biraas of keessatti hammata. Nuti yaamicha kana yeroo qaroomina warra dhihaa fi Ameerikaatiif wanti nuti dhiyeessinuuf waan qaroominni kun qaroomina amala namaa, sirna hawaasummaa, beekkumsaa fi safuu ilma namaa irratti ol'aantummaa isaa mirkaneessee argameefi.

Wanti ol'aantummaan qaroomina warra dhihaa kuni addunyaa hunda goonfatee argameef waan qaroominni kuni jiddu-gala addunyaa ta'eef, waan guddinni teknolojii fi saayinsiin isaas biyyoota sanniin keessatti hedduu cimeefi.

Idil addunyaawummaan amantii Islaamaa kun dhiphinna/rakkinna hawaasa warra dhihaa mudateef furmaata isa dhumaa ta'a jennee amanna. Ummanni Muslimaas rakkinoota isaan mudataa jiran kana keessaa kan ittiin bayuu danda'aniin yoo addunyaawummaa amantii isaanii kana ofitti fudhatanii namaafis dhiyeessan qofa. Kanaafuu sammuun nama Muslimaa kamiyyuu yaada kana dhimma isaa hunda keessatti of dura qabuun yaamicha amantii Islaamaa sirrii ta'e namaan gayuu qaba.

**Sadaffaa**: Idil addunyaawummaan amantii Islaamaa kun waan ni dhufa jedhamee eeggamu, dhufuun isaas tasumas shakkii hin qabneedha. Nutis ilaalcha kana galmaan gayuu irratti yeroo tattaafii goonu itti gaafatamummaa bakka bu'ummaa Rabbiin nu irra kaaye bayachuu fi itti gaafatamummaa Rabbiin guyyaa qiyaamaa namoota biraa irratti ragaa taatu nuun jedhe san bayachuufi malee namoota biratti ittiin boonuufii miti. Nuti (keessattuu Muslimoonni) yeroo itti gaafatamummaa Rabbiin ol'aanaan nurra kaaye kanniin bayannu bilisummaa keenna arganna, akkasumas rakkinoota keenna hunda irraa ni qulqulloofna.

Wanti nuti namoota biraatiif goonu kun mindaan isaa numaaf oola. Rabbiin guddaan – waan isaan hin malle hunda irraa qulqullaaye – akka nuti baattota ergaa isaa (Islaamummaa) nu godhee jira. Akkasumas ummatoota hunda irrattis ragaa akka baanu nu godhee jira. Hamtuu fi tola namoota biraatiif oollu bu'aa isii ammuma arganna. Ergaa Rabbiin ummataan gayuu dirqama nu irratti godhe kana akka maluun yoo bakkaan gayuu baannee qajeelluma Rabbiin nuuf kenne kana ummatoota biraan yoo gayuu baanne, haalli keenna akkuma jirutti hafa.

Kuni hariiroo kennuu fi fudhachuu jidduu Rabbii guddaa arjaa fi gabroota isaa kanneen Muslimoota ta'an jiruudha. Kanaafuu yeroo nama tokkoof kennaa Rabbiin guddaan ol'aane nuu kenne isaaniif dabarsinee kenninu isaanitti boonuu hin qabnu, ani akkana sii godhe, kana sii kenne jechuuniin nurraa hin malu. Wanti nurraa eeggamu akka Rabbiin hojii keenna kana nurraa fuudhuuf hojjachuudha.

Kana irratti immoo qaroominni keenna ragaa nuuf baya. Yoomiyyuu seenaa keessatti akka nuti namuma kamiyyuu akka inni magaalaa Madiinaa keessatti gamoolee nuuf ijaaruuf isa hin gabroonfatin, akka nama kamiyyuu amantii keenna haa fudhatuuf isa hin dirqin, akka ergaa tokkochummaa Rabbii malee ergaa biraatiif hin deemne, akka nuti dachii kana irratti nama biraa balaaleffachuu, isaan jibbuu fi isaan irratti qabsaayuuf hin dhufin ni beekama. Kan seenaan kamiyyuu ragaa nuuf bayu akka nuti ummata kamiyyuu caalaa qaroomina hundayyuu ofitti fudhannu mul'isa. Kanas namni kamiyyuu akka keennatti godhee hin beekun of duras hin godhu.

Qaroominni Awurooppaanotaa kan amma addunyaa hunda haguuge kun bifa dimshaashawaa ta'e horatee jira. Addunyaawummaa isaas biyyoota akka Jaappaan, biyyoota gamtaa Sooveet durii jala turan, biyyoota Awurooppaa dhihaa, biyyoota Ameerikaa kaabaa fi Ameerikaa kibbaa hunda qaqqabuu danda'ee jira.

Itti gaafatamummaan nu Muslimoota irra jiru – haalaa fi jireenyi keennayyuu ulfaataa ta'uu waliinuu – ofii keennaa fi namootas qajeellumaa fi amantii dhugaa keessa seensisuu qabna. Awurooppaa fi Ameerikaan kanneen qaroominni isaanii jiddu-

gala qaroomina addunyaa hunda qixxisu ta'e kunniin ofii isaaniitii fi falaasama isaanii irraa ka'anii rakkinootaa fi burjaaja'iinsa isaanitti deemaa jiru kana irraa lubbuu isaanii fi addunyaas baraaruu akka hin dandeenye ni beeku. Sababni isaas waan rakkinoota armaan gadii kanaaf saaxilamanii jiraniifi:-

**1ffaa-** Qaroominni warra dhihaa warraaqsa warshaalee lameeniin booda babal'ina teknolojii isa dabalataatiin cimaa dhufee jira. Garuu gama biraatiin kufiinsa hawaasummaa, safuu fi qaroominaa guddaaf saaxilamaa jira. Guddinni teknolojii isaanii kufaatii namummaatiif saaxilamee jira. Qaroominni dhihaas hanga ammaatti rakkoo hiibboo qaroominaa fakkaatu kana furuu hin dandeenne. Guddinni qaroominaa kan sektara hunda dhaqqabe kun bifa irraa olee ol guddachuu qofa osoo hin taane bifa dalgee (horizontal) guddachuu qaba.

Yeroma qaroominni dalgee guddataa deemu kana maddii isaattis ilmi namaas amalaa fi safuu isaatiin isa maddii guddataa dhufuu qaba. Kana jechuun akkuma ilmi namaa dhimma isaa bayachuuf teknolojii guddisaa dhufu innis safuu fi namummaan waliin guddachaa deemuu qaba jechuu keenna. Garuu qaroomina dhihaa keessatti kan argaa jirru guutumatti faallaa kanaati, innis: saayinsiin dagaagaa yeroo deemu ilmi namaa kufaa deema, safuun isaa hanqataa deemti, rakkoon, gadadoo fi doorsisni ilma namaa dhaqqabu gar-malee cimaa dhufee jira.

**2ffaa**: Yaaliin/tattaaffiin seenaa dabre hunda too'achuu hunduu bu'aa wayiituu fiduu hin dandeenne. Waraana addunyaa tokkoffaa duraa fi waraana addunyaa lammaaffaa booda abdiin seenaa yoona booda jijjiiruun ni danda'ama jedhaa ture hunduu ni fashalaaye. Namni hunduu baay'ee abdii guddaan osoo

eeggataa jiru lolli labsame. Lola san keessatti immoo ilmi namaa gara bineensa nama adamsuutti jijjiirame.

Ammas haalli sun irra deebi'ee mul'achuu maaltu dhoorga. Adeemsi seenaa too'achuu kamiyyuu kan akka adeemsa Rabbii dachii kana irra waan hin jirreef, isatti immoo dalaguu waan dinneef rakkinichaaf deebinee saaxilamuun keenna hin oolu. Wanti mul'ataa jiru kun hunduu tooftaalee, meeshaalee fi mala wal'aansoo ittiin gaggeessaniidha. Wal'aansoo fi ilma namaa cunqursuun haguma fedhe tooftaan/meeshaanis jijjiiramu yoomiyyuu kama itti fufu ta'a.

**3ffaa**: Yaaliin sirna Sooshaalizimii dur awwaalamee fi sirna Kaappitaalizimii ammaa keessatti ilma namaa irratti ol ta'uuf taassisame hundi fincila ilma namaatiin kan guutameedha, fincilichis fuul-durattis kama itti fufu ta'a. Ilmi namaa geengoo dhimmi qabeenyaa qofa horachuuf addunyaa haguuge kana keessatti safuu isaa barbaada. Barbaacha safuu isaa kana keessa gara gosommaa isaatti deebi'a. Yaadannoo maaliif lafa kana irratti argame jedhu kaasuun amantii isaatti deebi'a. Isuma kana gamtaa Sooveet durii kan awwaalame keessattis kan uumame.

Geengoo leebiraalizimii warra dhihaa kan namaan tumamee kana keessattis ilmi namaa homaa hin arganne. Sirnichi xiinxala nama addaan qoqqooduu kan bu'aa hin qabne san malee homaa namaaf hin laanne. Ilmi namaa eenyummaa fi maalummaa isaa yeroo barbaadu hin argatu, deebi'ee of xiinxaluun ofumaa of yarsaa dhufa. Waa'ee gar-tokkee wantootaa qofaaf osoo dhimmamu yeroo ofii guba.

Inumayyuu kana hunda bira kutuun hundee sanyii isaas wallaalaa dhufa. Kanaafuu bilisummaan sirna leebiraalizimii kun

qabiyyeen ala, ilmi namaas isa keessatti itti gaafatamummaa tokkoon ala jiraata, maatii itti dabalamuun ala, haadha manaa/abbaa manaa waliin jiraatuun ala, ilma abbummaa ykn haadhummaa ofii ittii ibsatuun ala jiraatu. Kanaafuu bilisummaan sirnicha keessaa bilisummaa hanga osoo lubbuun jiran eenyummaa ofii dhabanuu du'uu, hanga lubbuu ofii baasuu fi rakkinootaa fi yariinsaaf saaxilamuutti nama geessuudha.

Hayyuun Maarkis jedhamu daabboo barbaadee argate. Hayyuun Firewud jedhamus saala barbaadee argate. Anistaayinis anniisaa burqisiisuu barbaadee argate, Daarwiinis dagaagina barbaadee argate. Garuu maaltu barbaada isaanii kanaan booda jira? Dhabamiinsa, of hifannaa, abdii kutannaa fi lubbuu ofii baasuun ala.

**4ffaa**: Akkaataan bocamiinsa sirna qaroomina warra dhihaa kan wal'aansoo, injifannoo abbaa irree qabuu fi ol'aantummaa kubbaaniyoota gurguddoo addunyaa hunda haguuganii irratti hundaa'e kun, kan sadarkaa beeksisa xinnaa bu'aa hin qabnee hunda addunyaawaa godhe kun guutumatti namummaa warra dhihaa irraa mulqee, imaammata barnoota ilma isaa, waan inni nyaatuu qabu, waan inni fedhu, waan inni uffachuu fi dalaguu barbaadu hunda akka miidiyaaleen kun isaaf filanii fi akka inni dhiibbaalee kana hundaaf saaxilamu godhee jira.

Osoo dhimma kana irratti waraqaalee kumaatamaan laakkayaman kanneen barraaffamanii turanii fi kanniin of durattis barreeffamuu hedan haa gamaaggamnu jennee akkas godhuu ni dandeenna ture. Bifaa fi haala kamiinuu dhimmoota kana irratti ragaaleen jiran gonkumaa nu jalaa hin dhokatan. Ragaalee kanaan

dhugaa ta'ee argame yoo raggaasifnee gama falaasamaatiinis boca isaa bocne wantoota burjaaja'iinsa qaroomina warra dhihaa isa ammaa kana daangessan akka armaan gadiitti tarreessuu dandeenna: -

- **Tokkoffaa**: Barsiisni amantiin Kiristaanotaa eega dhaalli Heeleenii fi Roomaa irra dhayeen booda, sammuu warra dhihaatiif mul'ata hawaa kan hubannaa waaqa harkaan bocamee caalu san isaaniif kennuu hin dandeenne. Kana godhuu isaatiin barsiisni amantiin Kiristaanaa kun qulqullummaa tokkochummaa Rabbii faalee balleessee, gara shirkii (Rabbitti waa dabaluu)tti jijiiree jira.

Akkasumas yaada xiinxala falaasamaa keessatti hawaan uumaa caala jedhus dhabamsiisee, tattaaffiin sammuu ilma namaa dhimma baay'ee dhiphaa ta'een akka faalamu godhee jira. Yaad-rimee Rabbummaa (Allaah) jedhu kan hundee hawaa fi jalqaba addunyaa hundaa ta'e san barnoonni amantiin kun gara sadarkaa waan uumameetti gadi xinneessee jira. Kanaafuu barsiisni amantii Kiristaanaa kunuu rakkinoota ciccimoo xiinxala warra dhihaa ammayyaa qunnamaniiti.

Kanaafuu akkaataa fuulleffannaa barsiisa amantii kanaatiin gara Rabbii deebi'uun, geengoo dhiphaa saniin ala bayuu bira kan kutuu miti. Barsiisa amantii kiristaanaa keessatti falaasamni dhabame guddina Rabbiiti. Guddinni Rabbii kunis hubannaa Rabbii fi tokkochummaa isaa irratti qulqulluma kan mul'isuudha. Akkasumas burjaaja'iinsa qaroominootaa, namatti boonuu fi dabnana qaroomaatiifis furmaata ta'a.

Ergaan Rabbiin guddisuun kan baay'ee gadi fagaataa ta'eedha. Garuu namoonni hedduun hin hubatan. Yeroo

tokkochummaan ykn qulqullummaan Rabbii dhabamu, waaqni kan harkaan bocamu ta'a, boca san keessatti isaanuma fakkaata. Ergaan qaroomni waaqa bocamaaf qabu, ergaa bocni sun akka Rabbiitti akka namni isa hubatu barbaaduu mul'isa. Kana jechuun bocni sun nama isa jaalatu kan isaaf amanamaa ta'e kan keessa ofii isatti himatee akka inni humna isaaf kennu isa kadhatu barbaada jechuudha.

Ilmi namaa yeroo humna waaqa bocamee sanitti hajamuu dhiisee irraa duroomu isa irraa of danda'ee barsiisaa fi seerota waaqa saniis gadi dhiisee karaa san irraa jallata. Isuma kana qaroomina warra dhihaas kan mudate. Waaqni isaanii hojii fi jijjiirama hunda irraa fageeffame. Sana booda yeroo inni bakka isaatitti deebi'uu barbaades, karaa isaanii (akka isaan fedhanitti) akka inni deebi'u godhan. Kanaafuu akkaataan barsiisa amantii Kiristaanaa hundee rakkinoota qaroomina warra dhihaa mudataniiti.

Rakkinna ilaalchaa kan baay'ee guddaa ta'e kana furuuf hubannaa 'Rabbi tokkicha, Rabbi guddate' jedhuu kana qarooma warra dhihaa fuul-dura godhuun dirqama taha. Rabbiin guddaan waan isaan hin malle hunda irraa qulqullaaye yeroo fi bakkee hundattuu waan hunda caalaa guddaadha. Kana irraa ka'uudhaan adeemsa uumamaa fi adeemsa bocama waaqaa, adeemsa wantoota hojjachuu fi gita hojii isaanii daangessuu addaan baasuun ni danda'ama. Barsiisni warra kiristaanotaa tokkochummaa Rabbii fi Rabbi guddachutti waan hin amanneef, yaadni uumaa jedhuu fi adeemsa uumaa jedhu isa biratti wal-xaxaadha.

Kana irraa ka'uudhaani xiinxalli warra dhihaa falaasama saayinsiiwwan uumamaa kana karaa oomishe saniin wanni inni uumeef. Karaan/tooftaan sunis tooftaa qonxee lukni ykn harki irraa murame waan taateef, falaasama sanis falaasama dukkanaayaa hin qayyabatamne kan namni hin hubanne godhee jira. Falaasamni kunis waa'ee Rabbummaa of keessaa haqee jira, ykn iddoo isaaf qabu xinneessuun dandeettii babal'achuu hedduu dhabee jira.

- **Lammaffaa**: Sammuu uumamaa fi sammuu saayinsii- yeroo sammuun duraa (sammuun uumamaa) kan maatii barsiisa Kiristaanummaa irraa baye murteessuu eegaletti, sammuun lammataa (sammuun saayinsiitis) isa deeggaruu eegale. Kuni immoo hanga sadarkaa addaan citiinsa barsiisa kiristaanummaa fi beekkumsaa gaye. Booda irrattis aadaa/beekkumsa warra dhihaa ofitti fudhachutu argame.

  Warroonni qabeenya qofa irratti fuulleffatanis carraa addaan citiinsaa kanatti fayyadamuun karaa Rabbiin waan hundaan ala godhuu *(Rabbiin waan isaan hin malle irraa qulqullaaye)* lafa qabsiisuu eegalan. Warroonni seera baasan immoo dabnana jaraa kana fayyadamanii hubannaa Rabbiin jedhu guutumatti waan dagatamaa hafe godhuuf yaalii godhanii turan. Kunis bu'aa faallaa argame keessatti sammuulee warra Awurooppaa, kan uumamaa fi saayinsiitiif mul'ata isa jalqabaati. Innis barsiisa amantii irraa addaan cituudha. Garuu mul'anni inni lammataa irra hammaataadha.

  **Sadaffaa**: Addaan Hiikuu fi Walitti Deebisanii Surphuu Dadhabuu: eega sammuun lamaan uumamaa fi saayinsii barsiisa amantii Kiristaanaa isa baay'ee dhiphaa ta'e san fuul-

dura dhaabbachuu danda'een booda, sammuun saayinsaawaan dandeettii waa mormuu fi gamaaggamuu kan waan dhokate qorachuutti fayyadamuun waan hunda qorannoo gadi bu'aa ta'e irratti gaggeessuu danda'ee jira. Odeeffannoo argame hunda gara bu'uura/ka'umsa isaatti deebisuun boca/loojikii qarooma warshaatiin wal-simsiisee jira. Kana jechuun waan hunda qorachuun gamaaggamuun hundee isaatti deebisuu jechuudha.

Kana godhuu keessattis qaroominni Awurooppaanota dhihaa kan dame warra bahaa kan addaan ciccitee fi kan warra dhihaa kan addaan ciccitiinsa eeggataa jiruus hedduu fiixa bayee jira. Kana bira kutuun inumayyuu sadarkaa duula gara hawaatti godhuutti gayee jira. Kunis akka hubannaa Islaamummaatti duula osoo hin taane Taskiir jedhama. Garuu waa'een deebisanii walitti surphuu hoo?

Dhimma qabeenyaa fi anniisaan wal-qabate irratti, artii/ogummaa waa walitti surphuu keessatti fiixa bayanii jiru. Garuu akkuma keeyyatoota armaan olii irratti ibsuuf yaalletti, dhimma waa'ee namummaan wal-qabatee irratti fashalaayanii jiru waan ta'eef, jiruun warra dhihaa ykn qaroominni warra dhihaa rakkinna surphuutiif saaxilamaa ta'ee hafee jira.

Kana booda dhimma qaroomina warra dhihaa kan Awurooppaa irratti dhimmi irra cimaa ta'e ni ka'a. innis dhimma akkaataa bocama qaroominaa fi ijaarama guddina seenaa fi hawaasummaa jedhuudha.

## Qabxii Cimaa kana Ifa Godhuuf

Akkaataan bocama qaroomina warra dhihaa, akkuma dur ibsuuf yaalletti gadaa Roomaanotaa fi Heelin irraa eegalee

wal’aansoo fi namoota biraa caccabsanii of jala oolchuu irratti became. Akkaataan bocama qaroomina warra dhihaa wal-jibbaa irratt kan hundaa’eedha. Akkasumas ol’aantummaa abbaa irree irratti kan bu’uureffamee fi waa hunda keessattuu humnatti amanuun kan waan hunda dhuunfateedha.

Kanaafuu gosa qaroominaa san keessatti yaamicha amala gaari horadhaa jedhu namaaf dhiyeessuun hedduu ulfaata yoo humna haaroomsaa birraa bilisa taate malee. Ati ilma namaa akka isaan gara Rabbii –guddaa waan isaan hin malle irraa qulqullaayeetti- yaamuu ni dandeetta. Garuu gama diinagdee fi hawaasummaatiin bifa bu’aawwan abbootii aangoo faallessuun waa hojjachuu hin dandeettu.

Akkasumas yaada falaasama dinagdee isaanii fi xiinxala hawaasummaa isaanii faallessu kan bu’aa isaanii hin deeggarre kamiyyuu shaakaluu hin dandeessu. Kana irraa ka’uudhaani seerri idil addunyaa kan durii fi inni ammayyaas addummaa uummatoota addunyaa fi kan saboota biroo wanni inni ittiin cunqursuun himatameen.

Asitti yoo ilaallu dhimmichi akkaatama dhimmuma bocama qaroominaa fakkaata malee dhimma amalaa ykn barnootaa hin fakkaatu. Akkaataa bocaminsa qaroominaatti, warra dhihaa jechuun hawaasa waa’ee amantii akka barbaaddetti dubbachuu siif hayyamuudha. Waa’ee nabi Iisaa irratti akkaataa isaan fedhanitti osoo da’awaa/yaamicha gootee ni filatu. Garuu yoo yaamichi kee sun daangaa kana bira kutee seera biyya bulchu kan tuqu ta’e waa’een isaa akka siyaasaa faalessituu, waa jajjabeessuu, shororkeessummaa fi maqoota birootti sitti baafama.

Kanaafuu, akka si'aa'inni cimaan jidduu addunyaa Islaamaa fi warra dhihaa kan hooggantummaa fi jiddu-galummaa Ameerikaatiin hoogganamu kana jiddutti cimu maal godhuu dandeenna?

## Dhimmichi Salphaa Miti, Akkasumas Wanta Furuun Hin Danda'amnes Miti

**Tokkoffaa**: Dhimmichi salphaa miti. Sababni isaas warri dhihaa akkaataa olitti dubbanne kanaan jiraatu waan ta'eef haaroomsa ofii hin feene kamiyyuu ni mormu. Keessattuu yoo hundeen haaroomsa kanaa xiinxala amantii fa'a kan qabaatu ta'e, bifa addaatin maddi isaa xiinxala amantii Islaamaa irraa kan dhufe fa'a taanaan cimsanii mormu.

Warri dhihaa duudhaa sammuu uumamaa qaba. Akkasumas sammuu saayinsaawaa kan faallaa amantii ta'e qaba. Warri dhihaa kun yaadannoo isaanii kan seenaalee dabre keessatti amantii waliin keessattuu amantii Islaamaa waliin qabsoo diinummaa cimaa qaba. Diinummaa kana keessatti jidduu Kiristaanotaa fi jidduu Qur'aana kabajamaa bocumaan malee waan biraatiin addaan hin baasu.

**Lammaffaa**: Akkaataan bocamiinsa qaroomina warra dhihaa, yaamicha waa'ee amala gaarii fi safuu ofitti hin fudhatuu. Keessattuu yaamicha hawaasa siyaasaa fi dinagdee isaa hordofuu irratti yaamicha isaan geeddaru ofitti hin fudhatu. Kufaatii gamtaa Sooveetiitiin booda fa'a diddaan yaamicha haaroomsaa kun itti fufaa dhufee jira. Sababni isaas gamtaan Sooveetii kufee kan Lebiraalistootaa wanti hafeef seerri keenna sirri ta'uu fi ijjannoon keennas kan dhugaa ta'uu mul'isa jechuutti waan amananiifi.

**Sadaffaa**: Yaamichi haaroomsaa kamyyuu keessattuu kan addunyaa Muslimootaa irraa namaaf dhiyaatu warri dhihaa kuni yaamicha qaama diinaa irraa nuuf dhiyaate jechuun, yaamicha kana faallaa isaa dhaabachuun akka inni hidda hin godhanne godhuun fudhachuu didu. Kanaafuu haguma feene isaan amansisuuf ykn isaanitti dhiyaachuuf yaalii goonus isaan gonkumaa hin fudhatan.

## **Kanaafuu Maal Haa Goonu**?

Rakkinootuma olitti tarreessuuf yaalle kana waliinuu, xurreeleen banamaa ta'an tokko tokko ni jiru, san keessaa:

**Tokkoffaa**: Qaroominni warra dhihaa kun sababa addaan ciccitiinsaa fi walitti deebisuu dadhabuuutiin burjaaja'iinsa badaa keessa jira. Waan nuti qofti addunyaa ammayyaa kana keessatti gama Qur'aana kabajamaatiin adeemsa beekkumsa Qur'aanawaa fayyadamnee dandeettii walitti deebisuu qabnuuf, itti gaafatamummaan keenna kan jalqabaa fi inni bu'uuraa manneen barnoota warra dhihaa kanneen gamaaggama irratti hojjatan waliin hariiroo baay'ee cimaa ta'e uumuudha.

Manneen barnoota gamaaggamiinsaa kun kallattiin yaadaa fi ilaalcha isaaniis homa fedhe haa ta'u hariiroo waliin cimsuu qabna. Sababni isaas manneen barnootaa kunniin seerri xiinxalaa, beekkumsaa fi falaasama isaa guyyaa irraa babal'ataa dhufaa waan jiruufi. Manneen barnootaa kuni warroota dhihaatti gama beekkumsaatiin itti dhiyaachuuf kortoo keenna isa jalqabaati. Nuti gama beekkumsa Qur'aana kabajamaa kanaan manneen barnootaa kanaaf dandeettii deebisanii surphuu fi walitti

dhiyeessuu gama beekkumsa Qur'aanawaa ta'een kennuufi waan dandeennuufi. Kuni immoo waan isaan jalaa hanqateedha.

**Lammaffaa**: warraaqsota beekkumsa Islaamessuu hundaaf anniisaa barbaachisu hunda kennuufii qabna. Kunis dirree saayinsiiwwan uumamaa qajeelchuu fi saayinsiiwwan namummaa fi hawaasummaa deebisnee ijaaruu irratti ta'a. Saayinsiiwwan kanniin akka sirna hawaa waliin deemutti guddisuun keenna warroota dhihaa hedduu akka isaan adeemsa keenna kana ofitti fudhatanii irra deebi'anii qorachuun irraa fayyadamaniif isaan gargaara.

**Sadaffaa**: kuni ta'ee argame taanaan ummata dhihaa fi hayyoota isaaniitti gayuu fi geengoo dirree beekkumsaa irratti isaan waliin marii gaggeessuuf kuni karaa nuu saaqa. Waliin marii isaan waliin taasifamu kana irratti Qur'aana ulfaataa irraa hubannoo gayaa qabaachuu fi kennaa (odeeffannoo) fi raajiiwwan isa keessa jiran kan dhuma hin qabne san qofa beekuu malee waan biraa nu hin barbaachisu.

Yoo akkas ta'ee argame, seensi haarofni gama addnuyaa Islaamaa kan eeggamuutti nu geessu seensa beekkumsaa fi adeemsaa kan akka sadarkaa addunyaatti gama beekkumsaa fi adeemsa amma jiruun dorgomuun injifachuu danda'uudha. Sammuu warroota dhihaa kana hatuuf yaamichoota miira namaa tuqan ykn hatanitti ni gargaarsifannaa?

Kan nuti itti dhimma baanu qorannoolee fi qu'annoowwan saayinsii kanneen dhimmoota addunyaa ammayyaa, burjaaja'iinsaa fi rakkinoota isaanii furuuf ka'umsi isaa adeemsa beekkumsa Qur'aanaa fi adeemsa Sunnaa ergamaa Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) kan hojiin

mul’ifamu ta’eedha. Asittis irra deebi’uudhaan warraaqsota amantii Islaamaa fi keessa mana Islaamaa irra deebinee ilaaluun hagam takka ga’ee baay’ee cimaa ta’e kana taphachuuf akka ga’umsa qabanii fi ga’ee sanis hojiin mul’isuuf hagam takka akka qophii ta’an beekuun dirqama.

Seerri warraaqsota ykn gareewwan amantii kunniin seera amantii, hambaalee isaa, seenaa fi beekkumsa isaa kanneen mul’anni isaa hedduun dhugaa battala Islaamummaa yeroo sanii mul’isu bu’uura godhachuu irratti bu’uureffaman. Kuni immoo akka waan gareeleen amatii kunniin dhimmoota battalaa kan ammaa gadaa durii sanitti hidhanii rakkinoota isaan mudatu hundayyuu seenaa dabre sanitti qabsiisaniiti.

Yoo duudhaa fi hambaalee durii san dhimma battala ammaa ittiin furuuf dhiyyeessuun barbaachises, duudhaalee san akkuma jirutti dhiyeessuun addummaa adeemsa keeyyatoota Qur’aanaa osoo hin ilaalle, keeyyatoota Qur’aanaa fi sunnaas geengoma warroonni gadaa jalqabaa ijaaran kan beekkumsa, adeemsaa fi addummaa yeroo sanii waliin deemu qofa keessa kaaya. Akkasumas galtee battalaa kana ammaas dhimma seenaa yeroo dabree kan carraa galmeessuu, gadi bu’iinsaan qorannoo irratti gaggeessuu fi carraa gamaaggaminsaa hin argatiniin tokko godhuun ilaalu.

Galtee seenaa dabree kana akkuma jirutti fudhachuun qu’annoo fi gamaaggamiinsa wayiituu osoo irratti hin goone, jijjiirama turtiin yeroo dhimma seenaa durii san irratti fide osoo gadi bu’anii hin ilaalle, jijjiirama turtiin yeroo fi iddoo taatee san irratti fides osoo hin ilaalle akkuma jirutti fudhachuun gargalchuma isaa hojiin mul’isuu qofa irratti fuulleffata.

Burjaaja’iinsi hawaasa dhihaa marsee jiru kun burjaaja’iinsa dadhabinaa kan deebisanii wal-qabsiisuun hin danda’amne kan Rabbii guddaa, wahyii fi wantoota dhokataa ta’an (geeybaa) fageessuu irraa kan uumame yoo ta’u, burjaaja’iinsi hawaasa Muslimaa marsee jiru immoo duudhaalee ykn hambaalee bifa dimshaashummaa qaban irratti adeemsa itti fayyadama isaa wallaaluu irraayyi.

Rakkinni/burjaaja’iinsi hawaasa Muslimaa marse kun haga tokko sababa gahaa qabaatus, garuu burjaaja’iinsi kun yeroo hundaa rakkinna kana hiikuu fi gamaaggamuu keessatti bifa goggogiinsa jijjiirama hin fudhanneef saaxilamee jira. Kun immoo dhugaa jiru beekuu, waan dabre of duuba deebisanii hubachuu fi qayyabachuu akkasumas ol’aantummaa Qur’aanaa mirkaneessuu dadhabuu keenna mul’isa. Dhuma irratti surphamiinsi akka addunyaatti dhabame kun akka bu’uuraawwan adeemsa jijjiiramaatti fudhatama.

Gareeleen warraaqsa Islaamotaa adeemsa beekkumsa ittiin Islaamessan jijjiiruu yoo dadhaban, gara gara-jabeenyummaa xiinxalaatti fuula isaanii naannessu, odeeffannoolee seenaa Islaamummaa kan da’awaan jalqabaa akka diriirtuuf gargaare sanitti taphachuu fi adeemsa amantiin Islaamaa jidduu geeybaa (wantoota nama jalaa dhokatanii), namaa fi hawaa ittiin waliin jiraatan jedhee lafa kaaye irraa bifa fagoo ta’een gara geeybaa kanatti dhiyaatu.

Akkasumas jijjiirama fiduu fi kan waa bulchu Rabbii ol’aane ta’uu mirkaneessuuf gara aangoo dhuunfachuutti fiigu. Bifa ga’ee amantii Islaamaa xinneesse baay’ee salphaa godhe kanaan sagantaaleen siyaasaa hedduun bocamu. Warroonni

siyaasaa kana bocanis siyaasaan kuni amantii Islaamaa bakka bu'a, waa'ee isaa ibsa, afaan Islaamummaan dubbattuun dubbata jechuun tooftaalee hundatti dhimma bayuun sagantaalee isaanii dhaadhessu.

Gareeleen warraaqsa Islaamotaa gosa bulchiinsaa fi seerota hunda jijjiiruu irratti akka fuulleffatan addunyaan hundi beekee jira. Seerota san keessaa seera dhaabbilee ofii keessa dalaganii kan sirna siyaasaa isaa jalatti bulanis dabalateeti. Akka ilaalcha namaatti yoo xinnaate warraaqsonni Islaamotaa jijjiiruuf kan irratti fuulleffatan sirna Lebiraalistootaa kan sab-daneessatti amanu kan bifa dimokiraasii banamaa ykn daangeffamaa fi sirna sooshaalizimii kan amalli isaa dimshaashawaa paartii tokko qofatti amanuu jijjiiruufi jedhanii yaadu.

Warraaqsonni amantii Islaamaa kunniin nutu seera irra haqa godhata, nutu irra itti dhiyaata jechuun gareelee biro kan isaaniin ala ta'an hunda Islaamummaa isaanii harkatti busheessu. Dimshaashummaa gareelee biraa ofitti hin fudhatan. Sab-danummaa garee lebiraalistootaa ni mormu. Gareelee biraa waliinis wal'aansoo godhuun seerummaa isaanii dhabamsiisu. Kana jechuun gareeleen kunniin seerummaa kan qabu qaama isaan gatii kennaniif ykn kennuufii barbaadan qofatu seera qabeessa jechutti amanu jechuudha.

Sababa kana irraa ka'uun ija isaanii gama aangoo naannoo isaanii irratti fuulleffachiisan. Kana godhuu isaaniitiin gareewwan kun idil addunyaawummaa Islaamaa irraa ija ofii gadi qabatanii jiru. Akkasumas adeemsa amantiin kun addunyaa hunda itti mooyu irratti xiinxala, wantoota isa barbaachisan, meeshaalee, tooftaawwanii fi jijjiirama gorsoota Islaamummaa

gama hundaan jiran hunda keessatti mul'achuu qaban hundaafuu ilaalcha wayiituu hin qaban.

Gareeleen kunniin naannoo isaanii qofa irratti fuulleffachuun aangotti gayuun isaanii addunyaa hunda qaqqabuuf akka ka'umsaatti nu fayyada jechuun yaadu. Kunis yoo yaanni idil addunyaawummaatuu mataa isaanii keessa yaa'eedha. Sunis yoo iddoo wayii keessatti humna gayaa horatanii humni isaanii kun sadarkaa addunyaa biraa dhaqqabutti isaan dandeessise jechuun yaadu.

Ilaalchi ykn yaanni akkanaa kun immoo xiinxala waan Rabbiin karaa godhee kan faallessuu fi dhimma wayii raawwachuuf dirqama nama irraa eeggamu akka sababaatti dhiyeessuu dhabuu mul'isa. Akkasumas sunnaa Rabbii kan hin jijjiiramneen wal-simachuuf hundeewwan sirrii ta'anii fi sirreeffama baay'etu isaaf hafa.

Gareeleen warraaqsa Islaamotaa kunniin kaayyolee amantii Islaamaa garii bakka bu'uu akka danda'an shakkii hin qabu. Garuu bifa hubannoon isaa daangeffamaa ta'eeni. Akkasumas fakkeenyummaa jidduu kaayyolee, seerotaa fi heerota hawaasa biratti jijjiiramaa ta'anii kanniin walitti hidhuu hin dandeenne. Sababa kanaaf jecha gareeleen kunniin baay'ina miseensotaa baay'ifachuun hawaasa keessatti babal'achuun humna lakkoofsaa guddaa ta'e qofa wal irratti ijaaruu irratti of amansiisanii jiru.

Tooftaalee isaan hawaasa keessatti ittiin babal'ifachuuf dhimma itti bayan keessaa tooftaa da'awaa fa'a. Jijjiiramni sammuu isaanii keessa yaa'u garee humna hedduu qabu hundeessuudha. Akkaataan seerota garee, seera hawaasummaa,

seenaa fi heera jijjiiramaatti itti fayyadaman, jijjiiramni xiinxalaa fi beekkumsaa fi fuulleffannaan idil addunyaawummaaf qaban geengoo xiinxala isaaniitiin ala. Kanaafuu namoonni hedduun isaan irraa ta'an beekkumsaa fi xiinxalaaf bakkee hin kennan. Inumayyuu iimaana faallessu jechuun jidduu jara lamaaniitti dallawa addaan dhoorguu fi addaan fageessu jiddutti ijaaru.

Haalli akkanaa kun akka jijjiiramaa jiru shakkii hin qabu. Burjaaja'iinsaa fi geengoo dhiphaa akkanaa kana keessaa bayuuf tattaaffiiwwan hedduun adeemsifamaa jiru. Garuu tattaaffiiwwan taasifaman kunniin burjaaja'iinsa kana keessaa bayuuf humna gahaa hin arganne, yaaliin godhamaa jiru hanga barbaadamuu gadi jechuudha. Tattaaffiiwwan Usuula fiqhii ykn fiqhii haaroomsuuf ykn saayinsiiwwan ammayyaa kan beekkumsa afaanii (ilmu al-kalaam) bakka bu'uu danda'an ijaaruuf taasifaman rakkina keeyyatoota Qur'aana ykn Hadiisa keessatti dhufanii fi dhimma battalaa kanneen bakkee fi yeroo waliin jijjiiramaa dhufan furuu hin dandeenne.

Akkasumas wal-danda'iinsi fiqhii fi fatwaa waa jajjabeessu ykn laaffisu godhuun wantoota namoonni gariin keeyyata Qur'aanaa fi Hadiisaa keessa jira jedhanii fi kan namoonni biraa immoo waan haala jijjiirama dhugaa battalaatiin wal-qabate jedhanii yaadan wal-simsiisuuf yaaliin taasifames geengoo xiinxala sababa adda addaa dhiyeeffachuu malee homaa hin daballe.

Yeroo dhimmichi sadarkaa kana irra gayu yaanni aangoo qabachuu jedhu balaqqisuu eegala. Rakkinoota tooftaalee fi adeemsi xiinxalaa furuu hin danda'in mara keessaa bayuuf furmaata jedhamee yaadama. Kana irraa ka'uun aangoon

kaayyoo qabsooleen hundi isa harkaan gayachuuf godhamtu ta'ee argama. Eega isa harkaan gayataniin boodas isa tikfachuuf yaaliin guddaan taasifama. Eega xiinxalli dadhabaa dhufeen booda maaliif waan uleen fiddu hin ilaalle?

Yaamichi Rabbiin guddaan ilma namaa hundaaf dhiyeesse, kan osoo ergamaan Rabbii (nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) hin ergamin duras namaaf dhiyaate yaamicha tokkoomaa fi dadhabsisaa ta'eedha. Yaamichi kunis yoomiyyuu sadarkaa guddina ilmi namaa itti dhaqqabu hundas ni qixxisa.

Yoo ilmi namaa ariitii baay'ee saffisaa ta'een gara addunyaawummaatti kan fuulleffatu ta'e, yaamichi ergaa dhumaa (yaamichi Islaamummaa) gara sadarkaa naannummaa fi gosummaatti gadi deebi'uu hin danda'uu? Kuni waan hin malle. Addunyaawummaan ilmi namaa safuulee wal-gitiinsaa irratti itti walii galan qajeellumaa fi amantii dhugaa irratti kan hundaa'e waan ta'eef kunis dirree irratti walii galiinsaa kan seeraa fi heera mataa isaa qabuudha.

Hayyuun *Imaam Fakruddiin Al-Raazii* jedhamu kan Hijraa irraa bara 606tti du'e, yaada beektonni Islaamaa ummata dachii kana irra jiran ganda Islaamaa fi ganda lolaa jedhanii addaan qooduun isaanii ammatti fudhatama hin qabu jedhu nama Al-Qaffaal jedhamu irraa odeesse. Kan irra filatamu addunyaa kana akkuma jirutti ganda Islaamaa fi ganda da'awaa (yaamichi Islaamaa) isaaniif dhiyaatu jechuudha. Ykn ganda awwaatee fi ganda yaamichi dhiyaatuuf jechuudha jedhe.

Ummata Muslimaa fi ummata Muslima hin ta'in jechuun addaan qooduun kun gara qoodiinsa ummata yaamicha

awwaatanii (Muslimootaa) fi ummata yaamichi dhiyaateef (kanneen Muslima hin ta'in) jechutti jijjiiruun ni danda'ama. Ilaalchi hayyoota kanneenii keessattuu Ashaashiin kan ergaa Imaamu Ashaafi'ii gara Imaamu Al-Mahdiitti geesse kun beekaa Hijraa irraa jaarraa sadaffaa keessa jiraateedha.

Hayyuun kun hundee amantii Islaamaatti irra dhiyaataadha. Ragaa isaattis nama itti maxxanaadha. Akkasumas beektota ammayyaa har'aa kanneen amantii Islaamaa naannoo isaanii kan addummaa seenaa fi naannummaa mataa isaa qabu qofaan walitti hidhanii kana caalaa nama idil addunyaawummaa amantii Islaamaa hubateedha.

Akkasumas hayyoota ammaa kanneen hanga ammaatittuu addunyaa kana gara ganda Islaamaa fi lolaatti, bahaa fi warra bahaatti, gara dhihaa fi warra dhihaatti addaan qoodan caala. Warri ammayyaa kun biyya tokko keessattis hawaasuma tokko garee fi ilaalcha amantiitiin bakka heddutti addaan qoqqoodu.

Ilaalchi 'idil addunyaawummaa amantii Islaamaa' jedhu kun nama jalaa dhokachuun adeemsi xiinxala sammuu Muslimootaa akka hubamu godhee jira. Gareeleen warraaqsa amantii osoo roga kana ganamaan kan hubatan ta'ee, silaa yaanni xiinxala walitti dhiyeessaa ykn xiinxala wal-dorgomsiisuu fi xiinxala osoo hin hubanne irra dabruu jedhu hundeessuu hin barbaachisu tureeyyu. Xinnxallan tarreessine kunis gadaa dhumaa kana keessatti mallattoolee bu'uuraa xiinxala Islaamummaati.

## Idila Addunyaawummaa Keennaa fi Kan Isaanii

Gareeleen amantii hin qabne, kanneen duniyaaf qofa bololan idil addunyaawummaa mataa isaaniitti nama yaamuuf yaalii godhaa turan. Garuu addunyaawummaan isaanii sun kan maxxantummaa, guutumatti addunyaawummaa warra dhihaatiif bitamuu fi jala deemuudha. Kunis yaada sirna addunyaa haaraya jedhu dahoo godhachuuni.

Yaamichi kun faallaa yaamicha keennaati, dhaadannooleen isaaniis faallaa daadhannoolee keennaati. Yaamichi isaan namaaf dhiyeessan sun sammuu namaa akkeeffannaa fi nama jala qofa deemuuf saaxila. Liqinfamaa fi duula ilaalchota warra dhihaatiif nama saaxila, addummaa fi safuu namni qabu nama dhabsiisa.

Idil addunyaawummaan amantii Islaamaa immoo addunyaawummaa fuulleffannaa seenaa warraaqsota kanaan dura turan kanneen jaarraa dhumaa keessa argaman kan akka: warraaqsota geejjibaa fi sab-qunnamtii fi warraaqsota saniin dura turan hojitti jijjiiruuf yaalii taasisuudha. Warraaqsonni kunniinis akka addunyaan guutuun gara addunyaa tokkoomee fi ilma namaa mirga walqixa ta'e argateetti dhufaniif gargaaree jira.

Ilaalchonni kunniin hojii irra yoo oolfamanii akka ilaalcha seenaa dheeraa kanaan dura ture irraa dhufe ta'uu isaatti yoo hubataman… imala isaa kanatti gayuuf qindoominni qarooma namaa imala baay'ee qaxxaamuruun argama qarooma durii irraa eegaleen jiru ibsuun akka waan ilma namaa bira fedhiin uumamaa itti dhagayamee fedhii san ibsachuuf carraa isaan maltu eeggatuu wayiiti.

Kallattiin fuulleffannaa addunyaa kan amantiin Islaamaa qabu kun ka'umsa Islaamummaa isa jalqabaa ibsuuf carraa

guddaa ta’ee jira. Haaluma kanaan osoo baay’ee hin turin jalqaba imala isaa keessatti idil addunyaawummaan amantiin Islaamaa dachee bahaan jidduu galaana Paasifikii fi dhihaan immoo hanga galaana Atilaantikiitti argaman dhaqqabuu danda’ee jira. Haala kanaan ol’aantummaan bahaa fi dhihaa kan amantii Islaamaa dura ture sun dhabamsiifamee jira. Islaamummaanis adeemsa isaa kan addaa fi akkaataa boca qaroomina isaa kan adda ta’een qaroomaa fi duudhaalee hedduu ofitti fudhachuu danda’ee jira. Qaroominaa fi dhaabbilee xiinxalaa fi falaasamaa hunda waliin si’aa’inaan hojjachuu danda’ee jira.

Idil addunyaawummaan amantii Islaamaa gaarummaa isaa kan baay’ee danuu ta’e seenaa keessatti galmeessee waan jiruuf, jiddu-galli qarooma warra dhihaa kun na liqimsa jedhee waan sodaatu hin qabu. Sababni isaas qaroomni dhihaa kun wiirtuudha malee kan addunyaa guutuu akka hin ta’in of beeka waan ta’eefi. Kanaafuu qaroomni dhihaa kun dhala namaa tokko godhuu hin dandeenne. Kana irratti wanni qaroominni warra dhihaa qabu quuncee alaa kan akka nyaata ariitii (Fast Food), Jiinsii fi kkf qofatu baay’inaan irraa mul’ata.

Dirree xiinxalaa fi seeraa irrattis qaroominni warra dhihaa kun rakkinna guddaa qaba. Rakinni isaanii keennaan adda haa ta’u malee. Akkuma duubatti hafiinsi rakkina mataa isaa qabu guddinnis rakkinna mataa isaa qaba. Qaroominni dhihaa kun nama lubbuu isaa baraaru barbaada. Eega barsiisa kiristaanummaa addaan kute irraa eegalee haala dhiphaa keessa jira.

Qaroomni dhihaa adeemsa saayinsii uumamaa hordofuun gara ergaa isaa kan hawaaf qabuu fi dhuma falaasama isaa yoo

kan hin diriirsine ta'e, rakkinna isaa keessaa bayuuf karaa isa baasu hin argatu. Qaroominni Awurooppaa ka'umsa saayinsii uumamaati. Garuu saayinsi kana bal'isanii itti fayyadamuu hin dandeenne, falaasama isaanii dhiphaa ta'een haguuganii hambisan waan ta'eef, kanaaf rakkinni itti wal-jijjiira.

Maarkisiizimiin xiinxala dhihaatiif falaasama isa dhumaa kennuufiif yaalaa ture. Garuu dhibbeentaan rakkinna sirna Maarkisizimii dhibbeentaa furmaataatii oli waan ta'eef inumayyuu rakkinichi sadarkaa dur irra jiru caalaa cimee argame.

Akkaataan boca qaroomina warra dhihaa kun bifa amma jiru kanaan boolla rakkina amma keessa jiruu kana keessaa bayuu hin danda'u. yeroo gamtaan Sooveetii kufee waraqaa raga du'a isaa harkaan gayatetti, dirreeleen warra dhihaa kanneen sirna kaappitaalizimii hordofanii gammachuun guutamanii turan. Kufiinsa isaa kanas akka injifannoo guddaa xiinxalaa fi adeemsa isaaniitti fudhachuun osoo xiinxalli fi adeemsi keenna rakkinna qabaachuu baatee silaa sirni Maarkisiizimii kun hin hundeeffamu ture jedhaa turan.

Garuu qaroominni isaanii kun adeemsi Rabbii waa hunda uumeef bakkee hin qabaane, kan wantoota ija namaa jalaa dhokatan (geeyban)tti hin amanne hunduu dhumni isaa akkuma sirna Maarkisiizimii akka ta'e hin beekne. Mormiin goggogaan ilmi namaa geeybaa fi uumama waliin taasisu seeraa fi akkaataa sosochii isaa yoo faallessan sirni kamiyyuu kufaatiif saaxilamaadha.

Sirnichi sun sirna barsiisa kiristaanummaa kan seera hawaa uumamaatiif bakkee hin kennines ta'ee ykn sirna namaan bocame kan ilma namaa akka meeshaa oomishaatti itti fayyadamus haa ta'u ykn sirna amantii kan dhugaa amantii sanii, ergaa fi adeemsa isaa hin kabajne hunduu booddeen dhugaa irratti finciluu isaanii akkuma ka sirna Maarkisizimii kana kufaatii isaanii ta'uuf jira.

Rakkinoonni addunyaa kanaa wal-keessa seenaa dhufee jira. Akkuma rakkinoonni kun wal-xaxaa dhufaniin rakkinna guutuu addunyaa ta'uu eegalaniin furmaanni rakkinoota kana furuuf dhiyaatus furmaata addunyaawaa ta'uu qaba. Rakkinni biyya kamiituu ykn ummata kamiituu rakkinna keessaa qofa ta'ee hafaa hin jiru. Wal keessa seeniinsi diinagdee, qilleensaa, tarsiimoo, siyaasaa fi qaroomaa kan warraaqsa geejjibaa fi sab-qunnamtii boodaan dhufe addummaa biyyi ykn ummannni tokko kophatti qabu dhabamsiisee jira.

Warraaqsi geejjibaa fi sab-qunnamtii kunis addummaa fi boca qarooma ummata ykn biyya tokkoo wantoota baay'ee xixinnoo godhuun akka isiin ijaarsa addunyaa guutuu keessa galtu taasisee jira. Wal-keessa seeniinsi sirna diinagdee, qaroomaa fi siyaasaa argamee kunis ummata saniin too'atama moo qaama biraatiini yaada jedhuuf osoo bakkee hin kennine, ilaalcha biyyi kamiyyuu ykn ummanni biyya kamiituu addunyaa biraa irraa adda cite argamuu hin danda'u jedhuun walitti laaquun wal-keessa seensisuu danda'ee jira.

Hayyuun *Saamu'eel Hantiington* jedhamu paampileetii *(Foreign Affairs)* jedhamu irratti, akka lakkoofsa Awurooppaanotaatti bara 1993tti wal'aansolee qaroominaa irratti

qu'annaa gaggeessee ture. Qorannoo isaa san irrattis wanti inni raagaa ture: "waggoottan as deemaa jiran kunniin wal falmii qaroominaa keessatti uumamuuf deema" jedhe. Dhumni wal-falmii qaroominaa sunis addunyaa haaraya ammaa irratti wal'aansoon uumamuu fi guddataa dhufuudha jedhe.

Ummatootaa fi mooummaalee biyyoota dhihaatiin ala jiran kanneen ga'een isaanii akkuma kaayyoo wayii qofatti gayuuf itti fayyadamuu qofa ta'e akkamitti akka anniisaa fi rakkinaatti akka itti fayyadamaa turan kaasee ture. Saamu'eel raagiinsa isaa itti fufuudhaan addunyaan kun fuul-duratti waliin ta'iinsa ykn wal-falmii jidduu qaroomina torbaatti uumamuun bocni isaa jijjiiramuuf deema jedhe. Qaroominni turban sunis:

Qaroomina warra dhihaa, kan Konfiyuushesii,kan Jaappaan, kan amantii Islaamaa, kan Hindiyuuzimii, kan Ortodoksii fi kan Laatin Ameerikaati jedhe. Qaroominni dachii Afrikaas qabsoo kana keessa galuun ni mala. Qaroomina amantii Islaamaa kana gara qaroomina Arabaa, kan Turkiyaa fi qaroomina Malaayitti addaan qooduun qaroomina Fursii (Iiraanotaa), Hindootaa fi qaroomina ummatoota biro kanneen qaroomina Islaamaa jalatti hammataman osoo hin dubbanne bira kutee jira.

Bifuma wal-fakkaatuun qaroomina warra dhihaas gara qaroomina Awurooppaa fi Ameerikaatti addaan qoodee jira. Qaroomina hunda jidduu waldhabiinsi akka jiru cimsee ibsee jira. Akkasumas gargar ta'uun amantiis qaroomina jiddutti waldhabiinsa uumuun, gosa waldhabinsaa keessaa isa irra cimaa fi kan yeroo dheeraaf turu jechuudhaan ibsee jira.

Jecha isaa kan baay’ee guddaa ta’e keessatti malattoolee qaroominaa kanneen qorannoo irratti gaggeeffamuu qabu jechuun ibsa baay’ee barbaachsaa ta’e barreessee jira. Garuu wanti inni akka salphatti haguu tuqee bira kute ilaalchi inni Islaamummaa, beekkumsaa fi qarooma Islaamaatiif qabu akka inni ilaalcha warra bahaa isa durii san akka qabu akeeka. Akkasumas dug-duubeen isaa warra dhihaa ta’uu fi aantummaan inni qarooma dhihaa kan wal’aansoo fi wal jibbaa irratti ijaarameef qabus rogoota qaroomaa, amantiilee fi beekkumsaa kamiyyuu akka inni hn argine isa dhoorguun roga walitti bu’iinsaa fi wal-diddaa qofa irratti akka fuulleffatu isa godhee jira. Kuni immoo ijoo waan qaroominni warra dhihaa irratti fuulleffatuuti.

Akka nutti fakkaatutti, Saamu’eel kaartaalee qaroomina olitti tarreeffamanii kana waan dubbise fakkaata. Akka waan bara 1500 keessa jirruu warraaqsa teknolojiitii fi bu’aa isiin argamsiifteef, akkasumas warraaqsa sab-qunnamtii fi jijjiirama isiin qu’annoo fi qorannoo irratti argamsiifteef gurra hin kennine.

Akkasumas jijjiirama saayinsiiwwan diinagdee fi naanoo fidanis baay’ee bakkee kennuufii dhabuun haga tokko waa’ee isaani kaasuuf yaalii godhee jira. Wal-gayii addunyaa kan rakkinna qilleensa waliinii ykn rakkinna hawaa akka mana nama hundaatti fudhatamu mudatan furuuf taasifame irrattis yaada kennuu hin dandeenne. Ammas fakkeenyummaa warra dhihaa kan amantiin ala ta’e kan gara moodeela warra dhihaa kan waa hunda of keessatti hammatu kan jijjiiramni isaa amantiiwwan, beekkumsaa fi qaroomina hunda dhaqqabuu ka’e kanas dura dhaabachuu hin dandeenne.

Saamu’eel walitti bu’iinsa amantii Islaamaa fi qarooma dhihaa irratti fuulleffatee jira. Akkamitti warri dhihaa dirree lola isaa kan qaroomina Islaamaa irratti bane kana akka injifatuu danda’u irratti akeektuuwwan hedduu kennee jira. Akkasumas warri dhihaa qarooma Islaamaa kana irratti qaamolee lola baname kana injifachuuf isa gargaaruu danda’an akkamitti akka horatan irratti barreessee jira. Garuu barreessaan kun amantii Islaamaa irraa waan yaadannoo kuusaa galmee warra dhihaa kan jibbaan guutame irraa argateen ala waa’ee Islaamummaa irraa wanni inni beeku hin jiru.

Xiinxalli fi gamaaggamiinsi akkanaa kun barreessaa warra dhihaa akka isaa irraa dhufuun kun waan baay’ee nama dinqisiisuu miti. Garuu dhimmoota garii kanneen osoo xiyyeeffannaa wayiituu hin kenniniif bira kute sanniniif osoo fuulleffannaa kenneefii, silaa bu’aan qorannoo isaa faallaa waan barraayee ta’uu ni hubata ture.

Akkasumas raagiinsi inni raages tariitii dhugaa ta’uu akka danda’uu fi yoo addunyaan hundi walii galee boca qaroomaa hundaaf banaa ta’e kan bu’uurri inni irratti hundaa’e bu’uura nagayaa ta’e irratti yoo waliif hin galin rakkinoonni inni ni dhalatu jedhee eeges akka uumamuu danda’an ni hubata ture. Qaroomni hundaaf bu’a-qabeessa ta’e qarooma biyyootaati malee kan wiirtuu tokkootii miti. Safuulee hundi irratti wal-siman irratti hundeeffama malee safuulee dhuunfaa kanneen naannummaa, amantii fi gosummaa qaama tokkoo qofa mul’isuu miti, safuulee dhala namaa hundaaf dhaabbataa ta’an kanneen hin jijjiiramne irratti bu’uuruu qaba.

Safuuleen qajeellumaa fi amantii dhugaa dhala namaa hunda uumamumaan waan gaarii isaan irraa barbaaddi, wantoota fofokkuu uumaan irraa nama dhoorgitu irraa isaan seerti, wantoota gaggaaritti akka dhimmi bayan isaaniif hayyamti, wantoota fokkisaa ta'an haraama isaan irratti gooti, dhala namaa irraa gabrummaa fi cunqursaa isaan irra ture morma isaanii irraa lafaan geetti.

Safuuleen amantii Islaamaa keessa jiran ilma namaa gooftaa hawaa gooti, kan dachii kana hunda dhaalu isa gooti, hawaa guutuu akka ilmi namaa akka manaatti itti fayyadamu isaaf laaffisti. Ilmi namaa hundinuu xiqqaa fi guddaan safuulee san akka fudhatanii fi guutumatti amantii keessa akka seenan isaan ajajji. Qaroominni Islaamaa kun ilma namaa hundayyuu ilmaan Aadam irraa argamaniidha jechuun fudhata. Aadam immoo biyyee irraa uumama jechuun isaan hunduu akka hubatan isaan godha.

Hayyuun Jaawordii jedhamu kan amantii Islaamaa kana dubbisee addummaa inni qabu hubate immoo qaroomina jiddutti wal'aansoon ni uumama jedhee hin eegne. Kan inni ni uumama jedhee eege qaroomina hunda jiddutti waliin mariin taasifamuun akka hunduu addunyaawummaa hunda hammatu uumaniif haala mijeessutu argame jedhee ture. Hayyuun kun jalqaba kitaaba isaa kan (waliin marii qaroominaa- Hiwaaru al-Hadaaraat) jedhamu keessatti fuula 17 irratti akkana jechuun eegale:

"Wanti qorattoonni warra 'dhihaa' jechuun irratti walii galan waan 'laggeen lamaanii fi Igibtiin' jidduu jiruun" jechuun dubbate. Warroonni dhihaa addummaa fi cimina qaroominni Islaamaa fi qaroominni ummatoota biraas qaban wallaaluu

isaaniitiif baay’ee isaan komatee jira. Muxannoolee dhuunfaa isaa irraa ka’uun akka warroonni dhihaa addummaa qaroominni Islaamaa qabu akka irra gayaniif yaamicha isaaniif dhiyeessee jira.

Rakkinni Islaamummaan duratti qabu akkuma rakkinna warra dhihaati jechuun dubbata. Sababni isaas bu’uurri rakkinna isaa aantummaa inni qarooma dhihaatiif qabu jechuun dubbata. Kanaafuu warri dhihaa waa’ee amantii Islaamaa gadi fageenyaan baruun rakkinoota isaanii furuuf gayaadha jedha. Akka sadarkaa guutuu addunyaatti warraaqsa beekkumsaa akka godhuu qaban raga hojiin deeggarame akka armaan gadii kanatti dhiyeessee jira:

1- Yunivarsitiilee fi manneen barnoota warra dhihaa keessatti qaroominni ummatoota biraas akkuma qarooma dhihaa bakkee fi sadarkaan qorannoon irratti gaggeessuus kennamuufii qaba;

2- Xiinxala falaasamaatiif ilaalchi haarofni kennamuufii qaba. Kana jechuun isaa qu’aannoolee saayinsiitiif jennee qu’annoolee tiyoorii, xiinxalaa fi falaasamaatiif bakkee xinnaa kennuu hin qabnu jechuu isaati;

3- Saayinsii waa’ee bareedumaatti dhimmamnee sadarkaa guddaa sadarkaa saayinsii teknolojiitii gadi hin taane kennuufii qabna jedha;

4- Qu’annoolee waa’ee egaree qoratan seenaa dhala namaa waliin walitti qabsiisuun itti yaaddayuu qabna.

Garuu *Jaawurdii* fi namoonni isa fakkaatan rakkinoota qarooma warra dhihaa waliin qaban qarooma Islaamaatiin furuu danda’anis, akka Muslimootaatti rakkinna haaraya duudhaa Islaamummaa irraa isaan qunname furuu hin dandeenne. Sababni

isaas gara amantiitti kan dhufaniin gama qaroomni faallaa ta'eetiin malee amantii kana dhaalaniitii miti.

Namni rakkinna duudhaa keennaa fi duudhaa isaanii haaraya kan Muslimoota akkanaa kana qunnamu argu baay'ee isaaniif gadda. Akkasumas eega amantii Islaamaa fudhatan booda anniisaan isaanii akkamitti akka hanqataa dhufee fi rakkinni isaas waan osoo Islaamummaa hin fudhatin dura ture irraa akka baay'ee adda hin ta'in mul'isa.

Sababni isaa immoo duudhaalee yeroo dheeraaf wal irratti kuufamaa ture san irraa dhugaa amantii Islaamaa fi addummaa addunyaawaa inni qabu bifa guutuun qoratanii irra gayuu dhabuu isaanii mul'isa.  Akkasumas duudhaalee qofa osoo hin taane, xiinxalli Islaamummaa ammayyaa kan hidhaa dhaalaatiin gadaa waa galmeessuun itti eegalame irraa hanga ammaatti hidhamee taa'u kunis isaanii fi mataa isaatiifis addummaa barbaadamu dhiyeessuu waan hin danda'iniifi.

Hedduun namoota kanniinii waa'ee amantii Islaamaa Qur'aana kabajamaa irraa qoratanii argatanii dhugaa isa keessa jirtutti amananii ofitti fudhatanii barbaachisummaa isaas hubatani jiru. Garuu namoonni kunniin yeroo duudhaalee/hambaalee namoonni Muslimaa bakkee guddaa kennanii fi akka hiikkaa Qur'aanaa fi sunnaatti fayyada jedhanii keeyyatoota isaatti qixxeessan bira gayanii jennaan wantoota baay'ee kan hambaalee ummata durii irraa harca'anii (kufanii) hafan ykn hubannaa gadaa seenaalee durii kan jaarraa heddu dura ummanni bira tare kan dur irraa dheessaa turan arganii turan.

Xiinxallitoonni Muslimootaa garii fi beektonni isaanii akka Imaamu Ashaafi'iin fiqhii isaanii magaalaa Bagdaaditti

jalqabanii, kitaaba isaanii Al-Hujjaa jedhamu qopheessanii, warroonni magaalaa Bagdaad isaan irraa baratanii keessattuu Ahmad Binu Hambal, Abuu Soowri, Karaabiisii fi namoonni biroos akka isaan irraa baratan dagatanii jiru. Imaamu ashaafi'iin eega gara biyya Ijibtii dhufaniin booda fiqhii isaanii san hunda irra deebi'anii ilaaluu eegalan.

Fiqhii kana eega irra deebi'anii ilaalaniin booda dhimmoota kudha sadii ol keessatti yaada durii san jijjiiranii faallaa isaa murtii kennuu eegalan. Sana booda fiqhiin isaanii fiqhii durii fi fiqhii haaraya jechuun bakka lamatti qoodame. *Ashaafi'iin* nama umrii waggaa shantama qofa jiraateedha. Garuu garaagarummaan boca qaroomina Bagdaadii fi Kaayiroo jidduu jiru garaagarummaa boca qaroomaa kan yeroo ammaa biyya Jaappaan fi Hijaaz ykn kan biyya Najdii fi Ameerikaa jidduu jiru hin gayu.

Kanuma waliinuu beekaan (faqhiihni) ammaa akka Muslimoonni boca qaroomina isaanii akkaataa boca mana barumsa Hijaaz ykn mana barumsa Kuufaa kan jaarraa lammaffaa keessa tureen wal-simsiisan ykn ilaalcha warra Hadiisaa ykn warra yaada dhuunfaa isaanii hordofanii kanneen gadaa san keessa turaniin akka wal-simsiisan ajajuun Gaala qaawwa lilmoo keessa seensisuuf yaalii godha.

Kanas kan godhuuf waan biraatiif osoo hin taane, waan idil addunyaawummaa Islaamaa jechuun maal akka ta'e hin beekneefi. Akkasumas addunyaawummaan Islaamaa kun bocoota gara garaa hubachuuf dandeettii inni qabu waan hin beekneefi. Addunyaawummaan Islaamaa kun yeroo wantoota biraa ofitti

fudhatu safuulee isaa kan bu'uuraa osoo hin jijjiirre wantoota jijjiirama ofitti fudhatan qofa jijjiiruuni.

Bu'uurri idil addunyaawummaa Islaamaa jennu kun dhaadannoo cal jennee ittiin boonuuf dhaadannuunii miti. Inni bu'uura adeemsa eeggate kan bu'aa guddaa of keessatti hamate ta'ee, akka nuti bifa irra deebi'iinsaatiin hambaalee keenna hunda bifa gadi bu'iinsa qabuun dubbifnee gamaaggamnuu fi bifa adeemsa beekkumsaa eeggateen akka dubbifnee hubannu kan nu dirquudha. Akkasumas adeemsa duudhaalee keenna akka irra deebinee hubannuu fi waan isa keessatti nu dhibe Qur'aana kabajamaa fi sunnaa irra fiduun hojiidhaan lafa irratti akka mul'ifnuuf nu gargaara.

Kana godhuun immoo sammuuwwan qaroo carraaqqii taassiftu tan kutannaa qabdu, tan kumaatamaan lakkaayamtu barbaada. Akkasumas sammuu dhugaa argitu tan adeemsa Qur'aanaa fi sunnaa irraa hubannoo qabdu barbaada. Akkasumas dhaabbilee dhibba hedduun lakkaayaman kan hojii isaanii irratti baay'ee ciccimoo ta'an biyya hunda keessa akka jiraatuu qaban barbaada.

Yoo akkas ta'ee argame, beekkumsaa fi saayinsiiwwan keenna keessatti hambaalee ykn duudhaalee hedduu kanneen jijjiiramuun dirqama ta'e arguu dandeenna. Akkasumas beekkumsaa fi saayinsii jijjiiramuu qabanii fi kanneen haaroomfamuu qabanis hedduu argina. Bifuma wal fakkaatuun duudhaa ijaaramuuu fi jajjabeeffamuu qabus arguu dandeenna.

Tariitii namni wayii akkana jechuu danda'a: "kana hunda maaliif itti dhimmamuu barbaachise"? Deebiin isaaf kenninu immoo: kuni kabaja ummata kanaatii fi itti gaafatamummaa

isaaniiti, akkasumas ummatoota biraa irratti akka ragaa bayaniifi. Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) dhuma nabiyyootaati isaan boodaan nabiyyiin dhufu hin jiru.

Rabbiin guddaan wanni inni nabiyyoota erguuf akka ilmi namaa guyyaa qiyaamaa waan sababatu hin qabaanneefi. Kana irratti Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedha:

﴿ وَلَوْ أَنَّآ أَهْلَكْنَٰهُم بِعَذَابٍ مِّن قَبْلِهِۦ لَقَالُوا۟ رَبَّنَا لَوْلَآ أَرْسَلْتَ إِلَيْنَا رَسُولًا فَنَتَّبِعَ ءَايَٰتِكَ مِن قَبْلِ أَن نَّذِلَّ وَنَخْزَىٰ ﴿١٣٤﴾ ﴾ طه: ١٣٤

*[Nabiyyii osoo isaanitti hin erginiin dura kan isaan adabnu osoo ta'ee, silaa yaa Rabbii keenna! Maaliif ergamtoota (dursitee) nutti hin ergin, silaa osoo ibidda kanaan xiqqeeffamnee hin tuffataminiin duratti mallattoolee (tokkochummaa kee mul'isan) ykn Qur'aana hordofna] (Xaahaa: 134).*

﴿ وَمَا كُنَّا مُعَذِّبِينَ حَتَّىٰ نَبْعَثَ رَسُولًا ﴿١٥﴾ ﴾ الإسراء: ١٥

*[Hanga ergamaa isaanitti erginutti nama kamiyyuu ibiddaan isa hin adabnu] (Al-Israa: 15).*

Nabiyyummaan dhaabbattee jirti. Kana jechuun immoo ummanni kun walumaa galatti dhala namaatiif waan nabiyyiin yoona booda hin ergamneef, itti gaafatamummaa bakka nabiyyii bu'anii karaa dhugaatti ummata yaamuutu isaan irra jira jechuudha. Kanaafuu beektotaa fi hayyoonni ummata kanaa akkuma nabiyyoota warra Israa'iili jechuudha.

Ergaa haaroomsuun, ummata biraan gayuu fi amaanaa namatti raga ta'uutiin dhaabbachuun filannoo amantiin Islaamaa

namaaf fide kan namni yoo fedhe filannoo san bayatee, yoo fedhe dhiisee, yoo barbaade immoo lash godhuu miti. Dhaloonni ummata kanaa yaamicha Islaamummaa yeroo gara yerootti bifa itti fufiinsa qabuun haaroomsuun akka sammuun namootaa hubachuu danda’utti isaan biraan gayuun dirqama isaaniiti.

Ummanni kun dirqama isaan irra jiru kana yoo hin bayatinii fi amala silaa qabaachuu qabdu yoo hin qabaatin, wanti ergamaa ummata isaatii fi itti gaafatamummaa isaa dhiise qunname isaanis ni qunnama. Ergamaan ykn nabiyyiin ergaa isatti kenname bayuu dhiisee deeme kan Qur’aana keessatti Rabbiin dubbate malee isa biraa hin beeknu. Innis:

﴿ وَٱتۡلُ عَلَيۡهِمۡ نَبَأَ ٱلَّذِيٓ ءَاتَيۡنَٰهُ ءَايَٰتِنَا فَٱنسَلَخَ مِنۡهَا فَأَتۡبَعَهُ ٱلشَّيۡطَٰنُ فَكَانَ مِنَ ٱلۡغَاوِينَ
(١٧٥) وَلَوۡ شِئۡنَا لَرَفَعۡنَٰهُ بِهَا وَلَٰكِنَّهُۥٓ أَخۡلَدَ إِلَى ٱلۡأَرۡضِ وَٱتَّبَعَ هَوَىٰهُۚ فَمَثَلُهُۥ كَمَثَلِ ٱلۡكَلۡبِ إِن
تَحۡمِلۡ عَلَيۡهِ يَلۡهَثۡ أَوۡ تَتۡرُكۡهُ يَلۡهَثۚ ذَّٰلِكَ مَثَلُ ٱلۡقَوۡمِ ٱلَّذِينَ كَذَّبُواْ بِـَٔايَٰتِنَاۚ فَٱقۡصُصِ
ٱلۡقَصَصَ لَعَلَّهُمۡ يَتَفَكَّرُونَ (١٧٦) سَآءَ مَثَلًا ٱلۡقَوۡمُ ٱلَّذِينَ كَذَّبُواْ بِـَٔايَٰتِنَا وَأَنفُسَهُمۡ كَانُواْ يَظۡلِمُونَ
(١٧٧) ﴾ الأعراف: ١٧٥ - ١٧٧

*[(Ummata keetiif himi yaa Muhammad) oduu namicha (warra banii Israa’iil irraa ta’e) kan nuti qajeelluma isaaf kennine, (eega amaneen booda) keessaa baye (kafare) sheyxaanni isa mooyee warra jallate irraa ta’e. Osoo qajeelluma isaaf kennine saniin sadarkaa isaa ol kaasuu feenee silaa ni kaafna, garuu inni duniyatti irkatee fedhii isaa jala deemuu eegale. Fakkeenyi isaa akka fakkeenya sareeti, sareen yoo ati isa ariitus ni hargana yoo dhiiftus ni hargana. Suni fakkeenya warroota waan nuti jenne kijibsiisaniiti. Oduu durii isaaniif*

*odeessi akka isaan xiinxallaniif (irraa barataniif). Fakkeenyi warra mallattoo (Qur'aana) keenna kijibsiisanii lubbuu isaanii miidhanii fokkatee jira] (Al- A'araaf: 175-177).*

Tariitii sababni ummanni keenna bakkee hundatti xiqqeennaa fi duubatti hafiinsa kana dhandhameef waan qajeelluma isaanitti dhufe jalqaba fudhatanii booda didanii keessaa bayaniif ta'innaa? Addaan qoqqoodamni fi gar gar citiinsi nuti amma keessa jirru kun ergaa Rabbiin irraa ta'e, fakkeenyummaa fi masakamiinsa Rabbiin nuun jedhe ummataaf dhiyeessuu irraa gara duubaatti waan jenneef ta'innaa laata?

Fakkeenya nabiyyii ummata isaa jalaa dheessee irratti fakkeenyi nuti beeknu nabi Yuunusiin malee kan biraa hin beeknu. Waa'ee isaa irratti Rabbiin akkana jedhe:

﴿ وَإِنَّ يُونُسَ لَمِنَ ٱلۡمُرۡسَلِينَ ﴿١٣٩﴾ إِذۡ أَبَقَ إِلَى ٱلۡفُلۡكِ ٱلۡمَشۡحُونِ ﴿١٤٠﴾ فَسَاهَمَ فَكَانَ مِنَ ٱلۡمُدۡحَضِينَ ﴿١٤١﴾
فَٱلۡتَقَمَهُ ٱلۡحُوتُ وَهُوَ مُلِيمٞ ﴿١٤٢﴾ فَلَوۡلَآ أَنَّهُۥ كَانَ مِنَ ٱلۡمُسَبِّحِينَ ﴿١٤٣﴾ لَلَبِثَ فِي بَطۡنِهِۦٓ إِلَىٰ يَوۡمِ يُبۡعَثُونَ ﴿١٤٤﴾
۞ فَنَبَذۡنَٰهُ بِٱلۡعَرَآءِ وَهُوَ سَقِيمٞ ﴿١٤٥﴾ وَأَنۢبَتۡنَا عَلَيۡهِ شَجَرَةٗ مِّن يَقۡطِينٖ ﴿١٤٦﴾ وَأَرۡسَلۡنَٰهُ إِلَىٰ مِاْئَةِ أَلۡفٍ
أَوۡ يَزِيدُونَ ﴿١٤٧﴾ فَـَٔامَنُواْ فَمَتَّعۡنَٰهُمۡ إِلَىٰ حِينٖ ﴿١٤٨﴾ ﴾ الصافات: ١٣٩ - ١٤٨

*[Yuunus ergamtoota (Rabbii) irraayyi. Ummata isaa irraa dheessee Doonii meeshaa fe'ameen guuttamte yaabbate. (Booda fe'aa doonii irraa hir'isuuf jecha akka namni carraan itti baye galaanatti darbamuuf) carraa buusanii jennaan carraan isatti baye. (Galaanatti darbamee jennaan) haala komatamaa ta'een Qurxummiin isa liqimse. Osoo (garaa Qurxummii isa liqimsee san keessatti) Rabbiin faarsuu baatee, silaa hanga guyyaa qiyaamaatti garaa isaa keessa tura. Haala inni dadhabaa ta'een (Garaa Qurxummii san keessaa) gara lafa duwwaa wanni*

*takka irra hin jirreetti isa darbine. Muka isa irratti biqilchine. (Sana booda) gara ummata kuma dhibba tokkoo oliitti isa ergine. Isaanis waan inni itti isaan yaametti amananii jennaan hanga gaafa guyyaa du'a isaaniitti isaan qananiifne.] (Assaaffaat: 139-148).*

Rakkinoonni fi dhibeeleen yeroo hunda ummata keenna mudatan kunniin waan isaan ergaa dhala namaatti geessuu dhabaniif akkuma rakkinna nabi Yuunus garaa Qurxummiitti argee way ta'aa? Waan isaan ilma namaa qajeellumatti ajajuu dhabanii, sammuu fi onnee ummataa yaada dhugaa, qajeellumaa fi amantii dhugaa akka fudhatan itti himuu dhabaniif way ta'aa?

Ergaan nabiyyummaa dhumaa fi itti gaafatamummaan ummatoota biraa irratti ragaa bayuus kanuma ibsa. Dhugaa jirtu Rabbuma qofatu beeka. Ummanni kun dhugaa ga'ee isaanii osoo beekanii, kabaja itti gaafatamummaa isaaniif kennamee kana osoo hubatanii dhama'iinsa amma keessa jiran kana irraa gara karaa sirrii ta'eetti ni bayuu laata?

Dureewwan ummata kanaa, beektonni, xiinxallitoonni, gareeleen da'awaa fi hayyoonni osoo bu'uuraalee tarreessine kana irratti hubannaa gahaa qabaatanii, waan silaa ergaa amantii fi itti gaafatamummaa isaanii irraa amma isaan jeequ kanaan ni jeeqamuu laata?

Bu'uurri 'Qur'aanni kan ittiin murteeffatamu' jedhu immoo addummaa addaa kan amantiin dhumaa qabu keessaa isa tokko. Bu'uurri kun bu'uura baay'ee barbaachisaa ta'eedha. Sababni isaas: amantiin Islaamaa ergaa dhumaa dhala namaatiif dhufe ta'ee, ergamtoota isaan dura jiran irraa haga tokko turee kan dhufeedha. Islaamummaan kun sunnaadhan (seerota) Rabbii

kan yoomiyyuu murtii irra oolan of keessatti hammatee dhufe. Seerota sanniin keessaa: seera (sunnaa) ummaticha ummata biraatiin jijjiiruuti:

﴿وَإِن تَتَوَلَّوۡاْ يَسۡتَبۡدِلۡ قَوۡمًا غَيۡرَكُمۡ ثُمَّ لَا يَكُونُوٓاْ أَمۡثَٰلَكُم ﴿٣٨﴾﴾ محمد: ٣٨

*[Yoo isin diddanii (amantii kanatti) dugda gargaltan (Rabbiin isin halaakee) ummata biraa kan isin hin ta'in fida. Booda isaan akka keessan hin ta'an] (Muhammad: 38).*

﴿وَتِلۡكَ ٱلۡأَيَّامُ نُدَاوِلُهَا بَيۡنَ ٱلنَّاسِ ﴿١٤٠﴾﴾ آل عمران: ١٤٠

*[Guyyoota sunniin jidduu keessanitti ni deddeebifna (yeroo garii injifachuu wayta biraa injifatamuu, duroomuu hiyyoomuu, fayyuu fi dhukkubsachuu] (Aala Imraan: 140).*

Ummatoonni Rabbiin ummata biraatiin bakka buuse ykn kanneen guyyaan (haalli) dur irra turan irraa jijjiirame, ummta *Banii Israa'iili*. Ummanni *Israa'iil* kun dhuma ummatoota ergaan Rabbii itti baachifamee ergaa san irraa dabanii, waan ergaan sun barbaaddu guutuu dhabanii, kitaaba *Toowraat* jedhamu kennamanii waan inni jedhutti dalaguu dhabanii, nabiyyoota isaanitti ergaman ajjeesanii, ajaja Rabbii fi waan nabiyyoonni isaaniif dhaaman fudhachuu didanii warra fincila kaasaniidha. Addummaa fi filatamummaa Rabbiin isaaniif kenne waliinuu garuu isaan badii kana hunda hojjatan.

Addummaa Rabbiin isaaniif kennee isaan of irratti beekuu dhabanii gatii isaas wallaalan keessaa: Rabbiin guddaan ol ta'aan ummatoota gadaa sanii hunda isaan caalchisee isaan filatee jira, ofumaa isaan bulcha. Waan isaan barbaadan hunda isaaniif kenna. Akka isaan isa tole jedhanii isatti amananiif jecha raajiiwwan adda addaa kanneen qabatamaan mul'atan hunda

isaanitti agarsiisa. Kuni isaan dagee inumayyuu nuti ummata Rabbiin isaan filateedha jechuun boonanii, inumayyuu kana caalaa dagamuun nuti ilmaan Rabbiiti jaalalleewwan isaati jechuu eegalan.

Fincila isaanii itti cimaa dhufuun akka Rabbiin bulchiinsa kallattiin isaan bulchu san nabiyyoota isaatiin isaaniif bakka buusu gaaftan. Rabbiin guddaan waan isaan hin malle irraa qulqullaaye nabi Daawudiin isaaniif bakka buusee Suleeymaniin immoo mootii fi nabiyyii godhee isaanitti erge.

Rabbiin guddaan rakkinoota jidduu ummata saniitti uumamuuf akka isaan murtii kennaniif *Daawudii fi Sule*eymaniin isaaniif erge. Garuu isaan sanitti hin quufne. Rabbiin dachii kabajamtuu seenaa jedhee isaan ajajnaan didanii akka Rabbiin guddaan isaan bulchuu dhiisu gaafatan:

ٱبۡعَثۡ لَنَا مَلِكٗا نُّقَٰتِلۡ فِي سَبِيلِ ٱللَّهِۖ ﴿٢٤٦﴾ البقرة : 246

Mootii isa jalatti bullee isaan karaa Rabbii keessatti duula baanuun nuuf ergi, isaan jennaan Rabbiin nama *Xaaluut* jedhamu mootii godhee isaaniif erge. Sana booda immoo akkana jedhan:

﴿ٱللَّهَ قَدۡ بَعَثَ لَكُمۡ قَالُوٓاْ أَنَّىٰ يَكُونُ لَهُ ٱلۡمُلۡكُ عَلَيۡنَا وَنَحۡنُ أَحَقُّ بِٱلۡمُلۡكِ مِنۡهُ وَلَمۡ يُؤۡتَ سَعَةٗ مِّنَ ٱلۡمَالِۚ﴾ البقرة: ٢٤٧

*[Akkamitti inni nurratti mootii ta'a, nutu isa caalaa mootummaa haqa godhata, inni qabeenya guddaa hin qabu] (Al-Baqarah: 247).*

Rabbiin fedhii isaatiin ummata filatamaa isaan godhe san irraa fudhatee idil addunyaawummaa amantii Islaamaa kan

ummata hunda hammatuun bakka buusee, ummata warra Israa'iil san Ummata Nabiyyii keenna Muhammadiin *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* bakka buuse. Kunis akka ummanni imala isaa gara addunyaa guutuu hammatuutti taasiftuufi. Hubannoon hawaasa jedhu ummataan bakka buufame, ergamaan dur gosa takkaaf qofa ergamus ergamaa ummta hundaaf ergame kan addunyaa hundaaf mararftaa ta'een bakka bu'e.

- Gosummaan dur ture sun ummata wal-keessa seenaa kan ummatootaa fi saboota biraa, akkasumas amantiilee biraa ofitti fudhachuu danda'uun bakka bu'e.
- Nabiyyummaan addaa sunis ergaa ummata hundaaf dhufteen bakka buufame
- Akkaataan seera Rabbiin lafa kaayee geeddaramuun, seerri dur adabbiin walitti hidhata qabu sun gara seera hikmaa, sababaa fi ergaa wanni sun ummataaf qabu ibsuutiin bakka bu'e.

﴿ فَبِظُلۡمٖ مِّنَ ٱلَّذِينَ هَادُواْ حَرَّمۡنَا عَلَيۡهِمۡ طَيِّبَٰتٍ أُحِلَّتۡ لَهُمۡ وَبِصَدِّهِمۡ عَن سَبِيلِ ٱللَّهِ كَثِيرٗا ١٦٠ ﴾
النساء: ١٦٠

*[Sababa Yahuudonni karaa dhugaa irraa dabanii namoota biraas karaa Rabbii irraa fageessaniif jecha, wantoota gaggaarii dur isaaniif halaala goonee turre isaan irratti haraama taasifnee jirra] (Annisaa: 160).*

- Kallattiin yeroo salaataa fuula itti deebi'anis kallattii Masjida Aqsaa irraa gara Masjida Al-Haraamitti jijiirame.

- Seerri (shari’aan) nama gabroomfachuu fi cunqursuu san irraa gara seera gara-laafinaa, waliif mararfannaa fi rakkina nama irraa kaasuutti jijjiirame.
- Adabbiileen duniyaa kan walii gala kan dur yeroo warra Israa’iil yoo cubbuu dalagan battalumatti duniyama kana irratti adabaman sun gara adabbii guyyaa dhumaatiif ol kaayamteetti jijjiirame, addabbiiwwan yakkoota muraasaa fi kan bifa addaatiin ta’e malee.
- Murtiin Rabbiin dur kallattiidhaan ummata isaa kan duniyaa kana irra jiru ofii ykn bakka bu’aan bulchu gara bulchiinsa Qur’aana kabajamaatti jijjiiramtee jirti,

Wanti asitti itti akeekuun dirqama ta’u, Rabbiin guddaan kallattiin ofumaa ummata Israa’iil bulchuun, kennaa addaa kan Rabbiin bifa raajii ta’een ummata saniif ta’eedha. Waan isaan barbaadan hunda isaaniif awwaata. Ummanni Israa’iil kun haala addaa kan hubannoon dhala namaa waan biraatiin haga walitti hidhamiinsa qabu caalaa miira isaatiin walitti hidhama qabu keessa turan.

Hariiroon isaan Rabbiin waliin qaban waan Rabbiin isaaniif ta’e san dinqisiifachuu fi dhabuu isaaniitiin cimaa ykn dadhabaa deema. Ummanni kun Rabbii waraana homtuu isa hin injifanne uume ni beeku, Rabbii waan ilmi namaa hin dandeenne danda’u ni beeku. Kanaafuu raajii gargar baqaqiinsa ji’aa argan, akkaataa baay’ina gosa isaaniitiin akka bishaan irraa dhuganiif jecha yeroo dhagaan isaaniif addaan dhodhooyu argan.

قَدۡ عَلِمَ كُلُّ أُنَاسٖ مَّشۡرَبَهُمۡۖ ٦٠ البقرة : 60

Namni hunduu bakka dhugaatii isaa beekee jira.

Ummata Israa'iil kanaaf Rabbiin **gosa nyaata foon allaattii *Mannii fi Salwaa*** jedhamu waaqa irraa isaaniif buuse. Namicha ajjeefamee du'e nama isa ajjeese wallaalanii jennaan, sa'a halluun isii keelloo ta'e gorra'aatii qaccee foon isaatiin namicha du'e san rukutaa jedheenii, rukutanii jennaan namni du'e lubbuun jiraatee kan isa ajjeese hime. Rabbiin nabi *Muussaaf* kitaaba kenneef.

Raajiiwwanii fi kennaawwan addaa Rabbiin ummata *Israa'iliif* kennee itti mul'ise kana cinatti nama amanuu dideef adabbiin jiru baay'ee cimaadha. San keessaa warroota karaa irraa daban Jaldeessaa fi Karkarrotti jijjiiruu, gaara addaan dhoosee nu irratti kufuu heda haga jedhanii warwaatan takkaa isaan doorsisuu, hanga isaan lubbuun keessaa baatu takkaa isaan gaggabsuu, akka isaan dachiiwwan kabajamoo seenan dirqama isaan irratti taasisuu fa'a.

Rabbiin guddaan haala jireenya ummanni *Israa'iil* dabarsan san hunda jijjiiruu barbaadee jennaan haalaa fi akkaataa yeroo san ture hunda waan isa keessa jiru waliin guutumatti jijjiiree jira. Wantoota jijjiiraman sanniin keessaa akkaataan warri Israa'iil bulchiinsa Rabbii itti hubatan irraa gara bulchiinsa Qur'aanaatti geeddaramee jira.

Qur'aana kanas namoonni dubbisanii akka madda murtii isa malee ka biraa hin jirreetti qayyabatu. Sunnaa ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* immoo akka madda tokkicha ergaa Qur'aanaa addaan baasee namaa himuutti dhimma itti bayu. Sunnaan ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkaataa adeemsa isaan ergaa

Qur’aana keessatti dhufe hojiin lafa irratti ittiin mul’isan nuuf ibsa.

Sunnaan ergamaa Rabbii kun akkaataa isaan Qur’aana itti qayyabatan, akkaataa isaan keeyyatoota isaa itti gamaaggamanii hiika isaas bifa gadi bu’iinsa guddaa qabuun akka itti hubatan, akkaataa ijaarama Qur’aana kabajamaa fi tokkummaa ibsa isaa, hawaa hundaaf haqqummaa qabaachuu isaa, adeemsa beekkumsaa waan hunda of keessatti hammate kan sirna sosochii uumama hawaa kana keessa jiruu hunda nuuf ibsa.

Kun immoo ilma namaa jiddu-galeessa kan godhateedha. Tattaaffiin inni godhu waan Qur’aanni jedhu kana hojiin mul’isuuf hojii bu’uuraati. Kan Qur’aana qara’uu fi dhugaa hawaa kanaa dubbisee hubatu ilma namaati. Haala kanaan kitaabni Rabbii guddaan waan hunda keessatti kan ittiin murteeffatan ta’a. Qur’aana kana hubatee kan hojitti jijjiiru ilma namaa lamaani. Isaanis: kan carraaqee waan ifaaje san bakkaan gayee mindaa lama argatuu fi kan carraaqee dogongoree mindaa carraaqqii isaa argatuudha.

Tariitii Muslimoonni gariin ummanni Israa’iil addummaa akkanaa kana qabaachuun isaanitti ulfaatee jira fakkaata. Kanaafuu duudhaalee ummata Israa’iil fi kitaaba isaanii Toowraat irraa waan fedhan fudhatanii Rabbiin akkuma gadaa ummata Israa’iil kallattiin ummata bulchuun kan itti fufe jechuu mirkaneessuuf yaalii godhaa turan.

Namoonni gariin garaa garummaa jidduu bulchiinsa Qur’aanaa fi ga’ee namni bulchiinsa kana keessatti qabuu fi bulchiinsa Rabbii kan ilmi namaa isa keessatti kan irratti dalagamuu fi irratti murtaa’u addaan baasuu hin dandeenne.

Haala kanaan namoonni gariin mirga murtiiwwan irratti mallatteessuu Rabbiin irraa arganne jedhanii of moggaasuun seerota nama cunqursanii fi nama xinneessan hedduu hambisuun seerri warra banii Israa’iil guutumatti akka jijjiirameef gurra ergisuu diduun seerri warra nu duraa haala hin jijjiiraminiin nuufis seeruma jechuun mirkaneessa kennuuf.

Gariin beektotaUsuulaa keennas seerota kanniin raggaasisuun akka usuula keessatti barsiifamu godhanii jiru. Yeroo kana godhan immoo akka Rabbiin guddaan ummata banii Israa’iil kan gadaa ergamaa Rabbii keessa jiraataa turanii fi warroota san booda dhufan irraa akka isaan alaabaa Qur’aana kabajamaa jalatti bulanii fi akka isaan aantummaa ummata nabiyyiitiif qabaatan akka isaan ajaje ta’uu dagatanii jiru. Kana irratti Rabbiin akkana jedha:

﴿ يَـٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ لَا تَقُولُواْ رَٰعِنَا وَقُولُواْ ٱنظُرْنَا وَٱسْمَعُواْۗ وَلِلْكَٰفِرِينَ عَذَابٌ
أَلِيمٌ ١٠٤ مَّا يَوَدُّ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ مِنْ أَهْلِ ٱلْكِتَٰبِ وَلَا ٱلْمُشْرِكِينَ أَن يُنَزَّلَ عَلَيْكُم مِّنْ
خَيْرٍ مِّن رَّبِّكُمْۗ وَٱللَّهُ يَخْتَصُّ بِرَحْمَتِهِۦ مَن يَشَآءُۚ وَٱللَّهُ ذُو ٱلْفَضْلِ ٱلْعَظِيمِ ١٠٥ ۞ مَا
نَنسَخْ مِنْ ءَايَةٍ أَوْ نُنسِهَا نَأْتِ بِخَيْرٍ مِّنْهَآ أَوْ مِثْلِهَآۗ أَلَمْ تَعْلَمْ أَنَّ ٱللَّهَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ١٠٦ أَلَمْ
تَعْلَمْ أَنَّ ٱللَّهَ لَهُۥ مُلْكُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِۗ وَمَا لَكُم مِّن دُونِ ٱللَّهِ مِن وَلِيٍّ وَلَا نَصِيرٍ ١٠٧
أَمْ تُرِيدُونَ أَن تَسْـَٔلُواْ رَسُولَكُمْ كَمَا سُئِلَ مُوسَىٰ مِن قَبْلُۗ وَمَن يَتَبَدَّلِ ٱلْكُفْرَ بِٱلْإِيمَٰنِ
فَقَدْ ضَلَّ سَوَآءَ ٱلسَّبِيلِ ١٠٨ ﴾ البقرة: ١٠٤ - ١٠٨

*[Yaa warra (Rabbitti) amantan (ergamaa Rabbiitiin) raa’inaa (gowwaa) hin jedhinaa, nu eegi jedhaanii waan inni jedhu jalaa dhagayaa. Warroota Rabbiin didaniif ibidda*

*laalessatu isaan eeggata. Warri Rabbitti kafaran Yahuudotaa fi Mushrikoonni akka toltuun wayiituu Rabbii keessan irraa isinitti dhuftu hin barbaadan, Rabbiin abbaa fedhe rahmata ofiitiin isa hallanyeessa, Rabbiin kennaan ykn tolli isaa guddaadha. Aayata/keeyyata Qur'aanaa hin jijjiirru ykn onnee namaa keessatti akka irraanfatamtu hin goonu kan isii caalu ykn kama akka isii bakka buufnu malee, akka Rabbiin kee waan hunda irratti danda'aa ta'e hin beeytuu? Rabbiin kee handhuurfataa waan samii fi dachii keessa jiru hundaa ta'uu isaa hin beeytuu? Rabbii gaditti namni isinii tumsuu fi isin eegu hin jiru. Moo akkuma kanaan dura Muusaan gaafatame isinis ergamaa keessan gaafachuu feetan, namni Rabbiin diduu (Kufrii) filatee Rabbitti amanuun bakka buufate dhugumatti karaa dhugaa irraa dabee jira] (Al-Baqarah: 104-108).*

Waa'ee gama shari'aa waa namaa laaffiftuu fi tola ooltuu irratti immoo, fuul-duratti itti deebinee addaan baafnee irraa haasofna. Addummaa shari'aa sanii, yaamicha/gorsa Islaamummaa kan qaroomina adda addaa hubachuu danda'u ijaaruu irratti gumaacha isiin godhuu dandeettu, rakkinoota qaroomina biraa irraa dhufan akkamitti bira kutuu akka dandeettu fi akkamitti shari'aan gara-laafinaa kun qaroomina hunda irratti ol ta'uu akka danda'e adeemsa dubbisa lamaanii jechuun dubbisa wahyii fi dubbisa hawaatiin booda kan ifa goonu ta'a.

***Kan waan hundaa nama qunnamu Rabbii tokkicha.***
***Dhumni kadhaa keennaa galanni kan Rabbii waa hunda uumeeti kan jedhu ta'a.***

# Kitaabni Kun

Kitaabichi dhimmoota ijoo qopheessaan kitaabichaa, xiinxala warraaqsota Islaamaa ammayyaa fi shaakala isaanii keessaa hafee jira jedhu irratti ilaalchaa fi muuxannoo hojii Islaamummaa irratti inni qabu agarsiisa.

Kitaabichi hubannoo qabaachuun dirqama nama hundaa ta'uu,, gaaga'amni amma jiru kun kan idil addunyaawaa ta'e ta'uu fi furmaanni isaas furmaata waloo kan barbaadu ta'uu ibsa. Ammas ilaalcha walitti dhiyeessuu fi wal-maddii qabanii ilaaluu fi barbaachisummaa imaammataa jedhurraayis dubbatee jira.

Akkasumas sababoota ummata Islaamaa duubatti hambisanis ibsee jira; amallan ijoo amantaa Islaamaa adda taasisan tarreessuun namoonni Islaamummaaf hojjatan gorsootaa fi gochoota isaanii keessa deebiin akka ilaalaniif amallan addaa kanaan isaan yaadachiisa. Sadarkaa biyyoota Islaamaa fi Arabaatti gufuuwwan gara idil addunyaawaa ta'uutti deemuu irraa nama dhoorganis irraa dubbatee jira. Garaa garummaa idil addunyaawummaa Islaamaa fi idil addunyaawummaa warra Dhihaa kan seera haaraya addunyaawaa uumuu jedhutti nama yaamu jidduu jirus ibsee jira.